

Table of Contents

Seensa Waliigalaa	3
Boqonnaa Tokko	5
Mirgoota Himatamaa fi Dhagahaa Dhimma Yakkaa.....	5
Seensa	5
1. Mirgoota Bu'uura Himatamaan Dhagahaa Yakkaa Keessatti Qabu.....	6
1.1. Mirga Abukaatoodhaan Bakka Bu'amuu	6
1.2. Mirga Garagalcha Himanna Argachuu fi Himanna Irratti Dhiyaate Beekuu	9
1.3. Mirga Akka Yakka Hin Raawwanneetti Tilmaamamuu	11
1.4. Mirga Dhagahaa Ariifataa Dhaddacha Banaatti Argachuu	13
Boqonnaa Lama	15
Dhagahaa Falmii Yakkaa	15
Seensa	15
2.1. Jalqabbii Dhaga'aa Dhimma Yakkaa.....	16
2.1.1. Mormii Himanna Irratti Ka'u	17
2.1.2. Fuudhiinsa Jecha Amantaa fi Waakkii	21
2.1.3. Himanna Fooyyessuu fi Himanna Kaasuu	27
2.1.3.1. Himanna Fooyyeessu	27
2.1.3.2. Himanna Kaasuu	32
2.2. Dhagahaa Ragaa	38
2.2.1. Maalumaa Ragaa	38
2.2.2. Gosa Ragaa	40
2.2.2.1. Ragaa Kallattii	41
2.2.2.2. Ragaa Naannoo (Cirumstantial evidence)	41
2.3. Ragaa Dhagahuu	42
2.3.1. Mormii Ragaa Irratti Dhiyatuu fi Ajaja Mana murtii	43
2.3.2. Ragaa Abbaa Alangaa Dhaga'uu.....	44
2.3.3. Ragaa Ittisaa	48
2.3.4. Ragaa Dabalataa Mana Murtiitiin Waamamu	50
2.3.5. Jecha ragaa galmee qorannoo keessatti kennname Ilaaluu.....	52
2.4. Sadarkaa Mirkaneessa Ragaa	55
2.5. Hafiinsaa fi Dhiyatinsa Wal falmitootaa fi Ragaa Bitaa Mirgaa.....	57

2.6. Dhagahaa Dhimma Yakkaa Adeemsa Addaa Hordofu.....	61
2.6.1. Dhagahaa falmii yakkaa bakka himatamaan hin jirreetti gaggeeffamu (default proceeding)	61
3.6.2. Dhagahaa dhimma yakka dambii darbuu (procedure in case of petty offence)	66
2.7. Murtii fi Kenniinsa Adabbii Yakkaa.....	67
2.8. Jijiirraa Dhaddachaa fi Dhaddacha Irraa Ka'uu Abbaa Seeraa.....	69
2.8.1. Jijiirraa Dhaddachaa (Change of venue)	69
2.8.2. Dhaddacha Irraa ka'uu Abbaa Seeraa (withdrawal of judges)	70
Boqonnaa sadii	73
Sirna Dhagaha Oliyyannoo Murtee Yakkaa	73
Seensa	73
3.1. Qabiyyeewan Komii Oliyyannoo	74
3.2. Darbiinsa Yeroo Oliyyannoo	75
3.3. Sirna dhagahaa oliyyannoo fi Bu'aa Hafiinsa Wal falmitootaa	77
3.4. Aangoo Mana Murtii Oliyyata Dhagahuu.....	78
3.5. Gaaffii Mirga Wabii Keessummeessuu fi Ajaja dhoorkii kennuu	81
3.6. Iyyata Ijibbaataa	82

Seensa Waliigalaa

Qabiyyeen dhaga'aa dhimma yakkaa sirna seeraa /legal system/ biyyi tokko hordoftu irratti hundaa'uun biyyaa gara biyyaatti garaagarummaa qabaachuu mala. Garaagarummaan kunis deemsa itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf deemamu, hanga hirmaanaa qaamolee haqaa, keenninsa murtii fi adabbii ykn eegumsa mirga himatamaatiif taassifamuun calaqqisuu danda'u. Akka waliigalaatti garuu dhagahaan dhimma yakkaa jechuun sirna himannaan yakkaa itti dhagahaamuu fi murtiin itti kennamuu dha.¹

Bu'uura sirna deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaatin bakka himanni yakkaa hin hundeffamneetti dhaga'aan kan hin jalqabne ta'u SDFY kw. 118/1/ irraa hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, sadarkaa qajeeltootti otuu himannaan yakkaa hin hundeffamiin dhaga'aan yakkaa gaggeeffamu kan hin jirre yoo ta'es sababoota lama seera adeemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa keessa ifaan taa'aniin himannaan yakkaa otuu hin hundeffamiin dhagahaan dhimma yakkaa gaggeeffamuu akka danda'u kaa'amee jira. Sababni inni jalqabaa yakki dalagamee yakka dambii darbuu /petty offence/ yoo ta'e kunis SDFY kw. 108/1/ jalatti kaa'ameera. Yakkoota dambii darbuu ilaachisee otuu himannaan idilee hin hundeffamiin akkasumas otuu himatamaan dhaddachatti dhiyaachuun hin barbaachisiin manni murtii adabbii yakkichaaf malu kennuu akka danda'u kutaa SDFY kw. 167-170 irraa kan hubatamuu dha. Sababni inni lamaffaa yakki kan dalagame daa'ima umurii 9-15 ta'een ykn taateen yoo ta'e himannaan otuu hin hundeffamiin dhaga'aan dhimma yakkaa gaggeeffamuu akka danda'u SDFY kw. 108/3/ fi 172 irraa hubachuun ni danda'aama.

Moojuliin kun moojulii jalqabaa mata duree *Deemsa Falmii Yakkaa Dhagahaan Duraa* jedhutii aanuun kan qophaa'e yoo ta'u boqonnaa sadii hammateera. Boqonnaan jalqabaa: *Mirga Himatamaa fi Dhagahaan Dhimma Yakkaa* kan jedhu yoo ta'u boqonnaa kana jalatti mirga himatamaa dhagahaan dhimmaa waliin wal qabatee qabu mara duguugee kan ilaale otuu hin taane mirgoota bu'uuraa kanneen akka mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamu, mirga abukaatoodhaan bakka bu'amuu, mirga garagalcha himanna argachuu fi himanna irratti dhiyaate hubachuu fi mirga dhaddacha banaatti dhagahaan ariifataa argachuu kan jedhanii dha. Boqonnaan lamaffaa *Dhagahaan Falmii Dhimma Yakkaa* kan jedhu yoo ta'u dhimmootni: mormii

¹ Simeneh Kiros, Criminal Procedure Law : Principles, Rules and Practice, 2009, Fuula 361

himanna irratti dhiyaatu, fuudhinsaa fi galmeessa jecha amantaa fi wakkii, kaayyoo himanna kaasuu, himanna fooyyeessuu, ragaa abbaa alangaa dhagahuu, ragaa ittisaa dhagahuu, keenninsa murtii fi adabbii kan jedhu ilaalamaniiru. Dabalataanis, dhagahaa deemsa addaa hordofu keessaa kan akka dhagahaa yakka bakka himatamaan hin jirreetti gaggeeffamu (default proceeding) fi dhagahaa falmii yakkota dambii darbuu kan jedhu ilaalamaniiru. Dhimmi jijiirraa dhaddachaa fi dhaddacha irraa kaafamuu abbaa seeraas boqonnaa dhuma kana jalatti ilaalameera. Dhuma moojuliin kana kan ta'e boqonnaa sadaffaa yoo ta'u boqonnaa kana jalatti *Oliyyannoo Murtii Yakkaa* kan jedhu ilaalameera. Haaluma kanaan: dhimmootni akka darbiinsa yeroo oliyyannoo, murtilee mana murtii oliyyannoo dhagahuun kennamuu danda'anii fi haala dhimmootni dhaddacha ijibbaataatti dhiyaatani ilaachisee haguuggiin kennameeraaf.

Moojuliin kun leenjii leenjifamtoota hojii duraaf kan qophaa'e ta'uu isaatiin dhimmootni akka dhagahaa yakka malaamaltummaa fi shororkeessumaa moojulii kana keessatti hin ilaalamne. Akkasumas dhimmootni moojulii biraatiin addatti ilaalaman kan akka qajeelfama adabbii yakkaa fi dhagahaa yakka daa'iimmaniin raawwatamee moojulii kanaan haguuggii hin argannee. Kanaan alatti moojuliin kun dhimmoota hojimaata keessatti qabatamaadhaan mul'atan irratti xiyyeffachuun kan qophaa'ee dha.

Xumura leenjii moojulii kanaatti leenjifamtootni:

- Dhagahaa falmii yakkaa keessatti mirgoota himatamaan qabuu fi bu'aa kabajamuu ykn kabajamuu dhabuu mirgoota kunneenii irratti hubanno isaanii ni gabbifatu.
- Dhagahaa falmii yakkaatiin wal qabatee haala keessummeessa mormii himanna irratti dhiyaatuu fi fuudhiinsa jecha amantaa fi wakkii irratti dandeettii isaanii ni gabbifatu.
- Dhagahaa falmii yakkaa keessatti kaayyoo, adeemsaa fi bu'aa himanna yakkaa fooyyeessuu fi himanna yakkaa kaasuu irratti hubanno isaanii ni cimsatu.
- Dhagahaa falmii yakkaa keessatti sirna fuudhinsa jecha ragaa abbaa alangaa, ragaa ittisaa fi ragaa dabalataa mana murtii fi wal falmitootaan dhiyaatan irrattii dandeettii ni cimsatu.
- Sirna keenninsa murtii ilaachisee qabiyyee fi barreessa murtii yakkaa irratti dandeettii isaanii ni cimsatu.
- Darbiinsa yeroo oliyyannoo, dhagahaa falmii oliyyannoo fi murtilee mana murtii oliyyannoo dhagahuun kennamuu malan irratti hubanno isaanii ni gabbifatu.

Boqonnaa Tokko

Mirgoota Himatamaa fi Dhagahaa Dhimma Yakkaa

Seensa

Dhagahaa dhimma yakkaatiin wal qabatee barruuleen seeraa fi ogeessotni seeraa baay'een morkiin himatamaa fi abbaa alangaa gidduu taassifamu sadarkaa qajeeltootti madaalawaa ta'uu dhiisuu isaa ibsuuf fakkeenyi fudhatan lola '*eegduu hoolotaa Daawitii fi loltuu waraanaa Gooliyaad*' jedhamuun macaafa qulqulluu keessatti caqasamee jiruu dha. Kunis morkii loltuu muuxannoo waraanaa olaanaa qabuu fi dargaggoo dirree lolaatti argamees ta'e lola irratti hirmaatee hin beekne gidduutti taassifamee dha. Hima biraatinis, '*inequality of arms*', jedhamuun kan ibsamuu dha.

Dhagahaan dhimma yakkaa falmii abbaa alangaa fi himatamaa gidduutti gaggeeffamu ta'ee abbaan alangaa ogeessa seeraa beekumsaa fi muuxannoo seeraa qabu yoo ta'u himatamaan garuu nama beekumsas ta'e muuxannoo seeraa hin qabnee fi nama yeroo jalqabaaf dhaddachatti dhiyaate ta'uu mala. Mormiin qaamolee lamaan kunneen gidduutti taassifamu sadarkaa qajeeltootti haqa qabeessa ta'a jedhamee hin tilmaamamu. Sababni isaa gareen kun lamaan sadarkaa beekumsa seeraa fi dandeettii falmii yakkaa wal madaalu kan hin qabne ta'uu isaati.

Dhiibbaa wal madaaluu dhabuu qaamolee wal falmitootaa kana hir'isuun haqa qabeessummaa falmii mirkaneessuuf akka furmaataatti kan kaa'ame himatamaaf mirgoota garagaraa goonfachiisuu fi abbaa alangaatiif immoo dirqama muraasa laachuu kan jedhuu dha². Mirgootni kunneen sanadoota mirga namoomaa idila addunyaatin haguuggii kan argatanii fi barruulee baay'ee keesattis akka qajeeltoowwan bu'uura seera deemsa falmii yakkaatti kan ilaalmanni dha. Qajeeltoowwan ykn mirgootni kunneen keessaa muraasnisi: mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamu (presumption of innocence), mirga dhagahaa haqa qabeesa (fair trial) argachuu, mirga dhagahaa ariifataa argachuu (speedy trial), mirgaa dhaddacha banaatti dhagahaamuu (public trial), mirga abukaattoodhaan bakka bu'amuu (the right to defence counsel), olaantummaa seeraa (rule of law), mirga deemsa seeraa hordofeen dhagahaamuu (due process of law) kan jedhanii dha.³

² Kanuma Olii, fuula 341

³ Aderajew Taklu & Etals, Ethiopian Criminal Procedure Teaching Material, Addis Ababa, 2009, fuula 58

Boqonnaa kana jalatti mirgoota kunneen mara kaafnee kan ilaallu otuu hin taane kanneen bu'uura ta'aan afran⁴ kaafnee ilaalla. Mirgootni kunneen sanadoota mirga namoomaa idila addunyaa biyyi keenya Itiyoophiyaan raggaassifte, Heera MRDFI fi SDFY haguuggiin kennameef kan jiranii dha.

Lleenijamtootni xumura leenjii boqonnaa kanaatti:

- Dhagahaa dhimma yakkaa keessatti mirgoota bu'uuraa himatamaan qabuu irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Dhagahaa dhimma yakkaa keessatti haala qabiinsa mirgoota himatamaatin wal qabatee falmilee jiran irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Dhagahaa dhimma yakkaa keessatti bu'aawwan kabajamuu ykn kabajamuu dhiisuu mirgoota himatamaa maal ta'uu akka danda'uu irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Kajamuu mirga himatamaa keessatti gahee abbaa alangaa fi mana murtii maal tahuu akka qabu ilaachisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.

1. Mirgoota Bu'uura Himatamaan Dhagahaa Yakkaa Keessatti Qabu

1.1. Mirga Abukaatoodhaan Bakka Bu'amuu

Mirgi kun mirga bu'uuraa himatamaan qabu keessaa tokko ta'ee dhaga'aa dhimma yakkaa fi haqa qabeessummaa isaa waliin kallatiidhaan kan walitti hidhatuu dha. Himatamaan abukaatoo malee sirna haqa yakkaa keessatti hirmaataa ta'e mirgi dhagahaamuu isaa /right to be heared/ fi mirgi dhagahaa haqa qabeessa /fair trial/ argachuu isaa carraa sambamuu, akkasumas himannaan hin malleen himatamuu, ragaa fudhatatummaa hin qabneen adabamuu danda'a.⁵ Kanaaf sanadootni mirga namoomaa garagaraa himatamaadhaaf mirga kana ifatti kan tuman.

Heerri Mootummaa RDFI kw. 20/5/ jalatti himatamaan mirga abukaatoodhaan bakka bu'amuu akka qabu ibsuun dabalataanis himatamaan dandeettii abukaatoo dhuunfaa qacarachuu kan hin qabnee yoo ta'ee fi himatamaan abukaatoodhaan bakka kan hin bu'amne yoo ta'e haqni ni daba jedhamee yoo amaname baasii mootummaatiin himatamaan abukaatoodhaan bakka bu'amuuf mirga akka qabu ni kaa'a. Heerumti kun kw. 21 jalatti namni kamiyyuu abukaatoo isaa yeroo

⁴ Mirgoota bu'uura ta'aan jechuun kan filate barreessitootuma moojuli kanaan yoo ta'u rakkolee bu'uura hojimaata keessa jiran giddu galeessa gochuun fi milkaa'ina keenniinsa leenjii kanaaf qofaafii dha.

⁵ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 342

barbaadetti argachuu fi daawwatamuuf mirga akka qabu ni kaa'a. SDFY namni hidhamee to'annaa jala jiru ykn yeroo beellamaatiin to'annaa jala jiru abukaatoo isaatiin akka mari'atuuf yeroodhumu sanatti hayyamamuufii akka qabu ni kaa'a.⁶

Tumaa Heera Mootummaa RDFI kw. 20 irraa akka hubatamutti himatamaan dandeettii diinagdee qabu abukaatoo barbaadee qacarachuudhaan bakka bu'amuuf mirga kan qabu yoo ta'u himatamaan abukaatoo mataa isaa qacarachuuf dandeettii diinagdee hin qabne garuu baasii mootummaatiin abukaatoo argachuuf dandeettii diinagdee akka hin qabne qofa otuu hin taanee, himatamaan abukaatoodhaan bakka hin bu'amne yoo ta'e haqni kan dabu ta'uun (miscarriage of justice would result) yoo amanameedha.

Baasii mootummaatiin abukaatoodhaan bakka bu'amuuf gaaffii gama himatamaatiin dhaddachaaf dhiyaatu abbaan alangaa himatamaan dandeettii diinagdee akka qabu ibsuun mormee kan jiru yoo ta'e manni murtii mormii kana mirkaneeffachuuuf ragaan akka dhiyaatu ajajuu danda'a ta'a. Haa ta'u malee, gaaffiin gama himatamaatiin dhiyaate irratti abbaan alangaa yaada mormiis ta'e deeggarsaa kan hin keennine yoo ta'e himatamaan dandeettii diinagdee qabaachuu fi dhiisuu isaa otuma hin qulqulleessiin himatamaadhaaf abukaatoo ramadaaf moo itti deeme qulqulleeffachuu qaba? Yoo qulqulleessuuf itti deeme mala akkamii gargaarama? Hojimaataan bakka tokko tokkotti himatamaan akka dandeetti diinagdee hin qabne sirna kakuu raawwachiisuu qofaan abukaatoon baasii mootummaatiin akka dhaabbatuuf manni murtii ni ajaja. Sirni kakuu kun seera deemsa falmii yakcaa keessatti ifaan kaa'amee kan jiru miti jechuudhaan mormiin yoo ka'uus ni mul'ata.

Yakkoota gosa maraaf ulaagaan Heerri kaa'e yeroo guutee jiruutti mootummaan dirqama abukaatoo dhiyeessuu qabaa kan jedhu gaaffii ta'uu mala. Keessumaa bakka dandeettiin diinagdee cimaa hin jirreetti mootummaan mana murtii sadarkaa hundatti argamanitti abukaatoo gahaa qacaree qabaachuu qaba kan jedhu falmiif ka'uumsa ta'uu danda'a. Labsiin duraa Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf bahe lakk. 141/2000 nama abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenyee fi yakka hidhaa cimaa waggaa 5 gadi hin taaneen adabsiisuu danda'uun himatameef manni murtii baasii mootummaatiin abukaattoo ittisaa dhaabuufii kan qabu ta'u tumeera.⁷ Labsiin kun guutummaatti ifaan Labsii Gurmaa'iinsa, aangoo fi hojii

⁶ Seera Deemsa Falmii Yakcaa Itiyoophiyaa kw. 61

⁷ Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe lakk. 141/2000, kew.17(2)

manneen murtii Oromiyaa murteessuuf baheen haqamee jira.⁸ Haa ta'u malee, labsiin haaraa kun waa'ee mirga abukaatoodhaan bakka bu'amuun wal qabatee ulaagaan kaa'uudhaan tumaan seeraa kaa'e hin jiru.

Wixineen SDFY haaraa namni kamiyyuu sadarkaa qorannoo yakkaatii eegalee mirga abukaatoodhaan bakka bu'amuun akka qabu ibsuudhaan yakki dalagame hidhaa cimaa waggaa kudhanii fi sanaa ol kan adabsiisu ta'ee ykn himatamaan rakkoo sammuu ykn hanqina qaamaatiin (mental and physical defect) ofirraa ittisuu kan hin dandeenye yoo ta'e otuu abukaatoodhaan bakka hin bu'amne dhagahaan yakkaa hin gaggeeffamu jechuun tumeera.⁹

Qaphxii marii

1. Himatamaan dandeetti diinagdee hin qabne baasii abukaatoo mootummaatiin bakka bu'amuuf ulaagaa "dabiinsa haqaa" (misourage of justice) mana murtii hubachiisuuf dirqama (burden of proof) ni qabaa? Dabiinsi haqaa uumamuuf dhiisuu isaa madaaluuf wantootni xiyyeefanna keessa galuu qaban maal fa'i? irratti mari'adhaa.
2. Mirga baasii mootummaatiin abukaatoodhaan bakka bu'amuun wal qabatee bakka galii lammiilee hin beekamneetti himatamaan abukaatoo dhuunfaa qacarachuudhaaf dandeetti diinagdee akka hin qabne manni murtii akkamitti qulqulleeffachuu danda'a?
3. Labsiin lakk. 141/2000 haqamuun wal qabatee yakkoota maraaf mana murtii jalaatti abukaatoodhaan bakka bu'amuun dhabuun isaa qoftii of danda'ee qaphxii oliyyannoo ta'uu dada'aa?
4. Bakka abukaatoon baasii mootummaatiin dhaabbatee hin jirreetti bakka manni murtii fi himatamaan callisanii jiraniitti abbaan alangaa dabiinsi haqaa uumamuu danda'a waan ta'eef dhagahaa itti fufuu hin danda'u jechuu danda'aa? Seerota rogummaa qaban waliin kaasuun mari'adhaa.
5. Bakka haqni ni daba jedhamee tilmaamamee jiruutti himatamaan abukaatoo dhuunfaadhaanis ta'e baasii mootummaatiin bakka bu'amuu ni morma yoo ta'e callisamee irra darbamoo barbaachisummaa haqaatiif manni murtii himatamaa irratti dhiibbaa gochuu qaba? Irratti mari'adhaa.

⁸Labsii Gurmaa'iinsa, aangoo fi hojii manneen murtii Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/2011, kw. 50(1)

⁹ Wiixinee Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 115

1.2. Mirga Garagalcha Himannaa Argachuu fi Himannaa Irratti Dhiyaate Beekuu

Himannaan akkuma hundeefameen gaafffin aangoo ka'uu yoo baate garagalchi himannaa himatamaaf kennamuu akka qabu SDFY kw. 109/4/ jalatti ni kaa'a. Heerri mootummaa RDFI kw. 20/2/ jalattis himatamaan tokkoon tokkoo qabiyyee himannaa isarratti dhiyaate beekuuf mirga akka qabu ni kaa'a. Tumaa heeraa kun kan akeeku mirga gargalcha himannaa argachuu qofa kennuu otuu hin taane himannaan yakkaa dhiyaatu kamiyyuu bifaa himatamaan hubachuu danda'uu fi ifa ta'een dhiyaachuu akka qabuu dha. Sababni isaas himatamaan himannaa isa irratti dhiyaate sirnaa mormuu ykn ofirraa ittisuun kan danda'u himannicha kan hubate yoo ta'e qofaa dha.

Dabalataan, himatamaan ragaa irratti dhiyaate beekuuf, ragaa irratti dhiyaate gaaffilee garagaraa gaafachuuf (examine), akkasumas ragaa barbaachisaa argachuu fi dhiyeeffachuuf, ragaa ofii dhiyeeffates gaaffilee garagaraa gaafachuuf mirga akka qabu Heerri Mootummaa RDFI keewwatura wal fakkaataa jalatti ni kaa'a¹⁰. Ragoota isarratti dhiyaatan dursee beekuun (access of evidence) sababa lamaaf barbaachisaa dha.¹¹ Inni jalqabaa, himatamaan himannaa irratti dhiyaate ofirraa ittisuuf akka itti qophaa'u kan taassisu yoo ta'u inni bira himatamaadhaaf carraa ragoota dhiyaatan qoruudhaan (test) hanga danda'aameetti ragootni rogummaa fi amanamummaa qaban qofti akka dhagahaamanii fi murtii kennuuf akka oolan taassisuuf carraa bana.

Mirgi himannaa irratti dhiyaate beekuu fi ofirraa ittisuu mirga hiiktuu afaanii argachuu irraa adda bahee kan ilaalamu miti. Himatamaan afaan dhadachi itti gaggeeffamu kan hin hubanne yoo ta'e turjumaanaan deeggaramuuuf mirga akka qabu Heerri Mootummaa RDFI kw. 20/7/ jalatti tumee jira. Dabalataanis, SDFY kw. 126/2/ jalatti himatamaan afaan dadhachi ittiin gaggeeffamu hin hubanne taanaan manni murtii hiiktuu afaanii ykn turjumaana dhiyeessuufii akka qabu ibsameera. Bu'uura tumaa seeraa kanaatin hiiktuu afaanii kun abbaa alangaa ykn himatamaa waliin firooma kan hin qabnee fi ragaa himatamaa ta'ee kan hin filatamne ta'uu qaba.

Hojimaata qabatamaa manneen murtii keessa jiruun manneen murtii Oromiyaa baay'een isaanii hiiktuu afaanii qacaratani fi kan hin qabnee dha. Bakka hiiktuun afaanii qacaramee jiruutti haala salphaadhaan dadachatti dhiyeessuun yoo danda'amu bakka hin jirreetti garuu mirga kana

¹⁰ Heera Mootummaa RDFI kw. 20(4)

¹¹ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 351

mirkaneessuun salphaa ta'uu dhiisuu danda'a. Bakkuma hiiktuun afaanii qacaramee jiruutti hiiktuun afaanii jiru afaan shakkamaan dubbatu kan hin beekne ta'uu mala. Rakkoon akkanaa yeroo mudateetti nama biraa alaa barbaaduun dirqama ta'a.

Gaaffiin mirga kana waliin wal qabatee ka'uu malu hiiktuu afaanii yoo dhabameetti manni murtii abbaan alangaa hiiktuu kana akka barbaadee dhiyeessuuf ajajuu ni danda'aa? Hiiktuu afaanii sababa hin argamneef jechuudhaan hoo manni murtii gal mee yeroo cufee ni danda'amoo kan jedhuu dha. Seerri deemsa falmii yakkaa dirqama turjumaana afaanii dhiyeessuu mana murtii irra ifaan kaa'ee waan jiruuf hiiktuu afaanii dhiyeessuuf abbaan alangaa himannaas isaa hundeessuun alatti hiiktuu afaanii dhiyeessuuf dirqama akka hin qabne namootni kaasan ni jiru. Akkasumas, labsiilee fi sanadoota idila-addunyaa waa'ee dirqama abbaan alangaa ibsan caqasuudhaan mirgi namoomaa himatamaan akka kabajamuuf abbaan alangaa dirqama irraa eegamu bahaachuu waan qabuuf himatamaan turjumaan akka argatuuf deeggarsa barbachisaa ta'e abbaan alangaa taassisuu akka qabu yaada dhiyeessu.

Hojimaata mana murtii keessatti hiiktuun afaanii dhaddachatti dhiyaate hiikuu isaatiin dura sirna kakuu yoo raawwachuuf dirqamu arguun kan baratamee dha. Hojimaatni kun ifaan haguuggiin seeraa SDFY keessatti kennameefii hin jiru. Gama biraatin, namni akka afaan hiikuuf mana murtiidhaan alatti bifaa deeggarsaatiin dhaddachatti dhiyaate akka sirna kakuu raawwatu dirqamuun isaa haqummaa hin qabu yoo jedhamu ni dhaga'ama. Kanaan alatti namootni sirna kakuu akka hin raawwatni amantiin isaanii isaan dhorku ni jiru. Warreen kanatti akkamitti gargaaramuuun akka danda'amu ilaaluunis murteessaa dha. Haaluma kanaan yoo kaksiisuu baatamees dhugaatti hiikuuf heeyyamamoo ta'uu isaanii manni murtii mirkaneeffachuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Bakka hiiktuun afaanii hin jirreetti abbaan alangaa hiiktuu afaanii akka dhiyeessuuf manni murtii ajajuu danda'aa? Abbaan alangaa hanga hiiktuu afaanii himatamaaf dhiyeessutti jechuun manni murtii gal mee cufuu danda'aa?
2. Bakka hiiktuu afaanii hin jirreettii fi manni murtii calliseetti abbaan alangaa mormii kaasuudhaan hanga himatamaaf hiiktuun afaanii dhiyaatuutti falmii itti fufuu hin danda'u jechuu danda'aa?

3. Abbaan Alangaa uummataa fi mootummaa bakka bu'uun qaama falmii gaggeessu ta'uun beekamaadha. Kana jechuun Abbaan Alangaa dhuunfaa dhaan dhimma qabatee falmu irraa dantaa dhuunfaa hin qabaatu. Bu'uura SDFY kw. 126(2) namni hiiktuu afaanii ta'ee dhihaatu Abbaa Alangaa irraa firooma kan hin qabne tahuu qaba gaafa jedhu yaadama kanaan walitti hin bu'uu? Moo jechi *relative* jettu kun Abbaan Alangaa dhaabbata tkn institution waan ta'eef namoota dhaabbata kana waliin hidhata qaban fakkeenyaaaf hojjetaa manichaa ykn qorattoota poolisii fi k.k.f agarsiisuu barbaadeeti?
4. Himatamtoota keessattuu mirgi wabii isaanii dhorkamee ykn wabii dhabuun dhimma isaanii to'annaa jala turuun hordofatan ilaalchisee ragaa ittisaa isaaniif xalayaa waamichaa eenyutu qaqqabsiisa kan jedhu qabatama hojii keessatti falmisiisaa dha. Manneen murtii tokko tokko poolisiin waraqaa waamichaa ragoolii ittisaa himatamtoota akkanaaf akka qaqqabsiisu kan ajajan yoo ta'u rincicni gara garaa poolisii biratti ni mul'ata, kun dirqama hojiikoo miti bifa jedhuun. Tumaan heerichaa kewtni 20(4) "...to adduce or to have produced in their own defence..." jedhu bifa kamiin ilaalamuu qaba. Himatamtoota ragaa ittisaa isaanii ofiif dhiheeffachuu hin dandeenyne poolisiin waraqaa waamichaa akka dhiyeessu ajajuun mirga himatamaan heera kanaan qabu waliin hidhata ni qabaa? Gama kan biraan himatamaan ofiif ragoolii ittisaa isaa akka dhiyeeffatu ajajamee garuu immoo to'anno jala waan jiruuf dhiheeffachuu kan dadhabe yoo ta'e manneen murtii tokko tokko irra deddeebiin beellama daddabalataa kennuun booda mirga ragaa ittisaa isaa dhiheeffachuu bira darbuun murtii yoo kennan ni mul'ata. Hojimaatni kun mirga heera kana keessatti teechifame waliin akkamiin ilaalama?
5. Seera ragaa farra malaamatummaa fooyya'e lakk. 434/2005 kw. 38(2)tin wabii eegumsa qaamaa ragootaa taassifamuun wal qabatee keessumaa yakka malaamatummaa keessatti ragaan abbaa alangaa jecha isaa yoo kennu otuu eenyummaa isaa himatamaaf hin ibsinee ta'uu danda'a. Tumaa seera kanaa fi mirga himatamaa ragaa irratti dhiyaate beekuu fi gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu heera RDFI kw. 20(4) jalatti ibsame akkamitti ilaalta.

1.3. [**Mirga Akka Yakka Hin Raawwanneetti Tilmaamamuu**](#)

Kabajamuun mirga kanaa kabajamuun mirgoota namoomaa birootif ka'uumsa dha. Mirgi kun kan hin kabajame yoo ta'e carraan sarbamuu mirgoota biroo olaanaa ta'a. Mirga kana irratti

hubannoona jiraatee mana murtiini ta'e qaamolee haqaa birootiin kan sirnaan kabajame yoo ta'e carraan mirgootni biroo sarbamuuf qaban ni xiqlaata. Kanarraan kan ka'ees, Mirgi kun Heera Mootummaa RDFI dabalatee sanadoota mirga namoomaa sadarkaa Ardiittii fi sadarkaa addunyaatti jiran keessatti beekamtiin keennameefii jira.¹²

Mirgi akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu sadarkaa yaad-rimeetti daangaan isaa ifatti kan hin hubatamnee (elusive and deceptive) dha.¹³ Fknf, akkaataa SDFY Kwt 25tiin qorataan poolisii shakkamaaf xalayaa waamichaa barreessuu kan danda'u yakka raawwachuu waamamaa yoo itti amane qofaadha. Haaluma walfakkaatuun miseensi poolisii tokko ajaja mana murtii malee shakkamaa bu'uura SDFY Kwt 51(1A) tiin qabuu kan danda'u yakka raawwachuu nama sanaa irratti shakkiin dhama qabeessa ta'e yoo isatti uumame qofaadha. Gama biraatin, bu'uura seerri kaa'eenis himatamaa mirga wabii dhorkamuu danda'a. Tumaalee seeraa kunneenii fi kan biroo yoo ilaalamani qajeeltoo akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu waliin kan wal faalleessan fakkaatu.

Mirgi akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamu himatamaan qabu abbaa alangaa irratti yakkichi himatamaadhaan raawwatamuu isaa akka hubachiisuuf dirqama yoo irra kaa'u mirga himannaayakkaa ofiraa ittisuus qabus qajeeltoodhuma kana irraa kan madduu dha. Manni murtiis ragaa qofa irratti hundaa'uun murtii akka kenuu kan dirqisiisuu dha.

Mirgi kun dhagahaa dhimma yakkaa kabaja guddaa fi gartummaa tokko malee akka gaggeeffamuu kan dandeessisu dha. Himatamaan balaafamaa ykn kan jeequu danda'u ykn kan miliqiuu danda'u jedhamee amanamuuf sababni hin jiru taanaan harki isaa hidhamee /chained/ dhaddachatti dhiyaachuu akka hin qabne SDFY ni kaa'a.¹⁴ Dabalataanis, oggaa dhaga'aadhaaf deddeebi'utti eegumsi gahaa ta'e taassifamuufii akka qabu seerrumti ifatti tumee jira.

Qaphxii Marii

1. Gochaawan dhaabbileen sab-qunnamtii (main stream media) osoo ragaan hin dhagaminii fi dhaddachi yakkaa murtee balleessummaa hin kennin dura haala miira

¹² Chaartariin Mirga Namoomaa Ummataa fi Nama Afrikaa kw. 7, Waliigaltee Mirgoota Siiviili fi Siyaasaa Addunyaa, kw. 14(2)

¹³ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 352

¹⁴ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 353

ummataa hooquun gochoota himatamaa qilleensa irra oolchan mirga himatamaan akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuuf qabu waliin akkamitti ilaaltu?

2. Akkaataa SDFY Kwt 25tiin qorataan poolisii shakkamaaf xalaa waamichaa barreessuu kan danda'u yakka raawwachuu waamamaa yoo itti amane qofaadha. Haaluma walfakkaatuun miseensi poolisii tokko ajaja mana murtii malee shakkamaa bu'uura SDFY Kwt 51(1A)tiin qabuu kan danda'u yakka raawwachuu nama sanaa irratti shakkiin dhama qabeessa ta'e yoo isatti uumame qofaadha. Seerri mirga wabii himatamaa mulqamuu akka danda'u akkasumas yeroon beellamaa yeroo tokko ol keennamuu akka danda'u ni kaa'a. Hariiroon tumaaleen kun mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu waliin qaban akkamitti ilaaltan?
3. SY kew 35 tiin yakka waloodhaan raawwataman keessatti namni yakka raawwachuu dhabuun isaa mirkanaa'e yakkaan hin gaafatamu jedha. Akkasumas labsii yakkoota malaammaltummaa lakk 881/2015 kew 3 jalatti kutaan yaada sammuu "faayidaa hin malle argachuuf ykn argamsisuuf ykn dantaa nama biroo miidhuu" f jedhu tilmaamaan akka fudhatamuu fi dirqamni hubachiisuu gara himatamaatti akka naanna'u kaa'a. Tumaalee seeraa kana qajeeltoo akka mirga nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu Heera RDFI tiin taa'e waliin akkamitti ilaaltu?

1.4. Mirga Dhagahaan Ariifataa Dhaddacha Banaatti Argachuu

Bu'uura Heera Mootummaa RDFI tin himatamaan erga himannaan irratti banameen boodatti dhaddacha banaa ta'eetti yeroo sababawaa ta'e keessatti (reasonable time) dhagahaan gaggeeffamee murtii argachuuf mirga akka qabu ni kaa'a.¹⁵ Yaadni kun keewwatuma tokkoo fi hima tokkoon haa kaa'amu malee mirgoota lama of keessatti ka hammatee dha. Inni jalqabaa, mirga dhaddacha banaatti dhagahaamuu yoo ta'u, inni biraaa mirga yeroo sababawaa keessatti dhagahaan gaggeeffamee murtii argachuuti.

Dhaga'aan dhimma yakkaa guyyaa beellamaa irratti himatamaan qaamaan /personal appearance/ dhiyaachuu akka qabu SDFY kw. 128 ni kaa'a. Himatamaan qaamaan dhiyaachuun isaa kan barbaachiseef himannaar irratti dhiyaate ilaachisee mormii qabu hundumaa dhiyaachuudhaan akka ibsuun carraa kan kennuu waan ta'eefii dha. Bu'uura Heera mootummaa RDFI kw. 20 tin haamilee fi icitiim himatamaa fi miidhamaa ykn hamilee fi nageenya waliigalaa hawaasaa

¹⁵ Heera Mootummaa RDFI kw. 20(1)

eeguudhaaf yoo ta'een alatti dhaddachi yakkaa banaa ta'uu qaba. Dabalataanis, dhimma daa'immanii dhaddacha manni murtii cufaatti ilaaluu akka danda'u labsiin gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen murtii Oromiyaa murteessuuf bahe ni kaa'a.¹⁶

Dhadachi uummataaf banaa ta'uun kan barbaachiseef iftoomina tajaajila wabii sirna haqaa waan ta'eef akkasumas tajaajila keennamu ilaaluun amantaan uummatni sirna haqaa irratti qabu akka dabalu kan taassisuu dha. Dabalataanis, dhadachi uummataaf banaa ta'uun ofitti amanamummaa abbaa seeraa kan gabbisu dha. Haa ta'u malee, oggaa wantootni hamilee miidhamaa ykn himataaf ykn dhimma daa'immanii akkasumas nageenya fi hamilee hawaasaatiif dhiibbaa godhaan jiranitti dhaddachi yakkaa bifaa ta'een akka gaggeeffamuuf manni murtii ajaja kennuu qaba.

Mirga dhagahaa yeroo sababawaa keessatti murtii argachuun wal qabatee daangaan yeroo 'sababaawaa' Heera Mootumaa keessatti caqasame ifa ta'uu baatuus himatamaan beellamaa baay'isuudhaan lafarra harkifanna hin malleef (undue delay)¹⁷ saxilamuu hin qabu. Mirkanaa'uu mirga kanaatiif mana murtii qofa otuu hin taane abbaan alangaa fi Poolisiin gahee qabu. Abbaan alangaa jalqabumatti himannaa qulquolina qabu qopheessuudhaan akkasumas ragoota rogummaa qaban qofa irratti xiyyeeffachuudhaan dhagahaatti argamuudhaan, akkasumas Poolisiin dhagahaa keessatti ajajoota mana murtii kennaman dhibaa'ina malee yerootti raawwachuudhaan dhugoomuu mirga kanaatiif gumaachuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Wantootni hamilee miidhamaa ykn himataaf akkasumas nageenya fi hamilee hawaasaatiif dhiibbaa godhaanii fi dhaddachi yakkaa bifaa cufaa ta'een akka gaggeeffamuuf sababa ta'aan maal fa'aa ta'uu maluu? Irratti mari'adhaa.

¹⁶ Labsiin Guraa'insa, Aangoo Fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Murteessuuf bahe , lakk. 216/2011 kw.38(3)(d)

¹⁷ Waliigalteen Mirga Siivilii fi Siyaasaa Addunyaa kw. 14(3)(c) jalatti mirga kana ibsuudhaaf gaalee ' to be tried with out undue delay' jechuun ibsa. Kanuma Heera Mootumaa RDFI ' reasonable time' fi seerota biroo 'speedy trial' jedhu faana yaaduma wal fakkaatu dha.

Boqonnaa Lama

Dhagahaa Falmii Yakkaa

Seensa

Dhaga'aan dhimma yakkaa erga himannaan hundeffameen boodatti kan jalqabu yoo ta'u dhaga'aa jalqabuun dura himanni yakkaa hundeffame mana murtii aangoo qabuutti kan dhiyaate ta'uu qaba. Bakka himanni yakkaa hin hundeffamneetti dhaga'aan kan hin jalqabne ta'uu SDFY kw. 118/1/ hubachuun ni danda'aama. Haa ta'u malee dhimmoota yakka sassalphoo fi dhimma daa'imman yakka raawwatan ilaalcissee dhagahaa dhimma yakkaa jalqabuuf himannaan yakkaa hundeffamuun haal duree akka hin taanne seensa moojulii kanaatti kaafneerra.

Bu'uura seera adeemsa falmii yakkaa biyya keenyaatiin dhaga'aan dhimma yakkaa hundeffamuu himannaayakkaatii eegalee hanga murtiin adabbii kennamutti adeemsa seeraa jiru kan haguuguu dha.¹⁸ Kana jechuun garuu akkuma himannaan abbaa alangaatiin mana murtiitti dhiyaateen dhagahaan dhimma yakkaa jalqaba jechuu miti. Seera keenya keessatti ifaan mata dureen ykn moggaaffamni bira kennamuufii baatuus manni murtii dhagahaa dhimma yakkaatti galuun dura wantootni akka qophii dhagahaa dhimma yakkaatti (preparation for hearing) ilaalamani raawwataman ni jiru. Isaanis: garagalcha himannaayimatamaa qaqqabsiisuu, dhaddacha irratti himatamaadhaaf himannaadubbisu fi hubachiisuu, himatamaan himannaayirratti mormii yoo qabaateef gaafachuu fi jala murtii itti kennuu dha. Himannaayirratti jala-murtii erga kennameen booda himatamaan jecha amantaa fi wakkii akka kennuuf ni gaafatama. Jecha amantaa fi waakkii kenname irratti ragaa dhagahuuf manni murtii dhagahaa dhimma yakkaaf (hearing) ni beellama. Wantootni beellama dhagahaa dhimma yakkaa kana dura jiran akka qophii dhagahaa dhimma yakkaatti ilaalamuu ni danda'u.¹⁹ Akkuma armaan olitti kaafne bu'uura SDFY tin dhimmootni kun addatti moggaaffamni bira kennameefii waan hin jirreef mata dureedhuma dhagahaa dhimma yakkaa jedhu jalatti walitti qabuun kan ilaalamta'a.

¹⁸ Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1961 bahe dhagayaan dhimma yakkaatiif jechoota hiikaa fi erga wal fakkaataa qabam 'trial or hearing' jedhu kan gargaaramu dha. Mata dureen dhagahaa dhimma yakkaa SDFY kew. 94-180 jalattii haguuggiin kan kennameefii jiruu dha. Kunis dhimmoota aangoo, hundeffama himannaay, dhagahaa ragaa, murtii fi adabbii kan hammatuu dha.

¹⁹ Miil-jalee 1^{ffaa}, Fuula 362

Boqonnaa kana jalatti dhimmootni kan akka: mormii himannaak yakkaa, himannaak fooyyeessuu, himannaak kaasuu, sirna keenninsaa fi galmeessa jecha amantaa ykn waakkii, dhaga'aa ragaa abbaa alangaa, dhaga'aa ragaa ittisaa, sirna kenniinsa murtii fi adabbii ilaalamaniiru. Dhuma boqonnaa irrattis deemsaa falmii yakkaa adeemsaa adda hordofuun wal qabatee deemsaa dhagahaan bakka himatamaan hin jirreetti gaggeeffamuu fi dhagahaan yakka sassalphoof haguuggiin kennameeraaf.

Xumura leenjii boqonnaa kanaa irratti leenjifamtootni:

- Haala fuudhiinsa jecha amantaa ykn waakkii akkasumas mormii sadarkaa duraa ilaachisee keessummeessa fi keenninsa ajajaa irratti hubannoo fi dandeetti isaanii ni gabbifatu
- Kaayyoo fi bu'aa fooyya'iinsa himannaak yakkaa fi himannaak kaasuu irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Haala fuudhiinsa jecha ragaa abbaa alangaa fi ragaa ittisaa akkasumas mormii ragaa irratti dhiyaatu ilaachisee hubannoo fi dandeetti hin gabbifatu.
- Haala ragaan dabalataa gama mana murtii ykn gama wal falmitootaatiin dhiyaachuu danda'u irratti hubannoo fi dandeettii isaanii ni cimsatu.
- Deemsaa dhagahaan falmii yakkaa bakka himatamaan hin jirreetti gaggeeffamu irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.

2.1. Jalqabbi Dhaga'aa Dhimma Yakkaa

Bu'uura SDFY kw. 123 tin himannaan yakkaa akkuma mana murtiitti dhiyaateen manni murtii guyyaa beellama dhagahaan murteessuudhaan himatamaa fi abbaa alangaa waraqaa waamichaatiin ni beeksisa. Himatamaa fi abbaan alangaas ibsa ragaa isaanii guyyaa dhagahaatti dhiyaachuufii qaban gama reegistaraalaa mana murtiitti ni galfatu.²⁰ Manni murtiis ragaa namaa fi ogeessaa gama abbaa alangaa fi himatamaatiin eeramaniif beellama dhagahaan irratti akka argamaniif waraqaa waamicha ni eerga. Ragaan ciraal /exhibit/ barbaachisoo ta'aan guyyaa dhagahaatti mana murtiitti dhiyaachuu isaa mirkaneessuuf qaamni lamaanuu itti gaafatamummaa akka qaban seerri tumeera.²¹

²⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 124/1/

²¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw.124/2/

Tumaa SDFY kw. 123 fi 124 tin wal qabatee gaaffileen garagaraa yoo ka'aan ni mul'ata. Inni jalqabaa gaafa himannaan mana murtiitti dhiyaateetti ragaan bitaa fi mirgaa beellama itti aanuu irratti akka argamaniif waamicha taassisuun maaliif barbaachise kan jedhuu dha. Guyyaa beellama jalqabaatti mormiin himanna irratti kan dhiyaate yoo ta'eefii mormii kana irratti murtii kenuuf ragaa dhagahuu yoo barbaada ta'e beellamni dabatataa barbaachisuu ni mala. Dabalataanis, mormii himanna irratti ka'uun alatti beellama jalqabaa irratti himatamaan kan amanu yoo ta'e ragaa dhagahuun barbaachisaa ta'uu dhiisuu mala. Kanaaf, dhimmootni kunneen erga xumuramaniin booda waakkii himatamaa irratti hundaa'uun beellama jalqabaan booda beellama jiru irratti ragaadhaaf waamicha taassisuun dhadabbi fi baasii ragaadhaan wal qabatee uumamu hambisuu danda'a. Gaaffiin biraa ka'u barbaachisummaa ragaa bitaa fi mirgaa guyyuma wal fakkaataatti akka dhiyaataniif waamicha gochuun kan wal qabatuu dha. Ragaan ittisaa kan dhagahamu ragaan abbaa alangaa jecha kennaniin yakka raawwatame bu'uuruma himanna dhiyaateetin kan hubachiisan yoo ta'ee dha. Ragaan abbaa alangaa bu'uura himanna dhiyaateetin hin hubachiifne taanaan ragaa ittisaa dhagahuun hin barbaachisu. Kanaaf, ragaa bitaa mirgaa guyyaa garagaraattii dhagahuun baasii hin malle fi qisaasa'ina yeroo ragootaa hambisuu mala.

Qaphxii marii

1. Bu'uura SDFY kew 124(1) tiin himatamaa fi abbaan alangaas ibsa ragaa isaanii guyyaa dhagahaatti dhiyaachuufii qaban gama reegistaraalaa mana murtiitti ni galfatu jedha. Haata'umalee, qabatama hojii jiruun Abbaan Alangaa tarree ragaan isaa himanna bu'uressu irratti hammachiisuun dhiheessa. Tumaan ammaa kew 124(1) ammo ibsi ragaan A/Alangaa erga guyyaan dhagahaa murtaa'een booda registiraara mana murtiitti akka dhiheessu ibsa. Hojimaata hojii jiruu fi tumaa SDFY kana akkamiin ilaaltu?
2. Qabatamaadhaan hojimaatni mana murtii keessa jiru kan agarsiisu ragaan abbaa alangaa fi ragaan ittisaa beellama garagaraa itti kan dhagahamaa jiru ta'uu isaati. Waraqaan waamichaa ragaa ittsaatiif kan ergamu ragaan abbaa alangaa erga dhagahaeen booda dha. Hojimaata mana murtii kana qixa tumaa SDFY kw. 123 fi 124 tin akkamitti ilaaltan?

2.1.1. Mormii Himanna Irratti Ka'u

Guyyaa dhagahaa dhimma yakkaatti himatamaa fi abbaan alangaa dhiyaachuun isaanii erga mirkanaa'een boodatti manni murtii eenyummaa himatamaa ni qulqulleeffata. Eenyummaan

himatamaas erga qulqullaa'een boodatti himanni isa qaqqabuu manni murtii ni gaafata. Itti fufuudhaanis himanna hundeffame himatamaadhaaf dubbisuudhaan himanni dubbifame isaaf galuu qulqulleeffachuu qaba.²² Himannaan isaaf galuun erga mirkanaa'een boodatti himatamaan himanna dhiyaate irratti mormii qabaachuu fi dhiisuu manni murtii gaafachuu akka qabu SDFY kw. 129 ni kaa'a.

Himatamaan himanna irratti dhiyaatee jiru irratti jecha amantaa fi waakkii kenuun duratti himanna qofa irratti mormii gosa lama dhiyeessuu akka danda'u SDFY kw. 130 irra ni hubatama. Mormiin inni jalqabaa ka'uu danda'u qabiyyee /form and content/ himanna ilaalciseeti. Qabiyyeen himanna yakkaa kan hoogganamu ulaagaa SDFY kw. 112-112 jiraniin waan ta'eef mormiin jalqabaa kun kallattiidhaan kan ilaallatu himannaan hundeffame ulaagaalee SDFY kw. 111 fi 112 guutee kan hin dhiyaanne kan jedhuu dha. Hanqinni ykn dogoggorri qabiyyee himannaatiin wal qabatee jiru bu'aan isaa himannicha sirraa'u ykn himanna biraatiin akka bakka bu'amu kan taassisu akka ta'e SDFY kw. 130 fi 119 irraa hubachuun ni danda'ama. Dogoggorri gosa yakkaa caqasuudhaan ykn caqasuu dhabuudhaan uumamu ykn dogoggorri taateewwan himanna keessatti caqasamuu qaban caqasuu dhabuudhaan ykn bifa dogoggora ta'een caqasuun hanga ijoo himanna faana wal hin qabannetti yookin hanqinaalee kunneen hanga himatamaa dogoggorsanii hin jirreetti ykn hanga haqni akka dabuuf sababa hin taaneetti himanna dhiyaate guutummaadhaan bu'a dhabeessa /invalid/ gochuu akka hin dandeenye SDFY kw. 118 ni kaa'a. Dogogorri ykn hanqinniakkanaa himanna keessatti yoo jiraatee murtiin dhumaan kennamuun dura iyyannaa himatamaatiin ykn kaka'uumsa mana murtiitiin himanni akka fooyya'u ykn akka sirraa'uu ykn himanna haaraadhaan akka bakka bu'a manni murtii ajaja akka danda'u SDFY kw. 119 jalatti ni kaa'a. Kanaaf mormiin haala kanaan himatamaan kaasu bu'uura SDFY kw. 119 tiin furmaata kan argatu ta.a.

Mormiin himanna irratti dhiyaatu inni biraan kanneen SDFY kw. 130/2/ jalatti kan bu'uura godhatanii dha. Isaanis: (a)-himanni mana murtii biraatti ilaalamaa kan jiru yoo ta'e, (b)-himannaadhuma kanaan kana dura himatamee bilisa kan gaggeeffame ykn kan itti murtaa'e yoo ta'e, (c)-himanni darbiinsa yerootiin kan hafaa ta'uu malee yoo ta'e, himanni ittiin himatame kanaan dura sagantaa dhiifamaa ykn korooraan kan xumurame yoo ta'e, (d)-himatamaan yoo himatamtoota biraan irraa addatti hin himatamne mirgi isaa kan miidhamu yoo ta'e, (e)-himanna

²² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 129 fi Heera Mootummaa RDFI kw. 20

hundeessuuf heeyyamni kan hin keenname yoo ta'e, (f)-himanni biraahagahaar irra jiru hanga xumuramutti himanna kun dhiyaachuu hin qabu jechuun yoo kaa'ame fi (g)-gochaa dalageef itti gaafatamuu kan hin dandeenye ta'uu yoo ibsee dha. Mormii Kunneen keessaa kanneen bu'uura 2(a-c) fi (g) ka'aan manni murtii dhimmicha akka hin ilaalle kan taassisan yoo ta'u mormiin hafan garuu manni murtii dhimmicha /merit of case/ akka hin ilaalle kan taassisan otuu hin taane dhimmicha ilaaluun dura dhimmootni akka mormiitti ka'aan kun akka qulqullaa'an ykn akka sirraa'aan kan akeekanii dha.²³Qaphxiin falmii mormii himannaatiin wal qabatee ka'uu malan ni jiru. Mormiin himannaa bu'uura SDFY kw. 130/2/ tin ka'uu danda'aan himatamaa ykn abukaatoo himatamaa qofatu kaasuu qabaa kan jedhu oggaa falmii kaasuu ni mul'ata. Fakkenyaaf darbiinsa yeroottiiin wal qabatee mormii dhiyaachuu danda'u himatamaan yoo kaasu baatees manni murtii yeroo bareetti kaasuu qaba moo miti kan jedhuu dha. Manni murtiis ta'e Abbaan Alangaa darbiinsi yeroo jira taanaan kaka'umsa isaanittin kaasuuf dirqama seeraa qabu. SY keewwata 216(2) jalattiakkana jedha "*Even where .the defendant fails to raise the barring of the charge by a period of limitation the Court or the Prosecutor shall, at any time, consider the barring of the charge by limitation.*" Kanaaf dhimmichi dhimma dirqama seeraa malee dhimma haqa qabeessummaa qofa miti. Gaaffiin inni biraahimmatamaan dandeetti himatamuu kan hin qabne ta'ee yoo argameetti eenyuuti mormii kaasuu danda'a kan jedhuu dha. Himatamaan fayyummamaa sammuu isaa sirrii hin taane mormii illee ni kaasa jedhamee hin tilmaamamu. Yeroo kanatti himatamaan dandeetti itti gaafatamuu /responsible/ hin qabu jechuudhaan bu'uura SDFY kw.130/2/g// mormii kaasuu kan qabuu eenuu dha gaaffiin jedhu deebii argachuu qaba.

Mormiin himannaa irratti dhiyaachuu kan qabu himannii himatamaaf erga dubbifameefii isaa galuun erga mirkanaa'een boodattii dha. Sadarkaa qajeeltootti yeroo kanaan boodatti mormii kaasuun akka hin danda'aamne SDFY kw. 130/3/ jalatti tumameera. Haa ta'u malee, keewwatnumti kun mormiin ka'uu malu otuu hin ka'iin hafuu isaatiif murtii haqa qabeessa kennuu kan hin dandeessifne yoo ta'e dhagahaar itti fufee yeroo jiru kamitiyyuu ka'uu akka danda'u kaa'ameera. Tumaa seeraa kana irraa kan hubatamu mormii himannaa irratti turee ka'u mormiin kun akka hin kaane dhorkuun isaa murtii haqa qabeessa kennuuuf kan dhorku ykn danqaa ta'uun isaa yoo amanamee dha

²³ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 368-369

Mormiin himannaa irratti ka'us ta'e deebiin gama abbaa alangaatiin kennamu afaaniin ta'uu akka malu SDFY kw. 131 irraa kan hubatamu dha. Kana jechuun garuu mormiin ykn deebiin mormii irratti kennamu barreffamaan dhiyaachuu hin danda'u jechuu miti. Keessumaa mormiwwan dhedheeraa ta'anii fi deebii dheeraan irratti kennamu harcaatiin yaadaa akka hin jiraannee fi manni murtiis yammuu galmeessu yaadonni abbootiin dhimmaa kaasan akka keessaa hin hafneef barruudhaan ta'uun filatamaa ta'uun mala. Mormiin dhiyaatu mormii seeraa qofa kan hin taaneefii ragaa dabalataatin qulqulla'u qaba yeroo ta'eetti manni murtii beellama kennudhaan ragaan barbaachisu akka dhiyaatu kan ajaju ta'a. Tumaa SDFY kw. 131/3/ fi /4/ kan hubatamu ajajni ykn murtiin mormii himannaa irratti dhiyaatu yeroo gabaabaa keessatti ta'uun akka qabuu dha.

Qaphxii marii

1. Mormiwwan SDFY kw. 130/2/ jalatti kaa'aman keessaa yeroo manni murtii carraa kennee tti otuu hin ka'iin hafanii boodarratti yeroo dhagahaan gaggeeffamu kamiittuu ka'uu kan danda'aan kam fa'aa? Kanneen boodatti ka'uu hin dandeenye hoo kam fa'i ta'uun danda'u? Maaliif?
2. Mormileen bu'uura SDFY kw. 130/3/ boodarra ka'uu malu jedhaman mana murtii jalqaba dhimmicha ilaaleetti otuu hin ka'iin yoo hafan Mana murtii oliyyannoo dhaga'aa jiruutti ka'uu danda'uu? Mormii kana kaasuus manni murtii ykn abbaan alangaa ni danda'aa?
3. Sababawwan 130/1/ fi 130/2/ jala kaa'amaniin ala sababa biraa caqasuu himannaa irratti mormii kaasuun ni danda'aamaa? Sababootni kun guutummaadhaan / exhaustively/ kan kaa'amani moo kanneen hafan biroo hammachuu bifaa danda'uun /illustratively/ kaa'aman?

Dhimmi 1: falmiin yakkaa kun Mana Murtii Aanaa Limmuu Koossaatti²⁴ kan ilaalam yoo ta'u Himata Abbaan Alangaa Aanaa L/Koossaa dhiyeesseen himatamaan Bosono Mootummaa aanaa L/Koossaa ganda Koossaa Geeshee iddo addaa Qabbanna jedhamutti argamu fi daangaan isaa kallattii afranuu bosono mootummaa kan ta'e heeyyama malee fayidaa seeraan alaa argachuuf bara 2002 ALI hanga bara 2010 ALI tti kaampii keessatti ijaaruun hojjattoota qacaree lafa Hek. 72.01(torbaatamii lamaa fi toqaa duwwaa tokko) irraa mukeen kan akka Algee,

²⁴ Abbaa Alangaa A/L/Koossaa Vs Abduqqee A/Maccaa, Mana Murtii A/L/Koossaa, lakk. galme 19744, gaafa 19/06/11 ilaalam

Dhummuugaa, Yeeboo, Qararoo, Waddeessa fi kkf tilmaamaan qarshii 1,030,821.033 (Miiliyoona tokkoo fi kuma soddomaa fi dhibba sadheetii fi digdamii tokkoo fi saantima duwwaa sadii) ta'u mancaasuun Buna keessatti dhaabee waan jiruuf Labsii Bosona Oromiyaa lakk. 72/95 kw. 14(1(b)), 14(2), 14(4(a)), 14(5) fi 15(4) irra darbuun himatameera.

Himatamaanis dhaddachatti dhiyaachuun himannii dubbiifamee fi isaaf galuun erga mirkanaa'een boodatti mormii yoo qabaate akka dhiyeffatu yeroo gaafatamutti gama abukaatoo isaatiin mormii sadarkaa duraa jechuun kanneen armaan gadii kaaseera:

1. Himannaan dhiyaate guyaa, sa'atii fi bara kan hin qabnee fi haala raawwii yakkichaa haala ifaa qabuun tokko tokkoon kaahee waan hin jirreef kun immoo mirga ofirraa ittisuu maamila kiyyaa waan miidhuuf bifa iftoomina qabuun fooyya'ee haa dhiyaatu.
2. Himannaan dhiyaate yakka Qabeenya Uumamaa irratti raawwatamee ta'ee Yakka kunneen irratti seera baasuuf aangoo kan qabu Mootummaa Federaalaa ta'u Heerri Mootummaa RDFI kw. 52 ifaan kaa'ee otuu jiruu fi Manni Maree Bakka Bu'ota Ummataas labsii 1056/2010 baasee otuu jiruu Labsii Bosonaa Oromiyaa lakk. 72/95 kan adabbiin isaa ol ka'aa ta'een himachuun mirga maamila kiyya miidha waan ta'eef himannaan labsii bosonaa Mootummaa RDFI lakk. 1056/2010 haa fooyya'u.
3. Himatamaan kun yakka kana raawwachuu kutaa yaadaa, kutaa gochaa fi kutaa seeraa kan SY kw. 23 jalatti kaa'aman himannaan bifa guutee agarsiisee waan hin jirreef kufaa haa ta'u. Dabalataan, lafaa fi bosona kana himatamaan abbaa isaa irraa bara 1995 ALI dhaalaan kan itti darbe malee kan mootummaa waan hin taaneef, yoo dhuma ta'ees darbiinsa Yerootin kufaa nuuf haa ta'u jedhaniiru.

Gaaffilee marii

Mormiin sadarkaa duraa armaan ol ka'an marti bu'uura seeraa qabuu? Haala kamiin ilaaltu? Kan fudhatama qaban ykn hin qabne ta'u seera rogummaa qabu waliin kaasuun mari'adhaa.

2.1.2. Fuudhiinsa Jecha Amantaa fi Waakkii

Mormiin himannaan irratti dhiyaate guduunfaa erga argateen boodatti galmeen mormii kanaan kan hin cufamne yoo ta'e dhagahaa itti fufu fuudhiinsa jecha amantaa fi waakkii ta'a. Jechi amantaa fi waakkii mana murtiidhaan kan himatamaaf dhiyaatu qabiyyee himannaakka hubatuuf himatamaadhaaf gama mana murtiitin himanna irratti ibsi gahaa erga godhameefiin

booda dha.²⁵ Kunis kan agarsiisu himatamaan himannaas isarratti dhiyaate amanuu ykn waakkachuu kan qabu erga yakki ittiin himatame isaaf galeen booda dha.

Jechi amantaa ykn waakkii himatamaadhaan kennamu bu'aan isaa kallattiidhaan murtii dhumaal waliin kan wal qabatu waan ta'eef of eeggannaa guddadhaan fuudhamuu qaba. Jechi kennamu kun himatamaan yakka ittiin himatame raawwachuu fi balleessaa ta'uu isaa ykn gochicha kan raawwate garuu balleessaa jedhamuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ykn gochicha kan hin raawwanneefii balleessaa ta'uu kan hin qabne ta'uu isaa kan ittin ibsatuu dha.

Himatamaa irraa jecha amantaa fi waakii fuudhuun dura manni murtii himatamaan himannaas isarratti dhiyaate sirriitti kan hubatee jiru ta'uu mirkaneeffachuu qaba. Himanni²⁶ dhiyaate tokkoo ol oggaa ta'eetti tokkoon tokkoo himannaas hundeffamee jiruu himatamaaf ibsuu fi hubachiisuu qaba.²⁶ Jechi amantaa fi waakkii kennamu jechuma himatamaadhaan kennname sanaan galmees irratti barraa'uu qaba.

Himatamaan himannaas isa irratti dhiyaateef jecha amantaa fi wakkii kennuu irraa kan of qustate ykn kan callise yoo ta'e himannaas isa irratti dhiyaate akka waakkateetti lakkaa'amee galmaa'u akka qabu SDFY kw. 133/1/ ifaan ni kaa'a. Dabalataanis, himatamaan himannaas isarratti dhiyaate hambifatee /reservation/ kan amane yoo ta'e akka waakkateetti kan galmaa'u ta'a. Hambifannaan kuni kutaa yaadaa (intention) ykn hanga hirmaannaas ykn wanta biraa ta'uu mala.

Jechi amantaa /plea of guilty/ himatamaadhaan kennamu sirna seeraa biyyoota garagaraa keessatti bu'aa garagaraa kan hordofsiisuu dha. Biyyoota sirna 'common law' hordofan keessatti himatamaan jecha isaa kan kenne himannaas dhiyaate irratti manni murtii kan hubachiisee fi himatamaanis abukaatoo isaatin mari'atee kan kenne yoo ta'e ragaa biraa dhaga'uun otuu hin barbaachifne yeroo dhuma sanatti murtii kennuutu jira.²⁷ Biyyota sirna 'continental' hordofan biratti himatamaan jecha isaa bifuma himannaas irra jiruun kan amane yoo ta'e illee abbaan alangaa ragaa akka dhiyeessuuf kan dirqamamuu dha.²⁸

Akka biyya keenyaatti, bu'uura SDFY kw. 134/1/ tiin himatamaan yakka ittiin himatame amanee jecha amantaa kennee jira kan jedhamu hanbifannaas tokko malee tokkoon tokkoo qabiyyee

²⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 132 fi Heera Mootummaa RDFI kw. 20

²⁶ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 133

²⁷ Giddugala Leenjii Ogeeyyota Qaamolee Haqaa Federaalaa, Moojulii Seera Ragaa, Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e, fuula 44

²⁸ Kanuma Olli

raawwii gochaa /offence/ yakka hundeesssee yoo amanee qofaa dha. Jecha amantaa /plea of guilty/ erga kenneen booda manni murtii yeroodhuma sanatti /forth with/ murtii kennuuf hin dirqamamu. Himatamaan himannaa irratti dhiyaate guutummaadhaan amanuudhaan jecha yoo kennees manni murtii murtoo balleessummaa kennu irra ragaa isaa akka dhiyeessuuf abbaa alangaa ajajuu ni danda'a. Akkasumas himatamaan akka ragaa dhiyeeffatuu heeyyamuu ni danda'a. Ajaja kana kan kenu garuu himatamaan yakka irratti dhiyaate kana amane ta'uu erga galmeessee booda dha. Himatamaan amanuu isaa erga galmeesseen booda manni murtii ragaan abbaa alangaa akka dhaga'amu ajajuuuf ykn dhiisuuf ulaagaa ykn safartuu maalii gargaarama kan jedhu seera keessatti ifaan kan hin teenyee dha. Jecha amantaa kenname irratti caalatti haqummaa fi dhugummaa jechichaa mirkaneessuuf ragaa abbaa alangaa dhagahuuf itti deemuun waan tokko ta'ee himatamaa yakkicha amananuudhaan jecha kenne ragaa akkamii akka dhiyeessuuf barbaadama kan jedhuu, akkasumas kaayyoon ragaa kana akka dhiyaatu taassisuu ifa miti.

Dhimmi biraan mana murtii keessatti hojimaataan mul'atu himatamaan himannaa guutummaatti erga amaneen boodatti jecha amantaa kenname irratti abbaan alangaa yaada akka kennuuf gaafachuu dha. Kunis qabatamaadhan kan mul'atuu dha. Manni murtii himatamaan himannaa isarratti dhiyaate guutummaatti amanuu erga galmeesseen booda abbaa alangaa yaada akka kenu gaafachuun abbaan alangaas bu'uuruma himannaa keenyaan waan amaneef bu'ura SDFY kw. 134 tin murtii nuuf haa kennamu jedha. Manni murtiis jecha amantaa fi yaada abbaa alangaa caqasuum murtii balleessummaa kenna. Hojimaatni kun bu'uura seeraa hin qabu.

Hanqinni biraan hojimaata keessatti mul'atu barreeffama jecha amantaa himatamaatin kan wal qabatuu dha. Jecha amantaa himatamaan kenne guutummaadhaan bu'uuruma jecha isaatiin barreessuu irra '*himatamaan bu'uuruma himannaatin amanee jira*' jechuutu mul'ata. Hojimaatni kun mirga himatamaa kan miidhuu fi qulqullina murtii kennamu irratti dhiibbaa kan qabuu dha. Dabalataanis jecha amantaa himatamaa duguuganii fuudhoo irra gaalee dhuma '*eeyyeen raawwadheera*' jedhu qofa irraa fuudhuun ni mul'ata. Jechi amantaa bifaa kanaan kennamuu fi galmaa'u murtii qulqullina qabu kan hin keennisiifnee dha.

Jecha amantaa kennameen wal qabatee qaphxiin biraan ka'uu danda'u himatamaan himannaa guutummaatti amanuu erga kenneen boodatti jecha amantaa ani kenne naaf yaa haaqamu jechuu danda'aa?, kan jedhuu dha. SDFY dhimma kanaaf haguuggii kennee kan hin jirre yoo ta'u kw.

135 jalatti garuu jecha amantaa himatamaa erga galmeesseen boodaafi dhaga'aa itti fufee oggaa jiruutti manni murtii dursa jechi kennamuuf ture kan amantaa otuu hin taane kan waakkii ta'uu qaba ture jedhee kan amane yoo ta'e jecha amantaa dursa galmaa'ee jiru hanbisuudhaan /set aside/, gara jecha waakkiitti jijiiruu danda'a jedha. Bu'uura SDFY kw. 135/2/ tin manni murtii illee jecha amantaa irratti hundaa'uudhaan murtii balleessummaa kan kennee ture yoo ta'e yeroo dhuma sanatti murtii kana hanbisuu qaba. Jecha amantaa irratti hundaa'uudhaan murtiin balleessummaa erga kennameen boodatti jechi amantaa kun hafaa akka ta'uu fi akka jecha waakkiitti jijiiramuu kan dhiyeessu eenyuu dha kan jedhu ifaan kan SDFY keessa kaa'ame miti. Haa ta'u malee, manni murtiis ta'e, abbaan alangaa ykn himatamaan mataan isaa kan kaase yoo ta'ee fi manni murtii illee kan itti amane yoo ta'e jecha kana gara waakkiitti jijiiruun murtii balleessummaa kenname illee kan haqu ta'a. Itti fufuudhaanis ragaa abbaa alangaa kan dhaga'uu ta'a jedhameeti yaadama.

Qaphxii Marii

1. Himatamaan bu'uuruma himannaatiin hambifannaa tokko malee erga himannaal irratti dhiyaate amaneen boodatti manni murtii murtii balleessummaa akkaataa SDFY kw. 134 tin kennuu irra ragaa abbaa alangaa akka dhagahame ajajuuf wantootni madaaluu qabu maaliidha jettanii yaaddu?
2. Gaaffiin hojimaataan wal qabatee ka'u inni biraq qabiyyee murtii balleessummaa bu'uura SDFY kw. 134 tin kennamuu dha. Abbootiin seeraa tokko tokko jecha amantaa himatamaa erga barreessaniin boodatti ittuma fufuudhaan "*himatamaan bu'uuruma himannaatiin amanee waan jiruuf bu'uura SDFY kw. 134 tin murtii balleessummaa kennineera*" jechuun murtii balleessummaa kennu. Abbootiin seeraa kanneen biroo jecha amantaa erga galmeessaniin boodatti addatti murtii qabiyyeen isaa himannaal kennamee, jecha amantaa himatamaa, xiinxala firii dubpii fi seeraa qabu barreessu. Hojimaata kamtu bu'uura seeraa qaba? Irratti mari'adhaa.
3. Hambifannaa taasifame qabiyyee raawwii gocha yakkichaati alaa yoo ta'e maal ta'a? Fakkeenyaaaf himatamaan yakka qabeenya irratti raawwatamu irratti tilmaama qabeenyichaa qofa yoo morme ta'e jecha amantaa moo kan waakkiitu galmaa'uu qaba jettanii amantu? Yoo jecha amantaatu galmaa'a ta'e mormiin ka'e addatti haalli itti keessummaa'u jiraa?

4. Himatamaan jecha wakkii erga kennee fi erga galmaa'een boodatti jecha geeddaruu dhaan jecha amantaa kennuu danda'aa? Yoo danda'e akkamitti keessummaa'uu qaba? Bu'aan isaa hoo maal ta'a?

Dhimma 2: Falmiin kun MMWF Dh/Ijibbaataa lakk. Galmee 111742²⁹ irratti kan ilaalamo yoo ta'u dhimmichi kan jalqabe Mana Murtii Ada'aattii dha. Abbaan alangaa himatamtoonni 1^{ffa} fi 2^{ffa} wal duraa duubaan kasala kuntaala 60 (ja'aatamaa) fi 51 (shanatamii tokko) konkolaataadhaan fe'anii yoo deeman magaalaa Bishooftuutti qabamuu isaanii ibsuun labsii Bosonaa Oromiyaa lakk. 72/1995 kw. 13(1) irra darbuun yakka bu'aa bosonaa daldaluu jedhun himateera. Himatamtoonis himanna dhiyate irratti mormii akka hin qabne ibsuun dhaddacha irratti jecha amantaa fi waakkii yoo gaafatamaniitti *gochicha raawwanneerra, kasala kanas kan feene daldalaaf otuu hin taane maatii keenyaafi, kana gochuun keenyas balleessaa dha* jechuun waan galmeessisanif manni murtii bu'uruma abbaan alangaa gaafateen akkaataa SDFY kw. 134(1) tin murtii balleessummaa kennuudhaan yaada adabbii bitaa mirgaa erga dhagaheen boodatti himatamtoota mata mataan hidhaa wagga shanii adabeera.

Himatamtoonni murtii mana murtii aanaa komachuudhaan oliyyannoo isaanii MMO Go/SH/Bahaatti dhiyeessan yoo ta'u manni murtii kunis jecha amantaadhaan wal qabatee komii dhiyaate kufaa gochuun adabbii ilaachisee garuu fooyeessee himatamtoota mata mataan hidhaa wagga sadii fi ji'a sadii adabeera. Himatamtoonni mana murtii jalaa ykn oliyyattootni ammaa oliyyannoo isaanii itti fufuudhaan MMWO fi MMWO DH/Ijibbaataatti yoo dhiyeessaniis otuu hin dhiyeessisin kufa ta'eera. Itti fufuudhaanis oliyyattootni iyyata isaanii MMWF Dh/Ijibbaataatti dhiyeessataniiru. MMWF Dh/Ijibaataa 'iyyattooni bu'uruma himannaatiin yakkichi raawwachuu isaanii tarreedhaan addeessanii (*ለክርክር*) guutummaadhaan ykn gartokkeen otuu hin waakkanne kan amananiidha jedhamee mana murtii jalaatti murtiin balleessummaa kennamuun isaa sirriidhamoo miti' isa jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhee bitaa mirgi falmii isaanii barreffamaan dhiyeessaniiru.

Dh/ijibbaataa xiinxala gageesseen: himatamaan yakka ittiin himatame guutummaadhaan kan amane yoo ta'e jechi amantaa isaa galmaa'ee bu'uura SDFY kw. 134(1) murtiin balleessummaa kan keennamuu fi murtiin akkaataa kanaan kennamee ilaachisee hangaa fi seera qabeessummaa adabbii kennamee irratti qofa oliyyannoong kan fudhatamuu danda'u yoo ta'es murtii

²⁹ Kon. Takluu Fisahaa Vs AA MNO, M/Dh/Ij/MMWF, jildii 18, lakk. Galmee 111742, gaafa 30/11/2007 murtaa'e

balleessummaa irratti garuu oliyyannoo fudhachuun akka hin danda'aamne SDFY kw. 185(1) tumeera. Manni murtii bu'uura SDFY kw. 134(1)tin murtii balleessummaa kennuuf garuu himatamtooni jecha amantaa kennaniin tarree yakkaa himanna keessatti ibsame raawwachuu isaanii guutummaadhaan amanuu isaanii mirkaneessuu qaba. Himatamaan akkaataa seerichaatiin guutummaan guutuutti yakkicha raawwachuu isaa kan amane ta'uu mirkaneeffachuu kan danda'amu qixa ibsa tarree yakkichaa qofaan otuu hin taane qixa tumaa seera yakkaa irra darbamee jedhamee himanna irratti caqasamee dabalateeti. Jechi himatamaan kennee fi tumaan seeraa gochicha yakka taassise waliin kan wal simu ta'uu akka qabu SDFY kw. 112 ni kaa'a jechuun xiinxala isaa cimseera.

Komiin iyyattootni MMO tti dhiyeessaniin kan kaasaa turan manni murtii jecha amantaa kennine haalaa fi tarreedhaan (በኢትዮጵያ ሥነዱ አገልግሎት) hin galmeessine. Ragaa ittisaa akka dhiyeeffannuu fi akka ofirra ittifnuuf carraa nu hin kennine kan jedhuu dha. Manni murtii aanaa jecha amantaa himatamtootaa irratti hundaa'uun yakka isaaniirratti dhiyaate amananii jiru jechuun murtii balleessummaa kennuun alatti tumaa seera yakkaa kam jalatti balleessaa akka jedhe illee keewwaticha caqasee hin jiru. Keewwata murtiin balleessummaa jalatti kennname kan ibsee MMO ti. Jechi amantaa himatamtooni galmeessisan qixa tumaa seeraa irra darbameetiin ilaalamee bu'uura SDFY kw. 134 (1) tin jechi kennname jecha amantaa hundeessuu fi dhiisuu isaa otuu hin mirkanaa'iin himatamtooni himanna irratti dhiyaate guutumaa guututti amananii jiru jechuun murtiin balleessummaa kennname kaayyoo fi afuura SDFY kw. 134(1) kan bu'uureeffate miti jechuun murtii mana murtii jalaa dogoggora seeraa bu'uuraa uumeera jedheera. Ajaja kennameenis MMA bu'uura SDFY kw. 132(1) fi (3) tin himatamtooni jecha isaanii akka kennan erga taassiseen booda jecha kennan qixa tarree yakkichaa fi qixa tumaa seera yakkaa irra darbameetin ilaalee himatamtoonii jecha kennaniin guutumaan guutuutti himanna irratti dhiyaate amanan kan jechiisisu ta'uu qorachuun, jechi kennan jecha amantaa kan hin hundeessine yoo ta'e garuu ragaa dhagahuun murtii itti fakkaate haa kennu jedheera.

1. Iyyattootni ammaa mana murtii jalaatti ykn MMA tti jecha isaanii kennuun dura himanna irratti dhiyaate kan dubbifamee fi hubatanii jiranii dha. Himanna irratti dhiyaate hubachuu dhiisuu isaanii komiin kaasan hin jiru. Himanna irratti mormii akka kaasaniif carraan kennameefii mormii akka hin qabne galmeे irraa kan hubatamuu dha. Kanaan boodatti jecha amantaa isaanii bifuma armaan ol ibsameen kennaniiru. Manni

murtiis murtii balleessummaa yoo kenuu bu'uuruma himanna dhiyaateetin amananii jiru yoo jedhu tarree yakkichaa himanna keessatti kaa'amee fi keewwata irra darbamuun isaa himanna keessatti caqasame kan ibsu fakkaata. Xiinxala dhadachi ijibbaataa kenne qixa qaphxilee kunneenii, qixa tumaa SDFY kw. 134 (the words and spirit of law) fi qixa qabxiilee birootiin kaasaati irratti mari'adhaa.

2. Manni murtii ijibbaataa jechi kenname jecha amantaa hundeessee akka hin jirre kan itti amane yoo ta'e himatamtooni waakatanii jiru jechuudhaan manni murtii jalaa ykn MMA ragaa abbaa alangaa akka dhagahuuf ajajuu moo manni murtii irra deebiin jecha amantaa fi waakkii akka fuudhu ajajuutu dhama qabeessaa dha? Haqummaa fi seera qabeessummaa isaa akkamitti ilaaltan.
3. Jechi amantaa fi waakkii irra deebiin bu'uura SDFY kw. 132 tin akka fuudhamu ajajuu irra jecha himatamtootaan dursa kenname qixa tumaa seera yakkaa irra darbamee fi qixa tarree yakkaa himanna keessatti ibsameetiin irra deebiin xiinxalamee jecha amantaa SDFY kw. 134(1) hundeessuufi dhiisuun isaa adda bahuu hin danda'uu? Dh/Ijibbaataa haala kanaan ajaja kennu hin danda'uu turee?

2.1.3. Himanna Fooyyessuu fi Himanna Kaasuu

2.1.3.1. Himanna Fooyyeessu

Himannaan jalqabatti hundaa'ee jiru murtiin dhumaa kennamuun duratti yeroo kamittuu fooyyeessuun akka danda'amu SDFY kw. 119 jalatti ni kaa'a. Himannaan kunis kan fooyya'u kaka'uumsa mana murtiitin ykn iyyata himatamaatin ykn abbaa alanagaatiin akka ta'e seerri kun kaa'eera.

Himannaan akka fooyya'uuf ka'uumsa kan ta'uu malan dogoggora bu'uraa ykn wanta bu'uraa caqasamuu qabu otuu hin caqasamiin kan hafe ta'ee kunis himatamaa kan dogoggorse ykn dogoggoorsuuf kan jiru yoo ta'e dha. Hanqinaalee kana irraa ka'uun manni murtii himannaan jalqabatti dhiyaate irratti waa jijiiruu /alter/, dabaluu ykn himanna haaraadhaan akka bakka bu'u taassisuu danda'a.³⁰

Himanni bu'uura SDFY kw. 119 tiin fooyya'u kan qabu dogoggorri ykn hanqinni himanna keessa jiru himatamaa kan dogoggorse ykn dogoggoorsuu dhaaf kan jiru yoo ta'ee dha. Tumaa

³⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa , kw. 119

seeraa kana irraa ka'uudhaan yaadni gosa garagaraa yoo ka'u ni mul'ata. Yaadni inni jalqabaa himannaan kan fooyya'uu qabu faayidaa himatamaaf jedhameeti kan jedhuu dha. Yaadni inni kun tumaadhumaa seeraa SDFY kw. 119 qofa irratti daanga'uudhaan kan dhiyaatu yoo ta'u yaadni inni biraan himannaan kan fooyya'u himatamaa fayyaduuf qofa otuu hin taane haqaaf (for the sake of justice) jecha jechuun kaasu. Yaadni inni lamaffaa tumaa SDFY kw. 118 jalatti jiru caqasuudhaan kaafama. Bu'uura yaada jalqabaatin himannaan fooyya'u himatamaa ni miidha yoo ta'e fooyya'uu hin qabu kan jedhu yoo ta'u ijjannoona inni biraan hanga haqaaf ta'eetti himatamaa illee miidhu barbaachisummaan isaa mul'annaan himannaan fooyya'uu qaba kan jedhaniidha. Tumaa seeraa SDFY kw. 118 fi 119 walitti kan ilaalamu yoo ta'e yaadni inni lammataa fudhatama kan qabu fakkaata.

Qaphxiin biraan tumaa seeraa kunneeniin wal qabatee ka'u dogoggorri ykn hanqinni (error/omission) akkamiitu dogoggora ykn hanqina bu'uuraa /material/ ta'ee kanneen akkamiitu dogoggora ykn hanqina bu'uuraa miti kan jedhuu dha. Himannaa qophaa'u keessatti raawwii gochaa yakkicha hundeesse ykn keewwata seera yakkaa irra darbame bifaa gocha yakkichaa himannaa keessatti ibsameen walsimuun sirnaan ibsuu dhiisuun himannaa bu'aa dhabsiisuuf (invalidation of charge) sababa (ground) ta'uu mala.³¹ Dogoggorri ykn hanqinni himatamaa dogoggorsuu /mislead/ danda'us himannaa bu'aa dhabsiisu akka danda'u SDFY tumee jira. Haa ta'u malee, dogggora ykn hanqina akkamiitu himatamaa dogoggorsuu(mislead) danda'a kan jedhu garuu ifa miti. Qabiyyee (content & form) fi haalli barruu himannaa himatamaan himannaa irratti dhiyaate akka hin hubanne kan taassisan yoo ta'e dogoggorri kun kallattiidhaan mirga heera mootummaa waliin kan wal qabatu waan ta'eef himannaa bu'aa dhabsiisu danda'u.³² Dogoggorri ykn hanqinni biraan himannaa bu'aa dhabsiisu danda'u dogoggorichi ykn hanqinnicha murtii ykn adeemsa murtii haqummaa kan mulqu (justice is likely thereby defeated) yoo ta'ee dha. Tumaa kana jalatti ka'uu kan danda'u dogoggorri ykn hanqinni uumamaan bu'uura (essential) kan hin taane ykn himatamaa kan hin dogoggorsiifne (mislead) garuu murtii ykn adeemsa murtii haqummaa dhorkachuu danda'u kan akkamiiti kan jedhuu dha.(mari'adhaa)

Akka waliigalaatti, hanqinaaleen armaan ol ibsaman yeroo mul'ataniitti abbaan alangaa himannaa isaa akka fooyyeessuuf manni murtii kan qajeelchu ta'a. Himannaa fooyyeessuun qabee, jecha ykn lakkofsa jijiiruu ykn itti dabaluu ykn himannaa haaraatiin bakka buusuu ta'u

³¹ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 328

³² Kanuma Olii

mala. Hanqinni ykn dogoggorri xixiqqaa kana akka qabee ykn jechaa ykn lakkoofsaa himannaah dhumaa dursaa irratti sirreessuun ni danda'ama ta'a. Dogoggorri ykn hanqinni xiqqaa kan hin taanee fi achumatti fooyya'uu kan hin dandeenye taanaan himannaah haaraatiin bakka bu'a.

Himannaan dursa dhiyaate bifaa kamiinuu fooyya'ee jira taanaan himannaan fooyya'ee jiru himatamaadhaaf dubbifamee ibsamuuifi qaba.³³ Himatamaanis himannaah fooyya'e irratti hundaa'uun dhaga'aan akka itti fufuuf kanaafis qophaa'aa ta'uu isaa ni gaafatama. Himatamaan qophaa'aa ta'uu dhiisuu isaa kan ibse yoo ta'ee sababa isaa ni qorata. Yeroo kanatti dhagahaah itti fufuun mirga ofirraa ittisu himatamaa kan hin miine yoo ta'e himannaan fooyya'e akka hin jirreetti fudhachuun manni murtii dhagahaan itti fufa. Dhagahaan itti fufuun mirga ofirraa ittisu himatamaa kan miidhuu yoo ta'ee argame ykn haala himannaah abbaa alangaa kan jijiru yoo ta'e dhagahaadhaaf ni beellama.³⁴ Kaayyoon tumaa seera kanaa gama tokkoon dhagahaan sababa malee akka hin harkifamneef yoo ta'u gama biraatiin mirga ofirraa ittisu himatamaa akka hin mulqamne eeguu fakkaata.

Qaphxii Marii

1. Iyyatni himannaan fooyeffadhaa gama abbaa alangaatin ka'u gama mana murtiitiin kufaa ta'uu ni danda'aa? Keessumaa ragaan abbaa alangaa erga dhagahaameen boodatti himannaah cimsuudhaan dhiyeessuuf kan dhiyaate ta'e gama mana murtiitin kufaa ta'uu danda'a Gama mirga murtii ariifataa argachutiin (right to speedy trial) ilaala.
2. Himannaah akka fooyyeessuuf abbaan alangaatiif ajajni kennamee abbaan alangaa kan hin fooyyeessine yoo ta'e tarkaanfiin itti aanu maal ta'uu qaba?
3. Fooyya'iinsa himannaadhaan wal qabatee ajajni mana murtii kennamu oliyyannoof ka'uumsa ta'aa?
4. Akkuma himatamaan fedhiin isaa gaafatamu fooyya'iinsi himannaah kan taassifame kaka'uumsa himatamaa ykn mana murtiitin yeroo ta'eetti dhagahaah itti fufuuf fedhiin abbaa alangaa gaafachuu fi kabajuun ni barbaachisaa? Irratti mari'adhaa.
5. Fooyya'iinsa himannaah waliin wal qabatee abbaan alangaa ykn himatamaan ragaa namaa ykn sanadaa haaraa dursa hin dhiyaanne dhiyeeffachuu ni danda'aa? Haala Kamiin? Irratti mari'adhaa.

³³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw.119/2

³⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 120

Dhimma 3: dhimmi kun kan ilaalame MMWF dhaddacha ijibbaataa lakk. Galmee 116405³⁵ irratti yoo ta'u falmichi kan jalqabe MMO Go/Ad/Na/Finfinneetii dha. Oliyyataan ammaa ykn Komishinnin Fa/Ma/Na/Ga Oromiyaa himannaayakka malaammaltummaa deebii kennaamammaa (himatamaa 2^{ffa} mana murtii jalaa) fi himatamaa biraa (mana murtii jalaatti himatamaa 1^{ffa} kan turee dha) irratti mana murtii jalaatti dhiyeesse ture. Haa ta'u malee, himannaakana foyyeessuuf MMO G/A/Na/Finfinneetti iyyata kan dhiyeesse yoo ta'ees manni murtii galmee lakk. 11311 irratti ajaja kenneen iyyata dhiyaate kufaa godheera. Oliyyataan ammaa ykn himataan mana murtii jalaa murtii kana komachuudhaan MMWOTTI oliyyannoo kan dhiyeesse yoo ta'u MMWO galmee lakk. 192830 irratti murtii kenneen murtii mana murtii jalaa diiguudhaan himataan mana murtii jalaa himannaaisaaa foyyeessuudhaan erga dhiyeesseen booda dhagahaan akka itti fufu ajajeera. Himatamaan mana murtii jalaa ykn deebii kennaamammaa murtii MMWO komachuudhaan iyyata isaa dhaddacha ijibbaataa MMWO tti dhiyeesseera. Dhaddachi ijibbaataas iyyaticha ni dhiyeessisa jechuun ilaaleera. Xiinxala gaggeesseenis iyyatni himannaafoyyeffachuu gama himataa mana murtii jalaa ykn oliyyataa ammaatin kan dhiyaate ragaan bitaa mirgaa dhagahaamee galmeen qorannoof erga bellameen booda dha. Yeroo kanatti himanni haa fooyya'u jechuun ajajni ykn jala murtiin kennamu immoo mirga ariitiidhaan murtii argachuuhimatamaa mana murtii jalaa Heera MRDFI kw. 20 keessatti ibsame ifatti kan sarbuu waan ta'uuf murtiin MMWO kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun diigee murtii MMO cimseera. Oliyyataan ammaas murtii Dh/Ij/MMWO kenne komachuudhaan gara MMWF Dh/ijibbaataatti iyyateera.

Manni murtii kunis iyyata dhiyaate ni dhiyeessi jechuu dhaan "iyyatni himannaafoyyeffachuuuf dhiyaate mana murtii jalqaba dhimmicha ilaaleen kufaa tahuus mana murtii Oliyyannoo dhagaheen fudhatamaa argachuun isaa mirga ariitiidhaan murtii argachuuhimataa Heera Mootummaa keessatti caqasame kan sarbuu dha moo miti? " kan jedhu irratti bitaa mirgi falmii isaanii barreeffamaan akka dhiyeessan taassiseera.

Oliyyataanis himannaan akka fooyya'uuf mana murtii jalaa sababa gaafateef yoo ibsu : himatamaan 1^{ffa} mana murtii jalaa oggaa aangoo irra tureetti caalbaasiitokko malee fi beekamtii qaama olaanaatin alatti maqaa haaromsuu (ጥንና) jedhuun konkolaataa mootummaa deebii kennaamammaatiif ykn himatamaa 2^{ffa} mana murtii jalaatiif kennuudhaan mootummaa qarshii

³⁵ Kom/Fa/Ma/Oromiyaa Vs Teediroos Abrahaa, M/dha/Ij/MMWF, jildii 20, lakk. 116405, gaafa 02/07/08 murtaa'e

2,000,000.00 (miiliyoona lama) dhabsiisee ture. Haa ta'u malee, hordoeffii taassifamaa tureen konkolaataa kana deebii kennaan ammaa aangawoota abbaa taayiitaa geejjibaa Mag/Finfinnee waliin ta'uun lakkoofsa motoraa fi shaansii haquudhaan ragaa abbummaa qabeenyaa (libree) maqaa isaatti jijiiruudhaan nama sadaffaatti gurguree namni sadaffaa kunis aangawootuma abbaa taayitaa geejjiba Ma/Finfinnee waliin waliigaluun deemsa seera maleessa ta'een konkolaataa kana bifa isaa jijiiruun konkolaataa uummata taassisuun magalaa Finfinnee keessatti akka tajaajila kenuu taassisaniiru. Raawwiin yakkichaa hirmaattoota biroo kan qabu, akkasumas hangi fayidaa seeraan alaa deebii kennaan ammaa fi hirmaatootni yakkichaa argatan dhuma irratti argame kan himanna jalqabaa keessatti caqasame daran kan caalu ta'ee argameera. Himanna erga hundeessineen boodatti wantootni haaraa argamuu isaaniitiif, kunimmoo murtii haqa qabeessa kennuuf mana murtiis ni gargaara waan ta'eef himanna akka fooyyeffannu MMO gaafanne jedhaniiru. Deebii kennaanis gama abukaatoo isaatiin dhagahaan gaggeeffamee ragaan bitaa mirgaa dhagahaamee yeroo wagga tokkoo fi ji'a ja'a booda himanna foyyeessuuf iyyatni dhiyaatu mirga murtii ariifataa argachuuf maammilli kiyya qabu kan miidhuu dha. Gama biraatin, yakkichaan wal qabatee hirmaatootni biroo boodarratti kan beekamaan yoo ta'e hirmaattota kana irratti himanna biraa banuuf seerri abbaa alangaa dhorku hin jiru. Kanaaf, murtiin mana murtii iyyaticha kufaa taassisuun kennname dogoggora waan hin qabneef nuuf haa cimu jedhaniiru.

MMWF dh/Ijibbaataa xiinxala gaggesseen bu'uura SDFY kw. 118 fi 119 tin iyyatni himanna foyyeessuu murtiin kennamuun dura yeroo kamittuu dhiyaachuu akka danda'uu fi manni murtii heeyyamuu akka danda'u kaa'a. Manni murtii hin heeyyamnes yoo ta'e sababa seera qabeessaa fi amansiisaa caqasuun ta'uu mala. Gama biraatin, qeqni MMWO dhaddachi ijibbaataa amansiisummaa fi seera qabeessummaa iyyaticha otuu hin taane iyyatichi kan dhiyaate galme qorannaaf bule irratti ta'uu isaa fi kunimmoo mirga ariiidhaan murtii argachuu himatamaa kan sarbu ta'uu irraatti kan rarra'eedha. Haa ta'u malee, sababni iyyata keessatti dhiyaate murtii haqa qabeessa kennuuf kan gargaaru ta'uu isaa, iyyatni himanna fooyyeessuu murtii dura yeroo kamittuu kan dhiyaatu ta'uu isaa fi mirgi ariiidhaan murtii argachuu tumaa seeraa hordofee kan mirkanaa'u malee adeemsa seeraa irra darbuu akka hin taane hubatamee otuu jiruu iyyatichi ragaan bitaa mirgaa dhagahaamee erga xumurameen boodatti dhiyaachuun isaa qofti mirga deebii kennaa sarba jechuun murtiin kennamu fudhatumummaa hin qabu. Kanaaf murtiin

MMWO Dh/Ijibbaataa fi MMO Go/Ad/Finfinnee dogoggora seeraa bu'uuraa waan qabuuf kufaa ta'ee kan MMWO cimeera jechuun murteesseera.

1. Murtii armaan olii qixa bakka qorannaan yakkaa duguugamee hin xumuramnetti himannaa banuu abbaa alangaa, yeroo wagga tokkoo fi ji'a ja'a booda ragaan bitaa mirgaa dhagahaamee erga xumurameen boodatti iyyatni dhiyaachuu isaa, akkasumas dhamaatii ragootaa, carraa abbaan alangaa himannaa bira hirmaattota haaraa boodarra adda bahaan irratti banuuf qabu, akkasumas qixa mirga ariitiin murtii argachuutin akkamitti ilaaltu?
2. MMO Go/Ad/Na/Finfinnee murtiin dhuma erga kenneen boodatti abbaan alangaa iyyatni himannaa foyyeeffachuuf mana murtii kanatti dhiyeesse kufaa ta'uu isaa komii biroo waliin walitti dabaluun MMWO tti dhiyessuu hin danda'uu turee?

2.1.3.2. Himannaa Kaasuu

Adeemsi dhagaya dhimma yakkaa kan eegalu himannaa abbaan alangaa hundeesssee mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyessuu ta'a. Adeemsi dhagahaa dhimmaa kun darbee darbee xumura osoo hin argatin jidduutti addaan cituu ni danda'a. Karaa adeemsi kun ittiin addaan cituun keessaa inni tokko abbaan alangaa himannaa kaasuudhaan ta'a. Haaluma kanaan akka SDFY kwt 122 irraa hubatamutti himannaa kaasuu jechuun galmee yakkaa mana murtii duratti dhiyatee ilaalamaa jiru tokko gaaffii abbaa alangaatiin himata kaasuun adeemsichi akka addaan citu taasisuu jechuu dha.

Kanumaan wal qabatee labsii abbaa alangaa waliigalaa federaalaa hundeessuuf bahe lakk. 943/2008 kwt 6(3-e) jalatti akka tumametti abbaan alangaa Mootummaa federaalaa bakka bu'uun himannaa yakkaa ni hundeessa, ni falma faayidaa ummataatif barbaachisaa ta'ee yoo argame himata ni kaasa akkasumas himata ka'ee ture akka itti fufu ni taasisa. Haaluma wal fakkaatuun labsii mana hojii abbaa alangaa naannoo Oromiyaa lakk. 214/2011 kwt 7(26) jalatti akka tumametti abbaan alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bakka bu'uun himata ni hundeessa, falmii ni gaggeessa, faayidaa uummataatif barbaachisaa ta'ee yoo argame himata ni kaasa akkasumas himata ka'ee ture akka itti fufu ni taasisa. Labsiilee kanneen irraa akka hubatamutti abbaan alangaa murtiin mana murtii kennamuun dura sadarkaa kamittuu himannaa yakkaa

kaasudhaaf aangoo qaba. Himanni yakcaa tokko kan ka'u kaayyoo mataa isaa kan qabu yoo ta'u abbaan alangaa waanuma himata kaasuuf aangoo qabu qofaaf kan kaasu osoo hin taane kaayyowwan kanneen galmaan gahuudhaafi. Kaayyoo kanniin keessaa inni murteessaan kaayyoo seera yakcaa galmaan gahuu ti.

Kaayyoon seera yakcaa biyya keenyaa faayidaa waliigalaatif jecha nageenya fi tasgabbii ummataa, jiraattotaa akkasumas mirgaa fi faayidaa ummataa fi hawaasa biyyattii eegsisuu fi mirkaneessuu dha³⁶. Galmi seera yakkaas yakki akka hin raawwatanne ittisu yoo ta'u kana galmaan gahuuf yakkootaa fi adabbii isaanii dursee tumuudhaan akekkachiisa kennuu dha. Akkasumas namoota akekkachiisa kana darbanii yakka raawwatan seeratti dhiyeessuun adabbii barsiisaa ta'e itti murteessuudhaan namoota biroofis akekkachiisa akka ta'u taasisuu dha. Kaayyoo fi galmi seera yakcaa kunis kan fiixa bahu namoota yakka raawwatan adabsiisuu qofaan miti. Labsiileen armaan olitti ibsamanis kan akeekan abbaan alangaa himanna dhiyeesse itti fufuun kaayyoo fi galma seera yakkaa milkeessuudhaan faayidaa uummataa eegsisuu hin danda'u jedhee yoo amane himanna addaan kutuu/ kaasuu ni danda'a kan jedhoo dha. Hima biraatiin kaayyoon himata kaasuu dantaa ummataa jiddu galeessa godhachuudhaan tasgabbii fi nageenya ummataa mirkaneessuun ol'aantummaa seera mirkaneessu dha. Haaluma kanaan himata dhiyaate itti fufuu caalaa addaan cituun isaa haawasa kan fayyadu yoo ta'e, abbaan alangaa himata kaasuu ni danda'a jechuu dha. Himanna ka'ee ture itti fufsiisuun barbaachisaa ta'ee yoo argame itti fufuun ni danda'ama.

Abbaan alangaa dantaa ummataatiif jecha himata yakcaa kamiyyuu sadarkaa kamittuu kaasuuf aangoo akka qabu ilaalleerra. Kanumaan wal qabatee gaheen mana murtii maal ta'u danda'a kan jedhus ilaaluun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan dhimmicha sirriitti hubachuudhaaf SDFY fi Labsii abbaa alangaa waliigalaa federaalaa hundeessuuf bahe lakk. 943/2008 fi labsii mana hojii abbaa alangaa waliigalaa Oromiyaa lakk. 214/2011 wal bira qabanii ilaaluun barbaachisaa dha. Bu'uura SDFY kwt 122(1) tiin abbaan alangaa himata yakcaa kaasuudhaaf hayyama mana murtii argachuu qaba. Akkasumas himata gosa hundaa kaasuu osoo hin taanee yakka ajjeechaa lubbuu lamaa cimaa fi wanbadummaa cimaa kaasuu hin danda'u. Himata gosa yakcaa kanaan ala jiru kamiyyuu kaasuuf gaafii dhiyessee gaafichi mana murtiitin fudhatama yoo argate murtiin dura sadarkaa falmii kamittuu kaasuu akka danda'u tuma. Hima biraatiin bu'uura keewwata

³⁶ Seeraa Yakcaa RDFI bara 1996 bahe kw. 1

kanaatiin manni murtii gaaffii himata kaasuu abbaa alangaa irraa dhiyaate ilaaluun himanni akka ka'u ykn akka itti fufu taasisuuf aango qaba. Dabalataanis abbaan alangaa himata akka kaasu mootummaan kan ajajame yoo ta'e kanuma mana murtiif dhiyeessuu akka qabuu fi manni murtiis kana yoo hubate himata akka kaasu hayyamuufii kan qabu ta'uu SDFY kwt 122(2) ni dirqisiisa. Manni murtiis himanni akka ka'u ykn ka'u hin qabu jechuun ajaja yoo kenu sababa ibsuu qaba.³⁷

Haata'u malee labsii abbaa alangaa waliigalaa federaalaa undeessuuf bahe lakk.943/2008 kwt 6(3-e) fi labsii mana hojii abbaa alangaa Oromiyaa lakk. 214/2011 kwt 7(26) jalatti akka ibsametti himata kaasuun aango abbaa alangaa akka ta'ee tumameera. Himata kaasuudhaaf sababni seera kanaan taa'e dantaa ummataatif barbaachisaa ta'uu isaa qofa. Gosa himataatin adda bahee kan hayyamamu osoo hin taane ulaagaa dantaa ummataa jedhu sana kan guutu taanaan yakka kamiyuu himanni ka'uu ni danda'a. Sababa kanas abbaan alangaa tokko tokkoon mana murtiitif akka ibsu seerri kun hin dirqisiisu. Mootummaatu akka himata kaasu ajaja natti kenne jedhees xalayicha mana murtiitif dhiyeessuun irraa hin eegamu. Kanaafuu, SDFY kwt 122(1,2 fi 4) labsiilee armaan olitti ibsamanin foyya'aaniiru. Labsiileen kunniin kallattiin aango abbaa alangaa murteessuuf kan bahanii fi seera booda bahe waan ta'aniif himata kaasu ilaalchisee SDFY kwt 122 caalaa fudhatama qabu. Gabaabamatti, abbaan alangaa himata kaasuuf sababa dhiyeessuu fi hayyama mana murtii argachuuf hin dirqamu.

Qabxiin biraas jalatti ilaalamuu qabu sababni abbaan alangaa himata kaasuuf maal ta'uu akka qabuu fi kunis akkamitti madaalamuu akka qabuu dha. Labsiileen sadarkaa federaalaa fi Naannoo Oromiyaatti Manneen Hojii abbaa alangaa hundeessan "faayidaa ummataatif barbaachisaa ta'ee yoo argame abbaan alangaa himanna kaasuuf aango ni qaba" jechuun ala faayidaan uummataa maal akka ta'ee fi barbaachisummaan isaas maaliini fi eenyuun akka madaalamu ifa hin goone. Gaafileen kunniin kanuma sammuu abbaan alangaa qofaaf dhiifaman fakkaatu. kun immoo hiikkoo garagaraatif kan saaxiluu fi kaayyoo seerichaatin ala bahuun aangootti seeraan ala fayyadamuuf saaxiluu danda'a. Kanaafuu, abbaan alangaa himata kaasuuf yoo murteessu gaalee "faayidaa ummataatif barbaachisaa ta'ee yoo argame" jedhu daangaa isii dhiphisee hiikuu qaba. Himanni dhiyaate tokko murtii dhumaargachuun qajeeltoo waliigalaa yoo ta'u himata kaasuun addaan kutuun immoo haala addaati. Haalli addaa (exception) immoo

³⁷ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa itiyoophiyaa kw. 122(4)

haala dhiphaa ta'een hiikamuu qaba. Himata kaasuun dantaa ummataa kabachiisuudhaan kaayyoof galma seera yakkaa kan mirkaneessu ta'uutu irra jiraata jechuu dha.

Kana jechuun, abbaan alangaa himata kaasuuf aangoo waan qabuuf qofa akka barbaadetti fi yeroo barbaadetti himata kan kaasu osoo hin ta'in dantaa uummataa jiddu galeessa godhachuu akka qabuu dha. Abbaan alangaatis akka qaama mirga namoomaa kabachiisuuf dirqama qabu tokkootti yeroo himata kaasuuf murteessu raawwiin isaa mirga himatamaa fi mirga ummataa akka waliigalaatti kan hin miine ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba. Himata addaan kutuun ykn kaasuun haqa mirkaneessuu keessatti bu'aa kan buusu ta'uu qaba. Kanaafuu, abbaan alangaa yeroo himata kaasu dantaa waliigalaa uummataa xiyyeefannaa keessa galchuudhaan kaayyoo fi galma seera yakkaa mirkaneessuu isaa sirriitti hubachuu qaba. Haata'u malee, yeroo tokko tokko sababa quubsaa hin taaneen himanni yoo ka'u ni mul'ata. Fakkeenyaaaf, himatamaan bilisa bahuuf deema jechuudhaan himata kaasuun darbee darbee ni mul'ata. Kun immoo kaayyoo abbaa alangaa irraa maquu ta'a malee ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu waliin wal hin qabatu. Abbaan alangaa adabsiisuu qofaaf osoo hin taane haqaaf dhaabbachuutu irra jiraata. Kanaafuu, abbaan alangaa yeroo barbaade himata kaasee yeroo kaan immoo akka itti fufu taasisuun mirga saffisaan haqa argachuu kabajuudhaan ol'aantummaa seeraa fi haqaaf dhaabbachuu isaa qabatamaan mirkaneessuu dandahuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Bu'uura SDFY kw. 122/1/ tiin himannaan SY kw. 539 /ajjeechaa suukaneessaa/ fi SY kw. 671/ samicha cimaa/ hundaa'een wal qabatee abbaan alangaa himanna kaasuu akka hin dandeenye ni kaasa. Labsii MHAAW Mootummaa RDFI lakk. 943/2008 fi Labsii MHAAWO lakk. 214/2010 dhaan daangaa 'dantaa uummataa' jedhu jalatti kufuu danda'uu?
2. Murtiin balleessimmaa erga kennameen garuu murtiin adabbi otuu hin kennamiin dura iyyatni himanna kaasuu dhiyaachuu danda'aa?

Dhimma 4: Dhimmi kun MMWF Dha/Ijibbaataa galmee lakk. 127312³⁸ irratti kan ilaalam yoo ta'u falmiichi yeroo jalqabaaf kan dhiyaate Go/Gojjam Bahaa Aanaa Innamaayiittii dha. Himannaan abbaan alangaa aanaa himatamtootni afur: himatamtoota 1^{ffaa}-3^{ffaa} jiran SY kw.

³⁸ Falmii AAWMNA vs Isheetuu Lulee (4), M/Dha/Ij/MMWF, jildii 21, lakk. 127312, 23/09/09 murtaa'e

32(1)a fi 555(b) akkasumas himatamtuun 4^{ffaa} SY kw. 27(1) fi 556(2) irra darbuun miidhamaa irratti miidhaa qaamaa qaqqabsiisaniiru kan jedhu yoo ta'u MMA Innamaayii falmicha galmee lakk. 0202415 irratti ilaala tureera. Himatamtootni kunneenis himannaan ammaa kun dursa galmee biroo irratti nurratti dhiyaatee ilaalamaa kan ture waan ta'eef amma bifaa haaraan galmee haaraa irratti nurratti dhiyaachuu hin qabu jechuun mormii kaasaniiru. Mormii kanas manni murtii bira darbee ragaa abbaa alangaa kan dhagahe yoo ta'u Him. 1^{ffaa} SY kw. 556(2)a jalatti Him. 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} SY kw. 555(b), Him. 4^{ffaa} keewwatuma himatamte jalatti akka ofirraa ittisaniif ajajeera. Himatamtootaaf beellamni garagaraa kennamuus yeroo kaan ragaa otuu hin dhiyeessiin yeroo kaan abukaatoo waliin otuu hin dhiyaatin hafuu isaaniit manni murtii mirgi ragaa ittisaa himatamtootaa irra darbuun keeyyatuma akka ofirraa ittisan ajajame jalatti murtiin balleessummaa kennamuudhaan Him. 1^{ffaa} hidhaa salphaa ji'a afur, Him. 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} wal duraa duubaan hidhaa salphaa waggaa 2 fi ji'a afurii, fi hidhaa salphaa waggaa 2 fi ji'a sadii, him. 4^{ffaa} hidha salphaa ji'a tokko adabeera.

Himatamtoonni Mana murrtii aanaas murtii mana murtii jalaa kana komachuudhaan gara Mana murtii Olaanaa Godina Gojjam Bahaatti Oliyyataniiru. Komii isaaniis kun ture abbaan alangaa jalqabatti SY kw. 556 (2) irra darbuun himanna nurratti kan dhiyeesse yoo ta'u himanna kana gara SY kw. 555(b) tti fooyeessee dhiyeessuuf iyyata isaa MMA kan dhiyeesse yoo ta'ees manni murtii iyyata isaa kufaa taassisee ture. Kana booda himanna jalqaba hundeesse kana kaasuudhaan galmee haaraa isa ammaa irratti (oliyyannoonaan kan irratti fudhatame) himanna haaraa nurratti hundeessuun isaa akkasumas himanna haaraa kana irratti mirgi ofirraa ittisuun keenya irra darbamee murtiin kenname dogoggora mana murtii jalaan raawwatame waan taheef murtiin galmee lakk. 0202415 irratti kenname nuuf haa diigamu jedhaniiru.

Manni murtii olaanaa Oliyyata dhagahaa tures galmee jalqabaa himanni dursa irratti dhiyaate lakk. 0202368 mana murtii aanaa Innamaayii irraa dhiyeessisuudhaan yoo ilaalu galmee kana irratti abbaan alangaa himanna isaa himatamtoota afranuu irratti SY kw. 556(2) irra darbaniiru kan jedhu hundeessuun ragaan abbaa alangaa dhagahaamee himatamtoonni akka ofirraa ittisaniif erga ajajameen boodatti himatamtoonni miidhaa qaamaa cimaadhaan himatamuu qabu ture jechuun iyyata himannaan fooyeffadha jedhu mana murtiif dhiyeessee kan tureefii, manni murtii aanaas iyyata kana kufaa jalaa taassifnaan himanna kana kaasuudhaan galmee haaraa (lakk. 0202415) irratti himanna oliyyannoonaan irratti fudhatame hundeessuun isaa hubatameera.

Manni murtii Olaanaas falmii bitaa mirgaa erga dhagaheen boodatti himannaas foooyyeessuuf wal falmitootni iyyachuu akka danda'aan seerri kan aangeesse fi manni murtiis iyyata kana irratti ajaja itti amane kennuu akka danda'u kaasaniiru. Iyyata gal mee fooyyeeffadhaa irratti manni murtii ajaja erga kenneen booda falmiin kan itti fufuu qabu galmeedhuma jalqabaa irrattiidha malee gal mee haaraa banuun barbaachisaa miti. Dabalataanis, ragootni ittisaa waraqaan waamichaa isaan qaqqabee akkasumas Poolisiidhaanis akka dhiyaataniif ajajni kennamus kan dhiyachuu hin dandeenye ta'ee otuu jiruu abukaatoon keenya waan hin argamneef beellamni biraan nuuf haa kennamu jechuun gaaffii gama oliyyattoota ammaa ykn himatamtoota mana murtii jalaatiin dhiyaate manni murtii jalaa bu'uura SDFY kw. 94 tin ilaaluu otuu qabuu mirga ofirraa ittisuu himatamtootaa bira darbuun fudhatamummaa hin qabu. Manni Murtii Olaanaa kun sababoota kunneen caqasuudhaan murtii mana murtii jalaa gal mee lakk. 0202415 irratti kenname kufaa taassisuun manni murtii aanaa falmii gal mee jalqabaa lakk. 0202368 irratti akka itti fufuu ajajuun murteesseera.

Abbaan alangaas murtii mana murtii olaanaan kenname komachuudhaan MMW Mot/Na/Amaaraatti iyyateera. Manni murtii kunis murtii mana murtii olaanaa cimseera. Itti fufuinis abbaan alangaa gara dhaddacha ijibbaataa MMW MNA tti iyyatuus murtiin mana murtii jalaan kenname dogoggora seeraa bu'uuraa hin qabu jechuun otuu hin dhiyeessisa hin jedhiin hafeera.

Oliyyataan ammaa murtiilee kunneen komachuudhaan dogoggori seeraa bu'uuraa mana murtii jalaan uumameera jechuun Dha/Ij/MMWF tti iyyateera. Ijoon komii iyyataas abbaan alangaa murtiin kennamuun dura yeroo barbaade kamittuu himannaas isaa akka hin foyeessineef seerri dhorku kan hin jirre ta'uu ibsuun, akkasumas ragaan mana yaalaa isa dhumaan otuu hin eegiin himannaan dhiyaate miidhaa qaqqabe waliin yoo ilaalamu haqa qabeessa waan hin taaneef himannaas yakkaa miidhaa qaqqabe waliin wal gitu fooyyeessuudhaan hundeessuun seera kamiyyuu irra darbuu waan hin taaneef murtiin mana murtii aanaa naaf haa cimu jedheera. Komii dhiyaate irratti himatamtoonni 3^{ffa} fi 4^{ffa} mirgi deebii kennuu isaanii kan bira darbame yoo ta'u himatamtoonni 1^{ffa} fi 2^{ffa} deebii kennaniiru. Deebii kennaniinis abbaan alangaa himannaas isaa murtiin duratti yeroo kamittuu kaasuu kan danda'u yoo ta'eess, garuu kaasuu kan qabu bifa fudhatamummaa hin qabnee ta'uu hin qabu. Dabalataanis, MMO murtii mana murtii jalaa kan diigeef himannichi SY kw. 556 irraa gara SY kw. 555 maaf jijirrame yaada jedhuun

otuu hin taane sababa iyyatni himannaa fooyyeeffadha jedhu kufaa tahe qofaaf abbaan alangaa himannaa dursa hundeesse kaasuun gal mee haaraa irratti himannaa fooyyeessee banuu hin qabu kan jedhuu dha. Kanaaf, murtiilee mana murtii jalaan kennaman keessatti dogoggorri seeraa waan hin jirreef iyyatni kun kufaa yaa ta'u jedhaniru.

Gaaffii Marii

1. Tarkaanfilee himannaaa fooyyeessuu fi kaasuu dhimma armaan olii keessatti mul'ate qixa kaayyoo himannaa fayyeessuu fi kaasuu, qixa tumaa SDFY kw. 118 fi 119 akkasumas qixa Heera Mootummaa RDFI kw. 20 tiin xiinxaluudhaan mari'adhaa.
2. SDFY kw. 40(1), 41 fi 38 tin abbaan alangaa himannaa isaa hundeessuu kan qabu qoranna hin xumuramne irratti otuu hin taane qorannaan erga xumurameen booda qofa ta'u akka qabu seerri kan kaa'uu dha. Haa ta'u malee, mana murtii jalaatti sababa himanna fooyyeessuuf abbaan alangaa dhiyeessee ture akkamitti madaaltu?

2.2. Dhagahaa Ragaa

2.2.1. Maalumaa Ragaa

Seerota biyya keenya keessatti keewwatootni ragaa ilaallatan hedduun jiraatanis ragaa jechuun maal jechuu akka ta'e kallattiidhaan hiika hin kennan. Kanaafuu maalummaa ragaa ilaachisee hiikkoo argachuuf maddoota biroo ilaaluun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan galmeen jechootaa 'Black's Law Dictionary' jedhamu Ragaan (evidence): "*Something (including testimony, documents, and tangible objects) that tends to prove or disprove the existence of an alleged fact*" jechuun hiika kenneefii jira.³⁹ Akka hiika kanaatti ragaa jechuun wantoota jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu ijoo dubbii barbaadame tokkoo mirkaneessuuf dhiyaatan yoo ta'u ragaa namaa (shaahida ykn naqaashii), ragaa barreeffamaa (sanada) fi meeshaalee adda addaa (cira) kan hammatuu dha. Kanarraa akka hubatamutti ragaan dhimmootni ykn firiiwwan dubbii ragaadhaan akka qulqulla'an barbaadaman jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu isaanii ilaachisee qaama murtii kenu amansiisuuf yaadamee wantoota dhiyaatan kamiyyuu kan hammatu ta'u isaati.

³⁹ Black's Law Dictionary (8th ed. 2004)

Dabalataan hayyuun seeraa Y.V Chandrachud jedhaman waa'ee hiika ragaa (evidence) kitaaba "The law of Evidence" jedhu keessatti "*Evidence means the testimony, whether oral, documentary or real which may be legally required in order to prove or disprove some facts in dispute*" jedhanii ibsaniiru. Akka hiikkoo kanaatti 'Ragaa jechuun jecha ragummaa, afaaniin, sanadaan ykn qabatamaan ijoo dubbii mirkaneessuuf ykn hubachiisuuf seeraan dhiyaatudha'.⁴⁰

Odeeffannoo bifaa ragaatiin mana murtiitif dhiyaatu ragaadha kan isa jechisiisu ijoo dubbii mana murtiitin qabame ykn yaada guduunfaa tokko dhugummaa ykn sirrummaa isaa mirkaneessuu (prooving fact in issue or conclusion) ykn dhugaa (sirrii) ta'uu dhabuu mirkaneessuu (disprooving any fact in issue or conclusion) kan danda'u ta'uu isaati. Kana jechuun ragaan firii dubbii ykn dhimmoota falmiif sababa ta'an dhugummaa ykn soba ta'uu isaanii mirkaneessuuf kan dhiyaatu malee falmii seeraa mirkaneessuuf ykn fashaleessuuf kan dhiyaatu miti. Falmiin seeraa furmaata kan argatu seera qorachuun ta'a malee ragaa dhiyeessuun miti.

Gama biraatin, maalummaa ragaa (evidence) fi ragaa hubachiisuudhaaf (dhiyeessuudhaaf) maloota itti fayyadaman addaan baasuun barbaachisaa dha. Akkuma armaan olitti ibsame ragaan firii dubbii tokko jiraachuuf jiraachuu dhabuu ykn sirrummaa isaa mirkaneessuuf ykn fashaleessuuf yaadamee firii dubbii mana murtiif dhiyaatuu dha. Firii dubbii (ragaa) kana mana murtiitif ibsuuf malootni (karaan) itti fayyadamnu ragaa dhiyeessinee akka dhagahamu gochuu, sanada dhiheessinee qabiyyee isaa hubachiisuu, ykn meeshaa qabatamaa (cira) dhiyeessuun manni murtii hubanno akka argatu gochuu ta'uu ni danda'a. Jechi ragaan mana murtiitif ibse, ykn firii dubbii manni murtii ragaa sanadaa ykn meeshaa qabatamaa (cira) irraa hubate (hubanno manna murtii) ragaa (evidence) yoo ta'u ragaa kanniin manni murtii akka beekuuf ragaaleen (naqaashii, sanadni ykn meeshaan cira) immoo maloota (Modalities of proof) jedhamu. Biyyoota akka Ingiliiz, Ameericaa fi Hindii keessatti seerota ragaa fi hoogbarruulee seera ragaa isaanii ilaallatan irraa akka hubatamutti ragaa (evidence) fi maloota ragaan ittiin

⁴⁰ Justice Y.V. Chandrachud, The law of evidence ,wadhawa and company Nagpur ,21st Edition (2006) p.8-9 (Inistiitiuyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatti, Moojulii mata dureen isaa 'Rogummaa, Fudhatamummaa fi Madaallii Ragaa' jedhu Angessaa Itichaa fi Haabtaamuu Bultiitiin barreefamee bara 2012 Aangessaa Itichaatin fooyya'e fuula 5 irratti akka ibsametti)

hubachiifamu (proof) addaan baasanii fayyadamuun baratamaa dha.⁴¹ Seerri biyya keenyaas haala kana kan hordofe ta'uusaa tumaaleen agarsiisan ni jiru. Fakkeenyaaf, SDFY kwt 147 mata dureen "ragaa gal mee keessatti barreessuu" eega jedhee booda ragaa jedhamee gal mee keessatti kan galmaa'u jecha ragooni dubbatan ta'uusaa ni ibsa. Haata'umalee muuxannoowwan manneen murtii fi manneen hojii abbaa alangaa biyya keenya yoo ilaallu jecha 'ragaa' jedhu firii dubbii (ragichaa) fi tooftaa ittiin mana murtii hubachiifne waljala jijijiiruudhaan itti fayyadamuun ni mul'ata.⁴² Jechoota lamaan keessaa maal ibsuu akka barbaadame haala jechichaa fi ergaa dabarsuun barbaadame (contextual) irraa hubachuun barbaachisaa dha. Barreeffama kana keessattis bifuma kanaan kan fayyadamne ta'uu hubachuun barbaachisaa dha.

2.2.2. Gosa Ragaa

Gosoota ragaa wantoota gara garaa irratti hundaa'uun addaan quoduun ni danda'ama. Qoodamiinsi ragaa kunis wantoota irratti hundaa'amee qoodame saniin adda bahee beekama. Haaluma kanaan ijoo dubbii hubachiisuudhaaf maloota fayyadamnu irratti hundaa'uun, ragaa namaa (testimonial evidence), ragaa sanadaa (document evidence) fi ragaa ibsituu (real or demonstrative evidence) jennee quoduu dandeenyaa. Gama biraatiin walitti dhufeenyaa ijoo dubbii fi firiin dubbii ragaa ta'ee dhiyaatu sun waliin qaban irratti hundaa'uun ragaa kallattii (Direct evidence) fi ragaa alkallattii/naannawaa (circumstantial evidence) jedhamee qoodamuu ni danda'a.⁴³ Maddoonti tokko tokko immoo akkuma waliigalaatti ragaa namaa (testimonial evidence) fi ragaa ibsituu (physical/real evidence) jechuun bakka lamatti quodu.⁴⁴ Seerri deemsa falmii Itiyoophiyaa kw. 137(1) jalatti ragaa kallattii fi ragaa naannootiif beekamtii kenneera. Kunis:

"Questions put in examination-in-chief shall only relate to facts which are relevant to the issues to be decided and to such facts only of which the witness has direct or indirect knowledge."
Jechuudhaani.

⁴¹ Giddugala Leenjii Ogeeyyota Qaamolee Haqaa Federaalaa, Moojulii Seera Ragaa, Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e, fuula 7.

⁴² Kanuma Olii

⁴³ ILQSO tti Moojulii, Rogummaa fi Madaallii Ragaa, jedhu Obbo Angessaa Iticha fi Obbo Haabtaamu Bultiitiin barreeffamee Obbo Angessaa Itichaatiin fooyya'e (2012), fuula 8 irraa kaafnee dubbisuun ni danda'ama.

⁴⁴ Types of Evidence, fuula 34 <http://www.casdschools.org>, PDF, gaafa bitootessa 8, 2012 (March 17/2020) daawwatame

2.2.2.1. Ragaa Kallattii

Ragaan ijoo dubbii falmisiif sababa ta'e waliin walitti dhufeenyä kallattii qabu ragaa kallattii (direct evidence) jedhama. Ibsa biraatiin ragaan kallattii ragaa ijoo dubbii falmisiisaa ta'ee fi ragaadhaan qulqullaa'uu qabu kallattiin beekuu fi mana murtiif ibsuu dha.⁴⁵ Fakkeenyaaf, ragaa namaa mana murtii duratti dhiyaatee waan qaamota miiraa isaatin hubate ibsu, ragaa sanadaa, suuraa fi kkf kallatiidhaan gochaa yakkaa waliin walitti dhufeenyä qaban mana murtiif dhiyeessuun manni murtii hiikkoo mataa ofii akka itti kennu taasisuun akka ragaa kallattiitti fudhatamuu ni danda'a.

2.2.2.2. Ragaa Naannoo (Circumstantial evidence)

Ragaan naannoo ragaa alkallattii haalota naannoo yakkaa ibsuu fi tilmaamni irraa fudhatamee guduunfaa tokkorra akka gahamu gargaaruu dha. Kallatiidhaan ijoon dubbii falmisiisaa ta'e jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa kan mirkaneessu osoo hin taane guduunfaa amansiisaa irra akka gahamu kan qajeelchu (leading to a logical conclusion) dha.⁴⁶ Fakkeenyaaf, himatamaan qawweedhaan nama ajjeese jedhamee himata dhiyaateef ragaaleen dhiyaatan himatamaan dhukaasee ajjeesuu isaa kan argan osoo hin taane himatamaan du'aa waliin wal dhaba qabaachuu isaa, osoo du'aan hin ajjeefamin guyyaa muraasa dura himatamaan qabeenya ofii gurguratee qawwee kan bitate ta'u isaa fi akkuma du'aan ajjeefameen iddo jirenya isaatii badee hordoffii poolisiitin kan qabame ta'u isaa kan ragaa bahan yoo ta'e ijoo dubbii qabame (himatamaan qawween dhukaasee kan ajjeese ta'uuf dhiisuu isaa) kallattiin kan beekan osoo hin taane karaa naannawaatiin hubachiisan jechuu dha.

Yeroo baay'ee yakki kan raawwatamu haala dhokataa ta'een waan ta'eef haala salphaa ta'een ragaa kallattii argachuun rakkisaa ta'u danda'a. Haalli akkasii yeroo mudatu filannoон jiru firii dubbii falmisiisaa ta'e (disputed fact) ragaa naannootiin (yoo jiraate) mirkaneessuu qofa ta'a jechuu dh. Haata'u malee ragaa naannoo irraa kaanee guduunfaan irra gahuu dandeennu dogongora ta'uwaan maluuf of eeggannoogochuun barbaachisaa dha. Abbaan alangaas ragaa naannoo qofarratti hundaa'ee himanna yoo dhiyeessuu fi manni murtiis ragaadhuma kanarratti

⁴⁵ Rishee Rhudra and Shubham Aparajita, Evidence: Its Role and kinds, (International Journal of Law and Legal Jurisprudence Studies: ISSN: 2348-8212: Vol. 2 Issue 7), fuula 328.

⁴⁶ Kahasay Debesu and Andualem Eshetu, Law of Evidence: Teaching Materials, Prepared Under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute (2009) fuula, 30.

hundaa'ee ajaja kamiyyuu yoo kenuu of eeggannoo gochuu qaba jechuu dha. Kanaafuu, ragaaleen naannoo haala wal deeggaruun ida'amni isaanii yaada guduunfaa irra akka geennu kan gargaaran malee kophaa kophaa kan dhaabbatanii fi wal faallessan ta'uu hin qaban. Ragaalen naannoo kan wal faallessan yoo ta'e dandeettiin mirkaneessummaa isaanii (capacity to prove) ni xiqqaata.

Haala madaallii fi mirkaneessummaa ragaa naannoo ilaachisee manni murtii waliigalaa federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneera. Haaluma kanaan ragaaleen naannoo ragaa amansiisaa fi mirkaneessuu danda'u jedhamanii fudhatamuudhaaf wantoota madaallii keessa galuu qaban ibseera. Kunis ragaaleen naannoo yakka raawwatame tokko mirkaneessuudhaaf gahumsa qabaachuu kan danda'an osoo yakkichi hin raawwatamin duraa fi eega raawwatamee booda haalota turan irratti wanti (firiin dubbii ragaan mirkaneesse) qabiyee haala amansiisaa ta'een guduunfaa himatamaan yakkicha raawwateera jechuu dandeessisu irra nama geessu qabaachuu qaba. Dabalataan ragaaleen naanno kan wal deeggaranii fi gidduu isaaniitti qaawa kan hin uumne (wal hin faallessine) ta'uu kan qaban yoo ta'an himatamaan yakkicha raawwachuu isaa kan mirkaneessan ta'uu qabu malee guduunfaa (logical conclusion) himatamaan yakkicha hin raawwanne jedhu irra kan hin geessine ta'uu qabu. Ragaaleen naannoo madaallii sammuu kamiinuu carraa fi haalli yakkichi himatamaan osoo hin taane nama biraatiin raawwatamuu danda'a jedhu kan hin jiraanne ta'uu haala gahumsa qabuu fi amansiisaa ta'een hubachiisuu yoo danda'an qofa fudhatama argachuu akka qaban murteesseera.⁴⁷

2.3. Ragaa Dhagahuu

Dhagahaan dhimmaatiin wal qabatee ragaan gosa adda addaa kan dhaga'amu yoo ragootni kunneen ragaa abbaa alangaa, ragaa ittisaa, ragaa dabalataa abbaa alangaatiin gaafatamu, ragaa dabalataa himatamaadhaan gaafatamu, ragaa dabalataa mana murtiidhaan dhiyaatu. Sirna keenniinsaa fi fuudhinsa ragoota kanaa kutaa armaan gadii keessatti tokko tokkoo kaasne kan ilaallu ta'a.

⁴⁷ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaalaa, Fayyisaa Maammoo fi Abbaa Alangaa federaalaa, galmeek lakk. 109441 gaafa 17/05/2008 murtaa'e, Jiildii 19ffaa fuula 250.

2.3.1. Mormii Ragaa Irratti Dhiyaatuu fi Ajaja Mana murtii

Ragaan dhiyaate ilaalchisee abbaan alangaa ykn himatamaan mormii dhiyeessuu akka danda'an SDFY kw. 146 jalatti ni kaa'a. Mormiin ka'u ragichi dhiyaachuu hin qabu ykn ragaan dhiyaatee jiruu⁴⁸ gaaffii akka hin gaafatmneef ta'uu danda'a. Sababni isaa ifaan seera keessatti kaa'amuu baatuus gama rogummaa ykn seera dhabeessummaa ykn sababa birootin ta'uu mala.⁴⁹ Mormii kana himatamaan ragaa abbaan alangaa dhiyeesse irratti kaasuu yoo malu abbaan alangaa ragaa itisaa irratti dhiyeessuu mala. Mormiin kun yeroo ka'ee jiruutti manni murtii mormicha galmeessuudhaan ajaja barbaachisaa ta'ee yeroodhuma sanatti kennuu qaba. Ajajni kunis ragaan dhiyaachuu qaba ykn dhiyaachuu hin qabu ykn gaaffiin gaafatamuu qaba ykn gaafatamuu hin qabu kan jedhuu⁵⁰ ta'a jedhameetti tilmaamama.

Mormiin ragaa irratti yeroo kam dhiyaachuu akka qabu danda'u SDFY kw. 98(1)(i) irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis jechi ragaa kennamuu jalqabuun booda ykn jechi ragaa illee kennamaa otuu jiruu mormii kaasuun akka danda'aamuu dha. Erga jechi ragaa kennamuu jalqabeen booda yoo ta'e manni murtii fuudhinsa jecha ragaa adda kutuun mormii ka'e galmeessee murtii barbaachisu kennuu qaba.⁵¹ Manni murtii mormii kunneen irratti beellama biraa kennuu ykn ragaa biraa dhagahuuf deemuun barbaachisaa miti. Yeroodhuma sanatti ajaja kennuu qaba.

Qaphxii marii

1. Firoomni ykn lolli nama ragaa kennuuf dhiyaatee fi miidhamaa ykn himatamaa gidduu jiru ragaa dhiyaate bu'uura SDFY kw. 146 tin mormuuf ka'umsa (ground) ta'uu danda'aa? Mormii kana irratti manni murtii ajaja akkamii kenna jedhamee tilmaamama?
2. Ragaan akkamiituu gaaffii akka hin gaafatmneef mormamuu danda'aa? Haala kam keessatti mormiin kun dhiyaachuu danda'aa? Keessumaa qixa daa'iiman yakka raawwatani himatamaniitiin, daa'imman yakki irratti raawwatameetiin kaasaatii irratti mari'adhaa.
3. Mormiin ragaa irratti dhiyaachuuf sababa tahuu kan malan maaliidha? Irratti mari'adhaa.

⁴⁸ Miil-jalee 31^{ffaa}, fuula 385

⁴⁹ Seera Deemsa falmii Yakcaa Itiyoophiyaa, kw. 98(1)(i)

2.3.2. Ragaa Abbaa Alangaa Dhaga’uu

Himatamaan jecha kenneen himannaa irratti dhiyaate guutummaadhaan kan waakkate ykn hanbifannaadhaan kana amane ykn jecha amantaa wakkii kennuu irraa kan of qusate ykn kan callise yoo ta’e akkasumas jecha amantaa kennee garuu manni murtii ragaa dhaga’uu yoo itti amanee jiraate ta’e ragaan abbaa alangaa dhaga’amuu jalqaba. Bu’uura SDFY kw. 124 tiin ragaan abbaa alangaas ta’e kan himatamaan kan dhiyaatu beellama dhagahaaf qabame irrattii dha. Hojimaata keessatti yoo ilaalamo garuu gaafa dhagahaaf beellamametti ragaan abbaa alangaa qofti kan dhiyaatu ta’ee ragaan ittisaa garuu himatamaan akka ofirraa ittisuuf bu’uura SDFY kw. 141 tin erga ajajameen booda dhiyaata.

Ragaa abbaa alangaa dhagahuu jalqabuun dura abbaan alangaa qabiyyee himannaa isaatii fi gosa ragaa isaa haala loogummaa irraa bilisa ta’een dhaddachaaf ibsuu qaba.⁵⁰ Gosa ragaa isaa jechuunis: ragaa namaa, ragaa ogeessaa fi ragaa sanadaa isaa erga dhaddachaaf hubachiiseen booda tokko tokkoo ragaa dhiyaatanii ijoo dubbii /facts/ himannaa yakkaa hundeessan keessaa isa kam mana murtiif akka ibsan mana murtiif ifa ni taassisa. Manni murtiis ijoo abbaan alangaa ragaa waliin qabsiisuun kaase galmeessuu qaba. Qabatamaadhaan hojimaata keessatti kan mul’atu abbaan alangaa ijoo dubbii ragooni isaa mirkaneessaniif akka qabsiifatuuf manni murtii yeroo gaafatuutti bifa waliigalaatiin ragooni kiyya *bu’uruma himannaa dhiyaateetin naaf mirkaneessu* jechuun yaada yoo kennu mul’ata. Hojimaatni kun sirna fuudhinsa ragaa keessatti ragoota dhiyaatan wantoota isaan hin beeknee fi raguudhaaf hin dhufne gaafachuun fuudhiinsi ragaa dadhabsiisaa kan taassisuu dha. Rakkooleen hojimaata keessatti mul’atan kan biroo manni murtii ijoo ragaa osoo hin qabsiisin gara dhagaha ragaatti cehuu fi abbaan alangaa ijoo ragaa isaa qabsiifachuu yoo barbaade haa qabsiifatu jechuun aangoo (*discretion*) ijoo ragaa qabsiisuu A/Alangaaf dhiisuu dha. Hojimaatni kunneen tumaa SDFY kan faalleessanii dha.

Bu’uura SDFY kw. 136/2/ ragaan abbaa alangaa kan ogeessaas ta’e ragaan namaa dhaddachatti akka dhiyaataniif erga waamamaniin boodatti wanta beekanii fi dhugaa ta’e qofa dubbachuu ni kakatu ykn ni mirkaneessu. Ragootni dhaddacha irratti jecha kennuu danda’aan kanneen maqaan isaanii jalqaba tarreffamee mana murtiitti galii ta’ee qofaa dha. Ragoota kanneen maqaan isaanii bu’uura SDFY kw. 124 tiin mana murtiitti ibsamaniin ala dhiyeessuu fi dhageessisuu hin danda’amu. Ragoota kunneen ala abbaan alangaa dhiyyeffachuu ni barbaada yoo ta’e bu’uura

⁵⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 136(1)

SDFY kw. 143/2/ ragootni dabalataan dhiyaatan kunneen ijoo dubbii murteessaa ta'e mirkaneessuuf kan dhiyaatanii fi kan akka dhiyaataniif barbaadame kenniinsa haqaa lafarra akka harkifatu gochuuf akka hin taane mana murtii amansiisuu qaba. Dabalataanis, dhagahaan dhimmaa mana murtii Olaanaatti ta'ee ragoota jecha isaanii qorannoo dursaa irratti /preliminary inquiry/ kennaniin alatti abbaan alangaa ragoota biroo maqaa isaanii fi gosa ragaa isaan kennuuf jiran himatamaa beeksiisuudhaan dhiyeffachuu akka danda'u SDFY kw. 143/3/ jalatti kaa'eera. Kanaan alatti ragaa barbaadan yeroo barbaadeetti dhiyessuuf abbaan alangaa aangoo hin qabu.

Ragaan abbaa alangaa dhaddachatti dhiyaatanii dhugaa dubbachuuf erga kakatanii ykn mirkaneesaniin booda jecha isaanii wal duraa dubaan kan kennan ta'a. Ragaan abbaa alangaa jecha kennuun dura maqaan, teessoon, hojii fi umuriin isaa/ishee akkasumas kakachuu ykn dhugaa dubbachuuf kan mirkaneessan ta'ee ni galmaa'a.⁵¹ Kanaan alattis hojimaata keessatti kan mul'atu firooma ragaa fi himatamaa gidduu jiruu kan galmaa'uu dha. Haalli fuudhinsa jecha ragaas gaaffii duraa, gaaffii qaxxaamuraa fi gaaffii keessa deebii jechuun dhaan kan gurmaa'u ta'a. Haalli barreffama jecha ragaa bifaa yaa'iinsaa /narrative/ ta'uu qaba. Barbaachisaa yoo ta'eetti abbaan seeraa gaaffilee ka'anii fi deebii kennaman jechuun barreessuu ni danda'a.⁵²

Bu'uura SDFY kw. 137 tin gaaffiin duraa kan gaafatamu abbaa alangaatin ta'ee yakka raawwatame ilaalcissee ragaan dhiyaatee jiru bifaa kallaatti ykn ala kallattii ta'een wanta beekuu fi rogummaa qabu qofa akka mana murtii hubachiisuufi dha. Jechi inni kennu ijoo abbaan alangaa bu'uura SDFY kw. 136 tin naaf hubachiisa jedhe mana murtii qabsiifate qofa ta'uu qaba. Gaaffii duraa keessatti heeyyama himatamaa ykn abukaatoo himatamaatin alatti abbaan alangaa ragaa isaa gaaffii qajeelchaa gaafachuu hin danda'u.⁵³

Abbaan alangaa gaaffii duraa gaafachuudhaan erga xumureen booda jecha ragaa gaaffii qaxxaamuraa keessatti kennname dogoggora kan ture ta'uu isaa ykn dhugaa ta'uu dhiisuu isaa ykn shakkisiisaa ta'uu isaa agarsiisuuf himatamaan ykn abukaatoon isaa gaaffii qaxxaamuraa ragaa abbaa alangaa kan gaafatu ta'a.⁵⁴ Kaayyoona gaaffii qaxxaamuraa kana hanga ta'e jiruutti gaaffilee gaaffii duraa keessatti hin kaaneef jechi ragaa irratti kennnamee hin jirre irratti gaaffii qaxxaamuraa keessatti kaasuun hin danda'amu. Gaaffii qaxxaamuraa keessatti ijoo muraasa irratti

⁵¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 147

⁵² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 147

⁵³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 137/2/

⁵⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 137/3/

otuu hin gaafatmiin kan hafe yoo ta'eetti firii dubbii /fact/ gaaffiin irratti hin gaafatamne himatamaan akka amaneetti kan lakkaa'amu akka hin taane SDFY kw. 140 jalatti kaa'eera.

Gaaffiin qaxxaamuraa gama himatamaatin ykn abukaatoo isaatiin ka'ee erga xumurameen boodatti abbaan alangaa gaaffi keessa deebii kan gaafatu ta'a. Gaaffiin keessa deebii kan gaafatamuuf gaaffilee qaxxaamuraa ka'e keessatti ijoo dubbii iftoominni isaanii gadi bu'e ifa gochuu qofaafii dha.⁵⁵

Gaaffilee ragaadhaaf gama abbaa alangaa fi himatamaatiin ka'aaniin alatti murtii haqa qabeessa kennuuf ni gargaara ta'ee yoo argameetti manni murtii yeroo barbaadeetti ragaa dhiyaataa jiru gaaffi gaafachuu ni danda'ama. Hojimaata manneen murti biratti mul'ataniin abbaa seeraa tokko tokko gaaffii ragaadhaaf kan dhiyeessu ragaan keessa deebii erga xumurameen booda mata duree gaaffii mana murtiitin ka'aan jechuun erga galmeessee dha. Tumaa seeraa SDFY kw. 136/4/ irraa kan hubatamu manni murtii otuma gaaffilee duraa ykn qaxxaamuraa ykn gaaffiin keessa deebii gaafatamaa jiruutti giddu lixuudhaan gaafachuu akka danda'uu dha. Keessumaa gaaffii manni murtii xumura irratti kaasuun wal-qabatee deebii ragaan deebisu dhimma haaraa ta'uu waan danda'uuf dhugummaasaa morkuuf (test) carraan gaaffii qaxxaamuraa garee falmiitiif kennamu waan hin jirreef dhuma irratti gaafachuu irra gidduutti gaaffii kaasuun qulqulleeffataa deemuun gaarii dha.

Keenninsa raga keessatti hangi hirmaanna abbaa seeraa ifaa kan kaa'ame ta'uu baatuus gaaffilee murtii haqa qabeessa kennuuf gargaaran irratti of daangeessuun gaaffii gaafachuu akka danda'uu dha. Gaaffileen kunneen gaaffii duraa keessattii ragaabbaa alangaa irratti dhiibbaa umuuun bifa gaaffii qaxxaamuraa fakkaatuun otuu hin taane ykn gaaffii qaxxaamuraa keessatti bifa himatamaa deeggaruun otuu hin taane gartummaa irraa bifa bilisa ta'een haqaa fi haqa qofa giddu galeessa taassisuu qaba.

Dhimmi biraa keenninsa jecha raga keessatti ka'uu ilaalamuu qabu gaaffilee gama kamiinuu ka'aan bifa yakka himatamaadhaan kana dura hojjataman mana murtiif ibsuu danda'uun ta'uu hin qabu.⁵⁶ Kunis manni murtii akka himatamaa ilaalchisee ijannoo ykn hubannoo loogummaa akka hin qabanne taassisa.

⁵⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 139

⁵⁶ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 138

Ragaan abbaa alangaa dhagahaamee erga xumurameen booda manni murtii jecha ragaa kennamee fi himanna dhiyaate waliin xiinxaluun ajaja itti fakkaate kennuu mala. Ajajni inni tokko ragootni abbaa alangaa qixa himanna dhiyaateetiin kan hin hubachiifne yoo ta'e sababuma kana caqasuu himatamaa bu'uura SDFY kw. 141 tin bilisaan gaggeessa. Ajajni inni bira, ragaan abbaa alangaa haaluma himanna dhiyaateetin kan hubachiisan yoo ta'e himatamaan akka ofirraa ittisuuf bu'uura SDFY kw. 142 tin ajaja kenna. Ragootni abbaan alangaa dhiyeesse jecha ragaa kennaniin himatamaan yakka himanna keessatti caqasame otuu hin taane yakka biroo akka filannootti dhiyaachuu qabu ture garuu kan hin dhiyaanne raawwachuu isaa hubachiisaniiru yoo ta'e hanga adabbiin yakka kanaaf kaa'ame hanga adabbiin yakka himanna keessatti caqasame jiruuf kaa'ame hin caalleetti manni murtii bu'uura SDFY kw. 113(2) tin keewwaticha jijiiruun himatamaan akka ofirraa ittisu ajajuu danda'a.

Ajajni bilisaas ta'e ajajni himatamaan akka ofirraa ittisuuf kannamu qabiyyeen isaa maal ta'uu qaba ykn hangam xiinxalamuu qaba kan jedhu qaphxii wal falmii yoo ta'u ni mul'ata. Yeroo baay'ee kan mul'atu garuu sababuma ragaan abbaa alangaa bu'uura himannaatiin hin hubachiifne ykn ragaan abbaa alangaa bu'uura himannaatiin waan hubachiiseef jedhuu gabaabaatti caqasuu ajaja bilisaa ykn ajaja himatamaan ofirraa haa ittisu jedhamutu kennama. Darbee darbee garuu abbootiin seeraa xiinxala bal'aa jecha ragaa abbaa alangaa fi himanna dhiyaatee walin erga taassisaniin boodatti ajaja yoo kennan ni mul'ata.

Qaphxii Marii

1. Qabiyyeen ajajaa ykn murtii ykn jala murtii himatamaa bilisaan gaggeessu ykn akka ofirraa ittisuuf ajaju maal haammachuu qabaa?
2. Jecha ragaan kennaa jiru qaama gaafatu kan miidhaa jiru yoo ta'e jechi ragaa kun akka hin galmoofne mana murtii gaafachuu danda'aa?
3. Ajajni himatamaan ofirraa haa ittisu jedhamuun bu'uura SDFY kw. 141 tin kennamu ijoo oliyyannoo ta'uu danda'aa?
4. Himatamaan ragaa ittisaa otuu hin dhiyeessiin bilisaan akka gaggeeffamuuf ykn akka ofirraa ittisuuf sadarkaan dandeettii hubachiisuu ragaa abbaa alangaa hammam ta'uu qaba kan jedhu ogeessota biratti yoo falmii kaasu ni mul'ata. Isin hoo maal jettu?

2.3.3. Ragaa Ittisaa

Ragaan abbaa alangaa bu'uura himannaatiin raawwii yakkichaa kan hubachiise yoo ta'e himatamaan akka ofirraa ittisuuf kan ajajamu akka ta'e armaan olitti kaafnee jirra. Sirni dhagahaa ragaa ittisaa kan ragaa abbaa alangaa irraa garaagarummaa kan qabu miti.

Ragaa ittisaa ta'uudhaan namootni dhaddachatti dhiyaachuu qaban kanneen maqaan isaanii jalqabuma bu'uura SDFY kw. 124 tin gal mee waliin wal qabatee dha. Namoota maqaan isaanii ibsameen alatti namootni biraadhiyaachuu hin danda'aan. Himatamaan namoota maqaan isaanii dursa galcheen alatti akka ragaa ittisaatti dhiyeeffachuu barbaada yoo ta'e bu'uura SDFY 143/2/ dhimma lafarra harkisuuf otuu hin taane ragootni dhiyaatan baay'ee barbaachisoo ta'uu isaanii ibsuun mana murtii amansiisuu qaba. Manni murtiis iyyata himatamaatti kan amane yoo ta'e ragoota dursa maqaan isaanii caqasamee jiruun alatti kan biraadhiyaachuu kan dhaga'u ta'a.

Ragaan dhagahamuun dura himatamaan ragootni ittisaa firii dubbii akkamii akka hubachiisan mana murtiif kan qabsiisu ta'a.⁵⁷ Tokkoon tokkoo ragoota ittisaa fi ragaa ogeessaan firii dubbii kam akka hubachiisan manni murtiin kan galmeessuuf ta'a. Ibsi kun himatamaadhaan erga kennamee fi manni murtii erga galmeesseen booda ragootni himatamaa dhaddachatti dhiyaachuudhaan dhugaa dubbachuuuf kan kakatan ykn mirkaneessan ta'a. Himatamaan jecha kan kenuu barbaadu yoo ta'e ragaan ittisaa dursa kan kenuu yoo ta'e jechi kenuuuf gama abbaa alangaatiin gaaffiin qaxxaamuraa kan ka'u miti. Gama mana murtiitiin garuu jecha kenneen ilaalchisee iftoomina qabaatee akka hubatamuuf himatamaadhaaf gaaffiin kan dhiyaatu ta'a.⁵⁸ Ragaan ittisaa erga kennamuu jalqabeen boodatti himatamaan gaaffii duraa fi keessa deebii gaafachuu dhaan alatti jechi kenuu hin jiraatu.

Ragaa ittisaa dhiyaataniif gaaffiin duraa himatamaadhaan kan dhiyaatuuf yoo ta'u gaaffiin qaxxaamuraa gama abbaa alangaatiin gaafatama. Gaaffilee qaxxaamuraa ka'aaniin jechi iftoomina barbaadu yoo jiraata ta'e gaaffii keessa deebii himatamaan gaafatuun ni iftoomu. Manni murtiis yeroo kamittuu murtii haqa qabeessa kenuuuf ni barbaachisa jedhe yeroo amaneetti ragaa ittisaatiif gaaffii garagaraa kan dhiyeessu ta'a.

⁵⁷ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 142/2/

⁵⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 142/3/

Ragaan ittisaa dhagahamee erga xumurameen boodatti bitaa mirgi yaada akka kennaniif SDFY kw. 148 jalatti tumee jira. Jalqabatti yaada guduunfaa kana kennu abbaa alangaa yoo ta'u jecha ragaa bitaa mirgaan dhaga'ame gabaabinaan xiinxaluun ijoo seeraa fi firii dubbii himannaa hundeessee irratti yaada ni kenna. Itti fufuudhaan himatamaanis bifuma wal fakkaatuun ragaa dhaga'ame caqasuuudhaan ijoo seeraa fi firii dubbii himannaa hundeesse irratti yaada guduunfaa kan kennu ta'a. Yaada guduunfa kennamuun wal qabatee abbaan alangaa yaada kenne kamiifuu itti fufuudhaan himatamaan yaada kennuu mirga akka qabu SDFY kw. 148/2/ jalatti ni kaa'a.

Yaadni guduunfaa kun ragaan hundumti erga dhiyaateen booda kan dhiyaatu yoo ta'u yaadni kunis barreeffamaan otuu hin taane afaaniin kan dhiyaatu dha. Yaada kana kennuudhaafis beellamni dabalataa kan gaafatu miti.⁵⁹

Qaphxii Marii

1. Ragaan ittisaa dhagahaamuun dura jechi himataan bu'uura SDFY kw. 142/3/ kennu bu'aan isaa maalii dhaa? Otuu gaaffii qaxxamuraatiin dhugummaan isaa hin qoramiin akka ragaatti ilaalamuu danda'aa? Himatamaan bu'uura keewwata kanaatin jecha isaa kennu ni kaksiifamaa?
2. Bu'uura SDFY kw. 148/1/ tin himatamaan himannaa irratti dhiyaatee jiru ofirraa ittisuu isaa abbaan alangaa kan amanee yoo ta'e firii dubbii kana caqasuun himatamaan akka bilisaan gaggeeffamu yaada dhiyeessuu ni danda'aa?
3. Ragaan ittiisaa himatamaa waraqaa waamichaatiin akka dhiyaatuuf ykn qabamee akka dhiyaatuuf ajajame barbaadamee kan dhabame yoo ta'e M/Murtii ajaja akkamii kennuu qaba? Qabatama hojii keessatti manneen murtii mirga ragaa ittisaa himatamaan dhiyeeffachuuf qabu bira taruun murtii kennutti yeroo ce'antu mul'ata, hojimaata kana mirga ofirraa ittisuu himatamaa heera mootummaa keessa jiru waliin akkamiin ilaaltu?
4. Himatamaan abukaatoodhaan bakka bu'amee jiru ragoota abbaa alangaas ta'e ragoota ittisaa otuu abukaatoon jiru kallattiidhaan ofii gaafachuu danda'aa? Gaaffilee akkasii manni murtii akkamitti keesummeessuu qaba? Mariyadhaa.

⁵⁹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 94

2.3.4. Ragaa Dabalataa Mana Murtiitiin Waamamu

Sadarkaa qajeeltootti, yakka raawwatamee fi himannaayakkaa hundeffame ilaachisee ragoota himannaayirkaneessan ykn ragoota ittisaa himatamaa bilisa taassisuu danda'aan duguugee dhiyeeffachuu kan qabu abbaa alangaa fi himatamaa dha. Hojiin mana murtii ragoota dhiyaatan irratti hundaa'uun murtii haqa qabeessa kennuu malee ragaa himannaacimsanii hubachiisan ykn himatamaa bilisa gochuu danda'aan soquu miti. Haa ta'u malee, barbaachisummaa haqaatiif jedhamee, ragoota abbaa alangaa ykn himatamaaadhaan waamamanii jecha ragaa kennaniin alatti, murtii dhumaan kenuudhaan duratti manni murtii ragaa gosa kamiyyuu dhaddachatti akka dhiyaatu ajajuu danda'a.⁶⁰ Ragootni kunneen kan abbaa alangaatiin ykn himatamaaadhaan akka dhiyaataniif gaafataman otuu hin taane manni murtii kaka'uumsa mataa isaatin kan dhiyeessisu dha. Namoota kunneen jecha ragootni bitaa mirgaa kennan irraa ykn haaluma raawwii yakkichaa irraa hubachuudhaan manni murtii filachuun waamuu danda'a.

Bu'uura SDFY kw. 143/1/ tin manni murtii ragaa namaatin alatti ragaa barruu akka dhiyaatuuf waamicha gochuu danda'aa moo hin danda'u kan jedhu ijoo falmii ta'uun oggaa ogeessota biratti ka'u ni mul'ata. Tumaan seeraa ifatti manni murtii ragaa namaa qofa akka waamutti kaa'ee hanga jiruutti ragaa barruu kan biraakka dhiyaatuuf ajajuu hin danda'u kan jedhan akkuma jiran barbaachisummaan ragaa dabalataa murtii haqa qabeessa kennuuf hanga ta'eetti manni murtii ragaa barruu illee dabalataan akka dhiyaatuuf ajajuu ni danda'a jedha.

Akka waliigalaatti hubatamuu kan qabu ragaan dabalataa gama mana murtiitiin akka dhiyaatuuf seerri kan aangeesse yoo ta'ees hojii ragaa duguuganii dhiyeeffachuu abbaa alangaa ykn himatamaa tumsuuf ta'uu hin qabu. Ragaa duguuganii dhiyeessuun hangafummaadhaan hojii abbaa alangaa fi himatamaa ta'uu kan qabu yoo ta'u ragoota dursa wal falmitoota birattii hin beekamne boodarra rogummaan isaanii barbaachisaa ta'e qofa irratti daanga'uudhaan manni murtii waamuu qaba.

Qaphxii Marii

1. Ragaa bu'uura SDFY kw. 143/1/ tin kaka'uumsa mana murtiitiin dhiyaatan irratti mormiin fudhatamummaa ragaa gama abbaa alangaa ykn himatamaatiin ka'uu danda'a?

⁶⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 143/1/

2. Ragaa bu'uura SDFY kw. 143/1/ tin manni murtii dantaa haqaa kabachiisuuf baay'ee barbaachisaa dha jedhamee akka ragaa dabalataatti waamame barbaadamee teessoo irraa kan dhabame yoo ta'e manni murtii maal gochuu qaba? manni murtichaa ragaa dabalataa kana bira darbuun murtii ykn ajaja itti aanu kennamoo hanga ragaan kun argamutti jechuun galmeen yeroof akka cufamu taasisa?
3. Ragaa dabalataa gama mana murtiitin dhiyaate abbaan alangaa ykn himatamaan gaaffii gaafachuu ni danda'aa? Seerotaa rogummaa qaban kaasuu mari'adhaa.
4. Ragaa kaka'uumsa mana murtiitin akka ragaa dabalaatti waamamaniif baasii durgoo isaanii eenyutu haguuga?

Dhimma 5: dhimmi kun kan ilaalamé Mana Murtii Aanaa Magaalaan Jimmaatti yoo ta'u abbaan alangaa himanna dhiyeesseen magaalaa jimmaa naanoo Hoteela Seentaraaliitti himatamaan miidhamtuu dhuunfaa booksiidhaan ija gubbaa nyaara irra waan rukutees SY kw. 556(1) irra darbee miidhaa qaamaa qaqqabsiiseera jechuudhaani.⁶¹ Himatamaan himanna irratti dhiyaate waakkachuu isaatiin ragaan abbaa alangaa dhagahaamuun itti fufeera. Ragaan 1^{ffa}a miidhamtuu yoo taatu raawwii yakkichaa bu'uuruma himanna dhiyaateetiin hubachiisuun jecha ragaa ishee kenniteerti. Ragaan 2^{ffa}a waardiyyaa hoteela Seentaraal ta'uu ibsuun jecha kenneen guyyaa fi bakka yakki dalagame jedhameetti namni wal loluu argeen jira. Miidhamtuunis rukutamtee jiraachuu ishee argeera. Garuu, miidhamtuu namni rukute himatamaa dhaa ykn nama biraati kan jedhu adda baasee hin argine. Himatamaan kun qabamee ture, kan qabees Kadir A/Tamaam jedhama. Garuu himatamaa kanatu miidhamtuu rukutee kan jedhu adda baasee hin argine jedhe. Jecha ragaa kana irratti abbaan alangaa ragaan 2^{ffa}a waajjira Poolisiitti yakka kana kan raawwate himatamaa kanadha, yoo rukutuus ijaanis argee jira jechuun jecha isaa kennee dhaddacha irratti garuu jechi kennamaa jiru faallaa jecha duraati jechuun mana murtii hubachiisaniiru. Garagalcha jecha waajjira Poolisiitti kennamees dhaddachaaf kennuudhaan himatamaan jecha sobaa kennuu isaatiin nuuf haa adabamu jedhaniiru. Gaaffiin qaxxaamuraa fi keessa deebii kan hin kaane yoo ta'u gaaffii qulqulleessa manni murtii addatti gaafateen ragaan kun jechuma gaaffii dursaa keessatti kenne irra deebiin kennee jira. Ragaa dhagahuun itti fufee ragaan 2^{ffa}n waardiyyaa Hoteelichaa ta'uu ibsuun guyyaa, sa'atii fi bakka yakki dalagameetti miidhamtuun rukutamtee dhiigaa kan turte ta'uu ibsuun namni ishee rukute garuu himatamaa kana tahuu adda hin

⁶¹ Abbaa alangaa Aanaa Ma/Jimmaa Vs faaruq A/Duraa, MMA Mag/Jimmaa, lakk. galmee 0167, gaafa 02/09/11 murtaa'e

baafanne. Yeroo dhuma sanatti balbala irratti garuu hojii gaggeessaan Hoteelichaa himatamaa kana qabee jira jechuun jecha kennaniiru. Dabalataanis, qabiinsa himatamaa kana irratti konkolaachisaan Tasfaayee jedhamuu yeroo sanatti balbala hoteelichaa irra ture hirmaatee jira jedhaniiru. Ragaa 3^{ffaa} ilaalchisee abbaan alangaa yaada dhaddachaaf dhiyeesseen ragaan kun jecha waajjira poolisiitti kenneen himatamaan yeroo miidhamtuu rukutuu ijaan arguu isaa kan ibse yoo ta'ees yeroo ammaatti garuu jecha ragaa faallaa ta'e kennaan waan jiruuf yakka ragaa sobaa kenuutiin nuuf yaa adabamu jedhaniiru. Manni murtii fuudhiinsa jecha ragaa 3^{ffaa} erga xumureen boodatti ragaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} jecha sobaa kennanii jiru jechuun SY kw. 453(1) jalatti murtii balleessummaa dabarsuun tokkoon tokkoo isaanii hidhaa salphaa ji'a sadii adabeera. Itti fufuudhaanis namoota yeroo yakki dalagame achi turanii fi himatamaa ammaa qabuu isaanii gama ragaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa}dhaan eeraman: obboo Kadir A/Tamaan, konkolaachisaa Tasfaayee fi hogganaa hoteelichaa obboo Kumsaa bu'uura SDFY kw. 143(1) ragaa dabalataa gochuun manni murtii dhiyeessiseera. Ragooliin kunneen erga dhagahaamaniin booda ragoonni bu'uruma himannaattiin raawwii yakkicha hubachiisuu isaaniitin himatamaan akka ofirraa ittisuuf manni murtii ajaja kenneera.

Qaphxii marii

- 1- Ajaja ofirraa ittisi jedhu kenuuf ragaa dabalataa manni murtii akka dhagahaamu taassisuu isaa akkamitti ilaaltu. Komii gartummaa ka'uu malu xiqqeessuuf ykn hambisuuf ragaan dabalataa bu'uura SDFY kw. 143(1) waamamuu kan qabu yeroo kami dha jettanii yaaddu?

2.3.5. Jecha ragaa gal mee qorannoo keessatti kenname Ilaaluu

Gaaffii himatamaan ykn abbaan alangaa dhiyeessu irratti hundaa'uudhaan manni murtii gal mee qoranna dhiyeessisuudhaan jecha ragaa gal mee qorannoo keessatti kenname ilaaluu ni danda'a.⁶² Kanarratti hubatumuu kan qabu, jecha gal mee qorannoo keessatti ragaadhaan kenname dhaddachaaf akka dhiyaatu kan taassifamu kaka'uumsa mana murtiitin otuu hin taane gaaffii gama himatamaatiin ykn abbaa alangaatiin kennamuudhaani. Bu'uura SDFY kw. 145(2) haqaaf jecha barbaachisaa ta'ee yeroo argameetti, manni murtii garagalcha jecha ragaa gal mee qorannoo keessa jiru himatamaaf kennuu danda'a. Jechi ragaa gal mee qorannoo keessatti

⁶² Seera Deemsaa falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 145(1)

galmaa'ee jiru kan ragaa abbaa alangaa malee kan ragaa ittisaa ta'u dhiisuu isaatiin jecha kanas jalqabatti abbaan alangaa kan beekuu fi kan arge ta'u isaatiin garagalcha jecha kanaa abbaa alangaaf kennuu barbaachisaa ta'u dhiisuu danda'a.

Jecha ragaa gal mee qorannoo keessatti kennname ilaaluun wal qabatee dhimmi xiyyeffanna barbaaduu fi hojimaata keessatti akka hanqinaatti mul'atu kaayyo (purpose) gal mee kana dhiyeessisuu maalii dha kan jedhuu dha. Jecha ragaa gal mee qorannoo keessatti kennname akka ragaatti gargaaramuu sababoota lamaaf seerawaa hin taa'⁶³. Inni jalqabaa, jechichi bakka himatamaan hin argamneetti mana murtiin alatti fuudhamuu isaatin mirga ragaa irratti dhiyaate gaaffii qaxxaamuraa gaafachuuf himatamaan qabu⁶⁴ kan sarbuu dha. Inni lamaffaa, jechi ragaaa buufata poolisiitti kennamu kakuu raawwachuuudhaan kan raawwatame ta'u dhiisuu isaati. Kaayyo jecha ragaa gal mee qorannoo keessatti kennname ilaalamuu SDFY kw. 145(2) jalatti kennamee dha. Kunis, dhugummaa jecha ragaa dhaddacha irratti kennamee qoru (to impeach credibility of such witness) dha. Ragaan abbaa alangaa jecha dhaddacha irratti kennee fi waajjira Poolisiitti kenne kan wal faalleessu yoo ta'e ragaa dhaddachatti kennname dhugummaa dhabsiisuu kan gargaaru malee mataa isaa danda'ee raawwii yakkaa hubachiisuuf kan oolu miti.⁶⁵

Qaphxii Marii

1. Himatamaan ragaa isa irratti kennamaa jiru dhugummaa dhabsiisuu jechi gal mee qorannoo keessatti kennname akka ilaalamu gaafachuuf kan malu yoo ta'e, jechi ragaa gal mee qorannoo keessatti kennname akka dhiyaatuuf abbaan alangaa kan gaafachu danda'u faayidaa ykn kaayyoo maaliitiini?
2. Garaagarummaa jecha ragaa gal mee qorannoo keessa jiruu fi kan dhaddacha irratti kennname irratti uumameef itti gaafatatummaan yakkaa ragoota irra jiraatu maalii dha?

Dhimma 6: Dhimmi kun MMWF Dh/Ijibaataa gal mee lakk. 120762⁶⁶ kan ilaalam yoo ta'u deebii kennaan ammaa Godina Hadiyyaa Magaalaa Hosaayinaatti miidhamtuu dhuunfaa kan taatee haadha manaa isaa irratti miidhaa qaamaa salphaa qaqqabiisuu isaatin SY kw. 556(2)(c) jalatti himatameera. Himatamaan mana murtii jalaa ykn deebii kennaan ammaa miidhamtuu irratti miidhaa yoo qaqqabiisu dhaqqabanii kan oolchanii fi raawwii yakkichaa kan argan

⁶³ Miil-jalee 1^{ffaa}, 2009, fuula 383

⁶⁴ Heera Mootummaa RDFI, kw. 20(6)

⁶⁵ Miil-jalee 1^{ffaa}, fuula 383

⁶⁶ Abbaa alangaa MNSSUK/Itiyophiyaa Vs Haabtaamu Karloo, jildii 19, lakk. Gal mee. 111498, gaafa 25/06/2008

Poolisoota magaalichaa ta'uu eeruudhaan miidhamtuu waliin ragaa seeraa taassisuudhaan abbaan alangaa himannaa hundeesseera. Guyyaa dhagaahaattis himatamaan himannaa irratti baname waakachuu isaatiin ragaa abbaa alangaa dhagahaamuu itti fufee jechi ragaa Poolisoota lameenii dhaddacha irratti fuudhameera. Poolisooni kunneen jecha ragaa kennaniin yeroo yakki kun dalagameetti Buufata Poolisii magaalaa tti dirqama eegumsaa irra kan turan ta'uu ibsuun yakka raawwatame jedhame kana hin argine. Guyyaa fi sa'aatii himannaa keessatti caqasame irratti himatamaan mana murtii jalaa ykn deebii kennaan ammaa dursee buufata Poolisii keessa kan turee fi sa'aatii kanattis miidhamtuun waajjira Poolisiitti dhuftee himatamaa waliin jecha yoo walitti darbatan dhiisaaakkana ta'uu hin qabu jenneenii ture. Yeroo kanatti miidhamtuu yoo arginu fuunyaanii fi fuulli dhiitahee ture. Kanaan alatti himatamaan miidhamtuu yoo rukutu arginee hin jiru jedhaniiru. Manni murtii aanaas jechuma kana galmeessuun ragootni abbaa alangaa himannaa dhiyaate hubachiisanii waan hin jirreef ragaa ittisaa dhagahuun otuu hin barbaachifne himatamaa bu'uura SDFY kw. 141 tin bilisaan gaggeessuun murtii kennameera.

Abbaan alangaa Godina Hadiyaa murtii mana murtii jalaatin kennname komachuun MMO go/Haadiyaattii fi Dha/Iji MMW Mootummaa Naannoo Sabaa, sablammii fi Uummattota Kibba Itiyoophiyaa (*kana booda MN/S/S/U/Ki/It jechuun ibsama*) kan dhiyesse yoo ta'eес murtiin mana murtii jalaa dogoggora hin qabu jechuun kufaa ta'eera.

Abbaan alangaa MNSSUKi/Itiyoophiyaa komii isaa itti fufuun MMWF Dha/Ijibbaataatti dhiyeessera. Qaphxii komii isaas kan ture : jechi Poolisooni galmee qorannaa irratti kennan jijiiruun mana murtiitti kan kennan tahee otuu jiruu manni murtii galmee qorannoo bu'uura SDFY kw.145(1) tin dhiyeessisee ilaaluu otuu qabuu dhiisuun isaa, jechi ragaa yeroo kennamaa jiruutti manni murtii gaaffilee qulqulleessaa ragoota gaafachuun dhugaa jiru adda baasuu otuu danda'uu callisuun isaa fi miidhamtuu dhuunfaa jecha ragaa ishee fuudhuudhaan dhugummaa isaa hubachuu dhiisuun isaatiin manni murtii jalaa dogoggora seeraa bu'uuraa raawwatee jira jedhaniiru. Dabalataanis, poolisooni jecha ragaa galmee qorannoo irratti kennan jijiiruudhaan himatamanii adabamanii kan jiran tahee otuu jiruu fi ragaa illee dabalataan waamee dhagahuun dhugummaa isaa qulqulleefachuu otuu danda'uu dhiisuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uurati jecheen komii isaanii keessatti kaasaniiru.

Gaaffilee Marii

1. Dhugummaa himanna dhiyaatee qulqulleessuuf manni murtii jalaa hagam deemuu qaba jettanii yaaddu? Manni murtii jecha ragaa gal mee qoran noo keessa dhiyeessisuu qabatree? Manni murtii gaaffii qulqulleessaa gaafachuuf ni dirqamaa? Miidhamtuun maqaan ishee ibsa ragaa irra jiru abbaan alangaa akka dhiyaattee jecha kennitu hin taassifne yoo ta'e manni murtii ragaa kana waamuuf dirqama qabaa? Ragaa dabalataa kan biroo waamuuf manni murtii ni dirqamaa? Tokkoon tokkoo qaphxii komii abbaan alangaa MMWF dh/Ijibbaataatiif kaasee jiru qixa tumaa SDFY kw.136(4),137,138,143(1), 145 tin xiinxaluun mari'adhaa.

2.4. Sadarkaa Mirkaneessa Ragaa

Falmii yakkaa keessatti sadarkaan mirkaneessa ragaa (standard of proof) seera biyya keenyaa keessatti haala ifa ta'een hin ibsamne. Dabalataanis, seerri ragaa of danda'e waan hin jirreef sadarkaa mirkaneessummaa ragaa qaphxii falmii ta'ee yeroo baay'ee ogeessota biratti ni mul'ata.

Ogeessotni muraasni sadarkaa mirkaneessa ragaa ta'u kan qabu shakkii dhama qabeessaa ol (beyond reasonable doubt) jechuun kaasu. Yaada kanas kan kaasan qajeeltoo ykn mirga akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuuf (presumption of innocence) himatamaan qabuu fi Heera Mootummaa RDFI kw. 20(3) jalatti beekamtii argate caqasuu dhaani. Adeemsa dhagaha dhimma yakkaa keessatti manni murtii himatamaa akka nama qulqulluutti kan tilmaamu yoo ta'u abbaan alangaa yakka dalagame sadarkaa olaanaatti, jechuunis shakkii dhama qabeessaa ol (beyond reasonable doubt) haala ta'een himata isaa kan mirkaneesse yoo ta'e timaamni kun ni hafa (presumption is rebutted if and when the prosecution proves the guilt of the defendant by a high standard of proof, i.e beyond a reasonable doubt). Hima biraatiin adeemsa dhagaha keessatti jalqabbiin adeemsa dhugaa baasuu (fact-finding) himatamaa akka qulqulluutti tilmaamuu yoo ta'u tilmaama kana fashaleessuuf ragaa cimaa barbaachisa jechuu dha. Murtii fudhatama qabu kennuuf akka nama qulqulluutti tilmaamuu fi shakkii dhama qabeessaa olitti mirkaneessuun wal faana hojirra ooluu qabu. Kanaafuu, sirna seeraa qajeeltoon akka nama yakka hin raawwanneetti tilmaamamuu beekamtii qabu sadarkaan mirkaneessaa ragaa (standard of proof) shakkii dhama

qabeessaa olitti mirkaneessuu kan jedhu hordofa.⁶⁷ Kanaafuu, himatamaa balleessaa taasisuuf abbaan alangaa wantoota yakka sana hundeessan hundumaa shakkii dhama qabeessaa olitti mirkaneessuu qaba jechuu dha. Sirnoota seeraa hedduu keessatti qajeeltoo kanaaf haalli addaa (exception) teechifame hin jiru.⁶⁸

Falmiin bira SDFY kw. 141 fi murtiilee dhaddacha ijibbaataa giddu galeessa kan taassisee dha. SDFY yoo ilaalamu tumaaleen haala ifa ta'een sadarkaa mirkaneessa ragaa (degree of proof) ibsan hin jiran. Haata'u malee tumaaleen muraasni. tilmaamni (inferences) irraa fudhatamuu danda'u ni jiru. Haaluma kanaan bu'uura SDFY kwt 141 tiin eega ragaan abbaa alangaa dhagahamee xumuramee booda manni murtii ragaa kana xiinxaluudhaan ragaan abbaa alangaa himataamaa balleessaa taasisuuf *gahaa kan hin taane* yoo ta'e (የዚያወጪ ስም ቤት ጥወቃ ንጽሕር ፊርማ ስም ተከናሽ ስነዎች አንቀጽ ሁኔታዎች ምክል) himatamaa ragaa ittisaa dhiyeeffachuun osoo hin barbaachifne bilisaan gaggeessa jedha. Haaluma kana cimsuun manni murtii waliigalaa federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen yakkoota muraasa haala adda ta'een seeraan dirqamni mirkaneessuu (burden of proof) gara himatamaa naanna'een alatti himannaa dhiyaatu hundumaa irratti ijoowwan dubbii yakkicha hundeessan kutaa seeraa, kutaa gochaa fi kutaa yaadaa murkaneessuun dirqama abbaa alangaa ta'uu ibsuudhaan SDFY kwt 141 fi seera yakcaa kwt 23(2) f hiikkoo kenneera.⁶⁹ Manni murtii kun murtii gal mee bira irratti kenneen bu'urarraa ragaan dhimma tokko irratti dhiyaatu haala *gahaa fi amansiisaa* ta'een yakkichi raawwatamuu isaa fi eenyuun akka raawwatame adda baasee mirkaneessuu akka qabu qabiyyee SDFY kwt 141 irraa hubachuun akka danda'amu ibseera. Haaluma kanaan namni tokko gochaa yakcaa tokkoof itti gaafatatummaa qabu jedhamee adabamuu kan danda'u yakkichi raawwatamuu isaa fi yakki raawwatame kun himatamaadhaan raawwatamuu isaa haala gahaa fi amansiisaa ta'een mirkananuu akka qabu haala ibsaa fi hafuura tumaalee seera yakcaa kwt 23(4), 32, 40, 57, 58(1) fi SDFY kwt 141, 142 fi 149 irraa hubachuun akka danda'amu murtii kanaan ibsameera.⁷⁰ Kanuma kaasuun sadarkaa mirkaneessa ragaa yakcaa 'amansiisaa fi gahaa' jechuun ibsu.

⁶⁷ Hanna Arayasilassie, The Standard of Proof in Criminal Proceedings: The Treshold to prove Guilt Under Ethiopian Law (Mizan Law Review, Vol. 8, No. 1) fuula 91.

⁶⁸ Simeneh Kiros, The Principle of the Presumption of Innecence and its Challenges in the Ethiopian Criminal Procedure (Mizan Law Review Vol. 6, No. 2 (2012), fuula 299.

⁶⁹ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaalaa, Abbaa Alangaa Naannoo Tiraay fi obbo Bushraa Yahyaa, gal mee lakk. 102982 gaafa 26/01/2009 murtaa'e, Jiildii 20ffaa fuula 371.

⁷⁰ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaalaa, Aadde Ababaa Arafaayinee fi Abbaa Alangaa Naannoo Tiraay, gal mee lakk. 104923 gaafa 28/07/2007 murtaa'e, Jiildii 18ffaa fuula 243.

Qaphxii Marii

1. Sadarkaan mirkaneessa ‘ragaa gahaa fi amansiisaa’ fi ‘shakkii dhama qabeessaa ol’ jedhu garaagarummaa qaba? Akkamitti ilaaltu.
2. Manni murtii bu’uura SDFY kwt 142 tiin himatamaan ragaa ittisaa dhiyeeffatee akka ofirraa ittisu kan ajaju yoo ta’e himatamaan sadarkaa kamitti ragaa abbaa alangaa fashaleessuu qaba?
3. Sadarkaan mirkaneessa ragaa yakkaa ajaja ofirraa ittisii bu’uura SDFY kw. 142 kennamuu fi murtii balleessummaa bu’uura SDFY kw. 149 tin kennamuu gidduu garaagarummaan jiraa?

2.5. Hafiinsaa fi Dhiyaatinsa Wal falmitootaa fi Ragaa Bitaa Mirgaa

Sadarkaa qajeeltootti dhagahaan kamiyyuu bakka himatamaan jiruutti kan gaggeeffamuu qabu yoo ta’u, himatamaan garuu seera jalaa kan miliq yoo ta’e gosa yakkoota SDFY kw. 161(2) kaa’aman ilaachisee himatamaan bakka hin jirreetti dhagahaan (default proceeding) kan gaggeeffamu ta’a. Yakkoota tumaa SDFY kw. 161(2) caqasaman ilaachisee adeemsa hordofamuu malu, falmii seeraa hojimaata keessatti qabatamaan jiran mata duree of danda’e jalatti itti aansinee kan ilaallu yoo ta’u yakkoota biroon wal qabatee garuu akka armaan gadiitti ilaallerra.

Himanni mana murtiitti hundaa’een boodatti dhagahaan kan itti fufu yoo ta’u beellamma dhagahaa mara irratti abbaa alangaa fi himatamaan ni argamu jedhameeti tilmaamama. Himanni mana murtii aangoo qabuutti guyyaa hundaa’utti manni murtii guyyaa dhagahaa beellamuudhaan guyyaa kanatti bitaa mirgi akka dhiyaatuuf waraqaa waamichaatiin beeksisa.⁷¹ Guyyaa kanatti waraqaan waamichaa isa gahee otuu jiruu sababa gahaa ykn humnaa oliitin alatti himatamaan beellama irraa kan hafe yoo ta’e ajajni qabiinsaa kennamee himatamaan Poolisiidhaan to’annaa jala oolee kan dhiyaatu ta’a.⁷² Kanaan alattis ragaan abbaa alangaas ta’e himatamaa waraqaan waamichaa qaqqabee bakka jiruutti guyyaa beellamaatti kan hin dhiyaanne yoo ta’e ajajni qabiinsaa kennamee to’annaa jala oolanii dhiyaachuu akka qaban SDFY kw. 123 ifatti tumee jira. Mana murtiidhaan alattis, bu’uura Labsii MHAAWO hundeessuuf baheetin, abbaan alangaa ragaan seeraafi himatamaan akka dhiyaatan qaama dhimmi ilaalu ajajuu fi

⁷¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 123

⁷² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 123 fi 160(2)

hordofuu akka danda'u, bu'uura ajaja kennameen raawwatamuu yoo baate tarkaanfii seeraa fudhachuu ykn akka fudhatamu taassisuu akka danda'u ni kaa'a.⁷³ Gosti tarkaanfii abbaan alangaa fudhachuu danda'u ifatti kaa'amuu yoo baates qaama ajaja kenname raawwachuu dide, fknf kan akka Poolisii fi qaama biroo, irratti himannaak yakkaa hundeessuudhaan ta'uu mala.

Waa'ee hafiinsa himatamaa fi ragoota abbaa alangaa ykn ragoota ittisaa ilaachisee seerri ifaan tumee kan jiru yoo ta'eess waa'ee hafiinsa abbaa alangaa ilaachisee garuu SDFY tumaan seeraa ifatti kaa'e hin jiru. Seerri ifa ta'e tumamee jiraachuu dhiisuun isaa hojimaata keessatti abbootiin seeraa ijannoo garagaraa akka hordofan taassisiera. Keessumaa yeroo himatamaan mirgi wabii isaa mulqamee ykn dirqama wabii isarraa eegamu dhiyeeffachuu dadhabuudhaan buufata Poolisiitii ykn mana sirreessaatii deddeebi'uutti dhagahaa dhimmaa irraa abbaan alangaa kan hafe yoo ta'u tarkaanfiin manni murtii fudhatu dhiibbaa olaanaa qaba. Kanumaan wal qabatee, abbootiin seeraa tokko tokko callisanii galmee kan beellaman yoo ta'u kanneen biroo sababa abbaan alangaa dhaddacha irraa hafeef dhiyaatee akka hubachiisuuf ajajuudhaan beellama biroo kenu. Abbootiin seeraa kannee biroos, keessumaa yeroo himatamaan waajjira poolisii ykn mana sirreessaatii deddeebi'uutti dirqama wabii himatamaa haquudhaan himatamaan akka gadi lakkifamu ajajuun galmeecufu. Abbootii seeraa kunneen murtii ykn ajaja kennan tumaa seeraa Heera Mootummaa RDFI kw. 9 qaamni mootummaa kamiyyuu mirga heera mootummaa keessatti kaa'ame kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qaba jedhuun ajaja isaanii deeggaru.

Dhagahaa keesatti hafiinsa himatamaatin wal qabatee ajajni manni murtii kenu kaayyoo beellama dhaddachaa irratti hundaa'uu mala. Otuu ragaan abbaa alangaa hin dhagahaamiinii fi erga dhagahaameen boodatti hafiinsa himatamaatin wal qabatee ajajni kennamu garagara ta'uu mala. Murtiin ykn ajajni kun mirga Heera Mootummaa RDFI kw. 20 jalatti ibsama: mirga ragaa isarratti dhiyaate beekuu, qorachuu, gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu, ragaa ittisaa dhiyeeffachuu fi kannen birootti gargaaramuu fi dhiisuu waliin kallattiidhaan wal qabata. Yakkoota muraasa SDFY kw. 161(2) jalatti kaa'amaniin alatti kan jiraniif himatamaan beellama dhagahaa irratti hafuu isaatiin ajajni qabiinsaa kennamee, ajaja kanaanis himatamaa dhiyeessuun kan hin danda'amne yoo ta'e guyyaa himatamaan argameetti galmeen socho'u akka danda'u eeruudhaan manni murtii galmee kan cufu ta'a. Kunis himatamaan himannaak isarratti dhiyaate beekee, ragaa isaatti dhiyaae qorachuun gaaffii qaxxaamuraa gaafate akkasuma ragaa ittisaa isaa otuu hin

⁷³ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 214/2011, kw. 7(24)

dhiyeeffatanii adabamuu hin qabu qajeeltoo jedhu kan hordofee dha. Haa ta'u malee, bakka himatamaan jirutti ragaan abbaa alangaa dhagahaamee, himatamaanis ragaa isarrati dhiyaate beekee, qoratee, gaaffii qaxxaamuraa gaafatee, manni murtii himatamaan akka ofirraa ittisuuf ajaja erga kenneen boodatti himatamaan dhaddacha irraa kan hafe yoo ta'e tarkaanfiin manni murtii fudhatu maal ta'a kan jedhu falmii MMWF Dh/Ijibaataa qaqqabe dha.⁷⁴ Falmii kana keessatti himannaan Sy kw. 555(1) dhiyaatee erga dhagahaan abbaa alangaa dhagahaameen boodatti himatamaan ofirraa ittisi jedhamee yoo dhaddacha irraa badutti manni murtii jalaa bakka himatamaan hin jirretti murtiin kennurra gaafa himatamaan argameetti abbaan alangaa gal mee akka sochoosuu danda'u eruudhaan gal mee cufera. Manneen murtii oliyyannoo dhimmicha dhagaha turaniis ajajuma mana murtii jalaa cimsaniiru. Haa ta'u malee MMWF Dh/Ijibaataa murtii kenneen: himatamaan guyyaa ragaan abbaa alangaa dhagahamutti dhiyaatee mirga ragaa irratti dhiyaate gaaffii gaaffachuu fi qorachuu erga gargaarameen boodatti akka ofirraa ittisuuf ajajni kennamee guyyaa kanatti beellama irraa kan hin dhiyaanne yoo ta'e manni murtii dhimmichi bakka himatamaan hin jirreetti kan dhagaahaamuu miti jechuun ajajni ykn murtiin kennu sirrii miti jedheera. Ajaja dabalataa dhadachi kun kenneenis manni murtii aanaa dhimmicha jalqaba ilaala ture mirga ofirraa ittisuuf himatamaa bira darbuun murtii itti fakkaate akka kennu ajajeera.

Qaphxii Marii

1. Yakkoota SDFY kw. 161(2) hin kufne ta'ee ragaan ittisaa dhagahaamee ajajni himatamaan ofirraa akka ittisuuf erga kennameen boodatti himatamaan dhaddacha irraa sababa humna isaa ol ta'een kan hafe yoo ta'e ajajni ykn murtiin sana booda bakka inni hin jirreetti kenname akka ka'uuf bu'uura seeraa kamiin gaafachuu danda'a

Dhimma 7: Dhimmi kun MMWF DH/ijibbaataatti⁷⁵ kan ilaalam yoo ta'u himatantuun miidhamtuu dhuunfaa gara Kuweetiittin si erga jechuun qarshii 7800.00 (kuma torbaa fi dhibba saddeet) erga fudhatteen booda gara Dubaayitti waan ergiteef Labsii yakka namaan daldaluu lakk. 104/90 kw. 20 fi kw. 18(2) irra darbuun jalqabaaf MMOF tti himatamteerti. Dhagahaanis itti fufuun ragaan abbaan alangaa dhagahaamee, ragoonnis bu'uuruma himannaatiin hubachiisuu

⁷⁴ AA MNA vs Andu'aalam Ganaanaa, MMWF DH/Ij, Jildii 22, lakk. Gal mee 127313, gaafa 22/01/2010 murtaa'e

⁷⁵ Addee Fatiyaa Awwalii Vs AAF, MMWF Dh/Ijibbaataa, jildii 13, lakk. Gal mee 76909, gaafa 10/10/2004 murtaa'e

isaatiin himatamtuun akka ofirraa itiftuuf ajajni kennameera. Himatamtuunis ragaa ittisaa kan dhiyeeffatte yoo ta'u erga ragaan ittisaa dhagahaameen boodatti murtiin balleessummaa kennuuf manni murtii beellama kennee jira. Beellama kanarratti himatamtuun otuu hin dhiyaatin kan hafte yoo ta'u manni murtii bakka himatamtuun hin jirreetti murtii balleessummaa kenneera. Itti fufuudhaanis yaada adabbii dhagahuuf beellameera. Beellama kanattis himatamtuun kan hin dhiyaanne ta'uu ishiitin mirga yaada adabbii dhiyeeffachuu irra darbuun adabbii hidhaa ji'a kudhan kenneera. Kanaan boodatti himatamtuun iyyata mana murtii kanatti dhiyeessiteen sababa dhaddachaa irraa hafteef yoo ibsitu beellama dura biyya alaa deemtee oggaa achi jirtuutti daa'imni ishee dhukkubsachuudhaan yeroon balalii na jala darbuu danda'eera jetteerti.

Itti fufuudhaanis, murtiin balleessummaa fi yaada adabbii otuu hin dhiyeeffatiin adabbiin bakka ani hin jirreetti kennname naaf haa ka'u jechuun gaafateerti. Manni murtii iyyata ishee kufaa yoo taassisu MMWF oliyyannoo dhagahees iyyata ishee kufaa taassiseera. MMWF Dh/Ijibbaataa iyayanno himatamtuu ni dhiyeessisa jechuun wal falmitootni falmii isaanii barreffamaan akka dhiyeeffatan taasiseera. Xiinxala gaggesseenis himatamtuun mana murtii jalaa mirga himatamaa tokkoof Heera Mootummaa Kw. 20 jalatti kaa'ame duguugdee kan gargaaramte ta'uu kaa'uun akkasumas iyyatni murtiin bakka ani hin jirreetti kennname naaf haa ka'u jechuun dhiyaate tumaa SDFY kw. 197 fi 202 hubannoo keessa kan galchee fi fudhatamaa kan hin taane jechuun murtiileen mana murtii jalaatin kennname dogoggora seeraa bu'uuraa hin qabu jedheera.

Gaaffii marii

- 1- Himatamtuun dhaddacha irraa hafuun ishee sababa humnaa olii fi amansiisaa ta'ee oggaa argameetti manni murtii iyayanno ishee bu'uura SDFY kamiin keessummeessuu qaba? SDFY tumaalee dhimmoota kana keessummeessuu danda'aan hammatee jiraa?
Mari'adhaa

2.6. Dhagahaan Dhimma Yakkaa Adeemsa Addaa Hordofu

Dhagahaan dhimma yakkaa deemsa idileetin keessummeeffamaniin ala kanneen deemsa addaa hordofan kan jiran yoo ta'u Seera deemsa falmii yakkaa Itiyophiyaa keessattis haguuggiin kennameefii jira. Isaaniis: dhagahaan yakkaa bakka himatamaan hin jirreetti taassifamu (default proceeding), adeemsa himannaan yakkaa dhuunfaa (private prosecution), adeemsa yakkoota salphaaf hordofamuu malu (procedure in petty offence) fi deemsa daa'imman yakka raawwataniif hordofamuu (young offenders's procedure) qabuu dha. Adeemsota addaa kunneen keessaa daa'imman yakka raawwatan ilaalchisee akkuma seensa barruu kanaa keessatti ibsame adeemsa hordofamuu qabu barruu of danda'een ilaalamee waan jiruuf barreeffama kana keessatti hin ilaallu. Akkasumas adeemsi himannaan dhuunfaa hojimaata keessatti hin mul'anne ta'uua isaatiin barruu kana keessatti ilaaluuf barbaachisummaan isaa gadi aanaa dha. Kanaan alatti adeemsota lameen akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

2.6.1. Dhagahaan falmii yakkaa bakka himatamaan hin jirreetti gaggeeffamu (default proceeding)

Himanni abbaa alangaa mana murtiitti akkuma dhiyaaten manni murtii guyyaa dhaga'aa murteessun beellama kana abbaa alangaa fi himatamaa beeksisu qaba.⁷⁶ Guyyaa dhaga'aa kanatti waraqaan waamichaa isa gahee otuu jiruu himatamaan beellama irraa kan hafe yoo ta'e manni murtii ajaja qabiinsaatiin akka dhiyaatu gochuu akka danda'u SDFY kw. 125 fi 160/2/ ni ibsa.

Guyyaa dhagahaaf beellamameetti himatamaan sababa gahaa malee otuu hin dhiyaatin kan hafe yoo ta'e manni murtii bakka himatamaan hin jirreetti dhagahaan itti fufuu ni danda'a.⁷⁷ Tarkaanfiin kun gosa yakkaa hundaaf raawwatiinsa kan qabu otuu hin taane yakkoota adabbiin isaanii hidhaa cimaa waggaa 12 gadi hin taane kan adabsiisu yoo ta'ee fi yakkoota SY kw. 343-354 jalatti tarreeffaman ta'aanii kanneen adabbi cimaa ykn adabbi maallaqaa qarshii kuma shan caaluun kan adabsiisan yoo ta'ee dha.⁷⁸ Yakkoota kunneen ilaalchisee himatamaan bakka inni hin jirreetti dhagahaan itti fufuuf manni murtii yoo kan murteesse ta'e himatamaaf waamichi

⁷⁶Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 123

⁷⁷ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa kw. 162(1)

⁷⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyophiyaa Kw. 161

gama gaazexaatin akka godhamuuf ni taassisa.⁷⁹ Qabiyyeen waamicha kanaan himatamaan kanaan dura barbaadamee dhabamuu isaa, yeroo dhumaatiif dhagahaaf beellamni kaa'amuu fi guyyaa beellama kanatti himatamaan kan hin argamne yoo ta'e bakka inni hin jirreetti dhagahaan kan itti fufu ta'uu kan hubachiisu ta'uu qaba. Qixa kanaan dhimmi xiyyeffannaan kennamuufii qabu manni murtii waamicha gama gaazexaatiin taassisuun dura waraqaa waamichaa himatamaa qaqqabsiisuuf adeemsa seeraa hunduma duguugee gargaaramuu qaba. Kanaan alattis, himatamaa waraqaan waamichaa isa qaqqabee akka dhiyaatuuf maloota biraa gargaaramuu akka danda'u SDFY kw. 162(2) ni kaa'a.⁸⁰ Malootni kunis tarii waamicha miidiyaa, bakka jirenya himatamaatti waraqaa waamichaa maxxansuu fa'aa dabalachuu danda'a. Waamicha gaazexaatiin wal qabatee garuu himatamaaf kallattii garagaraatiin waraqaan waamichaa akka qaqqabuuf yaalamee kan hin milkoofne yoo ta'e ykn himatamaan beekaa seera duraa kan baqate yoo ta'e ykn waraqaan waamichaa illee isa gahee kan hafe yoo ta'e dhagahaan bakka himatamaan hin jirreetti itti fufuun dhagahuuf waamichi gama gaazexaatiin taassifamuu akka qabu murtiin MMWF dh/ijibbaataa kenne kan agarsiisuuf dha.⁸¹

Manni murtii gosa yakkota armaan ol caqasaman bakka himatamaan hin jirreetti ilaaluuf ajaja erga kenneen boodatti dhagahaan kan itti fufu ta'a. Guyyaa dhagahaan kanatti ragaan abbaa alangaa dhagahamee abbaan alangaa yaada guduunfaa erga kenneen boodatti manni murtii adeemsuma idilee hordofuudhaan jecha ragaa kennname madaaluudhaan murtii kan kenu ta'a.⁸²

Murtiin dhumaa erga keennameen boodatti himatamaan adabamuu isaa kan beeke yoo ta'e mana murtii bakka inni hin jirreetti murtii kennee jiruutti iyyachuudhaan murtii kennnamee jiru akka ka'uuf /set aside/ gaafachuu danda'a.⁸³ Bu'uura SDFY kw. 198 tin himatamaan iyyachuu kan qabu murtiin itti murtaa'uu isaa baree guyyaa soddoma keessatti akka ta'ee dha. Iyyatni isaas kan fudhatama argachuu danda'u waraqaan waamichaa kan isa hin qaqqabne yoo ta'ee fi waraqaan waamichaa isa qaqqabee ykn beellama dhaga'ee sababa humna isaa ol ta'een beellama irratti otuu hin argamin kan hafe ta'uu isaa yoo hubachiise qofaa dha.⁸⁴ Manni murtii iyyata

⁷⁹ Seera Deemsaa falmii yakkaa Itiyoophiyaa kw. 162(1)

⁸⁰ Seera Deemsaa falmii yakkaa Itiyoophiyaa afaan Ingilizii keewwata 162(2) kan hin qabne yoo ta'u kan afaan amaaraa garuu tumaa kana (2) jechuun tumee jira.

⁸¹ Zawudee Tasfaayee Vs B/Haqaa Mootummaa Naannoo Tigray , M/Dh/Ij/MMWF, jildii 17 lakk. Galmee 93577, gaafa 22/03/2007 murtaa'e

⁸² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 163

⁸³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 197

⁸⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw.199

himatamaa fudhatee jiru garagalcha isaa abbaa alangaatti beeksisuun falmii dhagahuuf ni beellama. Guyyaa falmii kana dhagahuuf beellamame kanatti iyyataan dhaddacha irraa kan hafu yoo ta'e iyyatni isaa ni haqama.⁸⁵ Beellama irratti kan dhiyaate ta'e falmii kana irratti iyyataan ykn himatamaan yaada isaa erga dhiyeesseen boodatti abbaan alangaa falmii deebii ni dhiyeessa. Abbaan alangaa falmii deebii erga dhiyeesseen boodatti iyyataan deebii ni kenna. Falmii kana boodatti manni murtiis murtii itti fakkaatu ni kenna. Manni murtii iyyata irratti murtii kenneen murtiin duraa akka ka'uuf kan murteesse yoo ta'e dhagahaar irra deebi'uun kan gaggeeffamu ta'uu seerri kun kw. 201 jalatti tumeera. Iyyaticha kufaa yoo taassise itti aansuun wantoota ta'uu qaban ilaachisee akkuma barbaachisummaa isaatti ajaja kan kenu ta'a.⁸⁶ Ajajni iyyata dhiyaate kuffisuudhaan (dismiss) kenname oliyyatamuu hin danda'u⁸⁷. Haa ta'u malee, himatamaan adabbii irratti darbe ilaachisee guyyaa iyyatni isaa mana murtii jalaatiin haqamee kaasee guyyaa kudha shan keessatti oliyyachuu ni danda'a.⁸⁸

Dhimmi tumaa seeraa kanaan wal qabatee ka'uu danda'u iyyataan gaaffii murtiin kanaan dura kenname naaf haa ka'u jechuun gaafatee iyyata kana irratti falmii dhagahuuf beellama dhagahaar irraa kan hafe yoo ta'e marsaa lamaffaaf iyyata isaa dhiyeeffachuuf carraa ni qabaa? kan jedhuu dha. Guyyaa beellama kanaatti sababa amansiisaa humna isaa ol ta'een kan hafe yoo ta'e galmee cufame akka socho'uuf gaafachuu adeemsi seeraa dhorku hin jiraatu. Dabalataan, oggaa iyyatni murtiin bakka ani hin jirreetti kenname naaf haa ka'u jedhu kufaa ta'eetti himatamaan ajaja kana qofa irratti akka oliyyatuuf SDFY aangeessee hin jiru. Dhorkiin oliyyannoo irratti taassifame kun garuu qixa tumaa seeraa SDFY kw. 199 tin ilaalamuu qaba. Hanqinaalee gama kanaan hojimaata keessatti mul'atan dhimma armaan gadiitiin ilaalamee jira.

Qaphxii marii

1. Iyyata murtiin bakka ani hin jirreetti kenname naaf haa ka'u jedhu irratti ajaja manni murtii kenu iyyataa mirga oliyyannoo dhorkachuun maaliif barbaachise? Keessumaa qixa mirga Heeraa MRDFI kw. 20(6) himatamaan murtii yakkaa oliyyachuuf qabu waliin akkamitti ilaaltan? Yeroo ammaatti raawwatiinsa qabaa? Irratti mari'adhaa.

⁸⁵ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 200(1)

⁸⁶ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 202(2)

⁸⁷ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 202(3)

⁸⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 202(3)

2. Ajaja manni murtii dhagahaan irra deebiin akka gaggeeffamuuf bu'uura SDFY kw. 202 tin kenne irratti abbaan alangaan oliyyachuu
3. Haafiinsa himatamaadhaan wal qabateeumaan SDFYkw. 197-202 kan ilaallatu murtiin erga kennameen boodatti iyyata dhiyaatuu dha. Otuu murtiin hin kennamiin dura himatamaan dhiyaachuudhaan kan iyyate yoo ta'e manni murtii tarkaanfii akkamii fudhachuu danda'aa kan jedhu hojimaata keessatti qaphxii falmii ogeessotaa oggaa ta'u ni mul'ata. Isiniis irratti mari'adhaa.
4. Murtii manni bu'uura SDFY kw. 202 tin murtii kanaan dura kenname akka ka'uuf yeroo ajajeetti abbaan alangaa himannaas isaa mana murtii aangoo qabuutti hundeessuu akka qabu ni kaa'a. Himannaan dura hundeeffamee otuu jiruu abbaan alangaa himannaas akka hundeessuuf maaliif barbaadame? Mari'adhaa.

Dhimma 8 : Falmiin MMWF Dh/Ijibbaataa lakk. Galmee 104220⁸⁹ irratti kan ilaalamayoo ta'u falmichi jalqabaaf Mana Murtii Olaanaa Lixa Tigrayitti kan dhiyaatee dha. Oliyyataan ammaa ykn himatamaan mana murtii jalaa Labsii Gumurukaa lakk. 622/2001 kw. 91(2) irra darbuun himatamee, dhagahaan falmii yakkaas bakka oliyyataan ammaa ykn himatamaan mana murtii jalaa hin jirreetti gaggeeffameera. Dhuma irrattis oliyyataan ammaa hidhaa cimaaa waggaa ja'aa fi ji'a shanii fi qarshii kuma shanii fi shantama adabameera.

Himatamaan mana murtii jalaa kunis murtiin bakka ani hin jirreetti kenname otuu himannii fi waraqaan waamichaa bakka mana jirenya koo idileetti na hin qaqqabsiisin kan kenname waan ta'eef murtichi kaafamee irra deebi'iin dhagahaan falmii yakkaa haa gaggeeffamu jechuun manuma murtii jalqaba dhimmicha ilaaleetti iyyateera. Manni murtichas garuu iyyata kana kufaa taasisseera. Himatamaan kun itti fufuudhaan komii isaa MMW MNT tti dhiyeffatus murtiin mana murtii jalaatti kenname hanqina hin qabu jedhameera.

Itti fufuudhaanis oliyyataan ammaa iyyata isaa Dhaddacha Ijibbaataa MMWF tiif kan dhiyeesse yoo ta'u Dha/ijibbaataas 'Yakki Labsii Gumurukaa lakk. 622/2001 kw. 91(2) irra darbuun dalagame bu'uura SDFY kw. 161(2) bakka himatamaan hin jirreetti ilaalamuu danda'aa moo hin danda'u kan jedhuu fi iyyatni murtii bakka ani hin jirreetti kenname ka'ee irra deebiin naaf haa ilaalamu jechuun oliyyataan ammaa dhiyeesse mana murtii jalaatiin kufaa ta'u qaba moo miti

⁸⁹ Atikiltii Abrahaa Vs Ab/Taayitaa Galiiwanii fi Gumurukaa Itiyoophiyaa, M/Dh/Ij/MMWF, lakk. Galmee 104220, gaafa 10/0907 murtaa'e

kan jedhu' qulqulleessuuf iyyattichi ni dhiyeessisa jedhee bitaa mirgis falmii isaanii barreeffamaan dhiyeessaniiru.

Galmee keessaa akka hubatamutti Manni murtii Olaanaa Tigray Lixaa damee Humaraa galmee bakka himatamaan hin jirreetti dhagahaa itti fufuun murtii kennuu kan danda'e: Poolisiin Federaalaa himatamaa argachuu hin dandeenye jechuu isaatin erga himatamaadhaaf gama gaazexaa sadarkaa naannootti tamsa'uun waamicha taassiseefiin booda dha. Oliyyataan ammaa ykn himatamaan mana murtii jalaa murtiin bakka inni hin jirreetti kennamee ture akka ka'uuf kan gaafate manni murtii jalaa himatamaa kana himanna fi waraqaa waamichaa qaqqabsiisuuf yaalii otuu hin taassisiiin Poolisiin Federaalaa himatamaa argachuu hin dandeenye waan jedhe qofaaf yaalii Poolisii Federaalaa otuu hin qulqulleessiin, himatamaadhaaf waamicha gaazexaan taassisuu seera qabeessa miti jechuu dhaani.

Dhaddachi ijibbaataa falmii dhiyaate yoo xiinxaluutti murtiin bakka himatamaan hin jirreetti kenname akka ka'uuf sababoonni taassisan keessaa tokko waraqaan waamichaa himatamaa kan hin qaqqabne yoo ta'e akka ta'e SDFY kw. 199(2) ni kaa'a. Gama biraatin, Poolisiin Federaalaa himatamaa argachuu hin dandeenye jechuudhaan alatti teessoo himatamaan galmee qorannoo keessatti galmeessisee biratti himatamaa kan barbaadeefii teessoo kanaatti argachuu akka hin dandeenye ragaan mirkaneessu danda'u garagalcha galmee keessa hin jiru. Iyyata murtiin kenname akka kahuuf gaafatu irratti falmii mana murtii jalaatti tureen waraqaa waamichaa himatamaa qaqqabsiisuuf Poolisiin federaalaa himatamaa teessoo isaatti sirnaan barbaadee kan argachuu dhabe ta'uu ifatti kaasuun mormanii hin jiran.

Teessoo himatamaan galmeessiseen waraqaan waamichaa kan ergameefii turee ykn bakka kanatti barbaadamanii kan argachuu hin dandeenye ta'uu otuu hin mirkaneeffatiin waamichi himatamaaf gama gaazexaatin taassifamuun qofti himatamaa waraqaan waamichaa sirnaan akka qaqqabu taassifameera kan jechisiisu miti. Gama biraatin, himatamaan himanna yakkaa isa irratti dhiyaate beekuuf, ragaa irratti dhiyaate beekuu fi gaaffii gaafachuuf, akkasumas ragaa ittisaa dhiyeeffachuuf mirga akka qabu Heera Mootummaa RDFI kw. 20(4) jalatti ibsameera. Mirgi kunis kan dhugoomu waraqaan waamichaa fi garagalchi himanna bu'uura SDFY kw. 123 tin himatamaa akka qaqqabu yoo taassifamee dha. Galmeen mana murtii jalaa himatamaa waraqaan waamichaa sirnaan akka qaqqabuuf taassifamuu isaa wanti agarsiisu hin jiru jechuun xiinxala isaa cimseera.

Akka waliigalaatti, hanqinni kunis himannaa kana kaasuuf sababa gahaa ta'uun isaa SDFH kw. 199(a) jalatti ibsamee otuu jiruu iyyataa ammaa kufaa gochuun manneen murtii jalaa dogoggora seeraa bu'uuraa uumaniiru jedheera.

Qaphxii Marii

1. Murtiilee mana murtii jalaa diiguuf xiinxala Dh/Ijibbaataa taasise akkamitti ilaaltu? Waamicha haguuggii bal'aa qabu gama gaazexaatin taassifamee otuu jiruu dursa waraqaan waamichaa teessoo isaatti himatamaa qaqqabsiisuuf yaalamee himatamaa argachuu dhabuun mirkanaa'uu qaba yaada jedhu haqummaa fi sababaawaa ta'uun akkamitti madaaltu?
2. Iyyata murtiin bakka ani hin jirreetti kennname naaf haa ka'u jedhu kufaa gochuun murtii kennname oliyyatamuu akka hin dandeenye SDFY kw. 202(3) jalatti tumee bakka jiruutti murtii dhadachi ijibbaataa kenne akkamitti ilaaltu? Irratti mari'adhaa.
3. Himatamaa teessoon isaa naannoo biraan yoo tahe ykn afaan gaazexaan sun ittiin maxxanu kan hin hubanne yoo ta'e kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf rakkoleen kunneen haala kamiin ilaalamuu qabu? Irratti mari'adhaa.

3.6.2. Dhagahaan dhimma yakka dambii darbuu (procedure in case of petty offence)

Dhagahaan dhimma yakkaa dambii darbuu adeemsa idileen ala kan gaggeeffamuu malu ta'uun isaa SDFY diriirsee kan jiru yoo ta'ees hojimaata keessatti garuu baay'inaan kan mul'atu miti. Yakka dambii darbuu ilaachisee abbaan alangaa ykn himataan dhuunfaa himatamaan dhaddachatti akka dhiyaatuuf mana murtiitti ni iyyata. Qabiyyeen iyyata kanaa fi waraqaan waamichaa himatamaa qaqqabu eenyummaa himatamaa, akkaataa raawwii yakkichaa fi yakkichi SY keewwata jalatti kan kufu ta'uun kan hubachiise ta'uun qaba.⁹⁰ Himatamaan waraqaan waamichaa isa qaqqabe yakka kana ilaachisee otuu dhaddacha argamuun hin barbaachifne jecha amantaa isaa mana murtiitti erguu danda'a. Manni murtiis jechuma amantaa himatamaan kenne irratti hundaa'uudhaan murtii balleessumaa erga kenneen boodatti himatamaa qarshii qofa adabuuf kan murteesse yoo ta'e hanga qarshii adabbii kaa'uudhaan garagalcha murtii kanaa himatamaa qaqqabsiisa.⁹¹ Manni murtii adabbii qarshiin ala himatamaa adabuuf kan yaade yoo

⁹⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 167(2)

⁹¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 169(2)

ta'e himatamaan qaamaan dhiyaate adabbicha akka ofirraa ittisuuf waraqaa waamichaa ni ergaaf.⁹²

Himatamaan waraqaa waamichaa isa qaqqabe yakkicha kan hin amanne yoo ta'e guyyaa dhagahaatti qaamaan dhiyaachuu qaba. Ragaan abbaa alangaa fi himatamaa guyyaa kanatti ni dhagahaamu. Adeemsi dhaddachaas afaaniin qofa yoo ta'u jecha ragootaa keessa qaphxiilee murteessoo qofa manni murtii ni galmeessa.⁹³ Murtiis afaaniin kan darbu ta'ee sababni murtichaa fi keewwatichi murtiin jalatti kennname ni galmaa'a.⁹⁴

2.7. Murtii fi Kenniinsa Adabbiit Yakkaa

Dhahagaan dhimma yakkaa kan goolabamu kenniinsa murtii fi adabbiitin yoo ta'u murtiin fi adabbiin mana murtiitiin kennname bu'aa hojilee qorannoo yakkaa, hundeffama himanna fi dhageettii ragaati. Murtiin dhumaa mana murtiitin kennamu himatamaa balleessaa kan taassisu ykn bilisaan kan gaggeessu ta'a. Haa ta'u malee, murtiin kun beekumsa, dandeettii fi naamusa abbaa seeraa irratti kan hirkatuu dha.

Keenninsi adabbiit yakkaa qajeelfama adabbiidhaan kan hoogganamu yoo ta'u leenjifamtootaaf of danda'ee barruu biraatiin leenjii kan kennamu ta'uu isaatiin barruu kana keessatti haala shallaggii adabbiit yakkaa kaasuun barbaachisaa ta'ee hin argamne. Kanaaf, mata duree kana jalatti qabiyyee murtii fi haala barreessa murtii qofa haala gabaabaa ta'een akka armaan gadiitti ilaalleerra.

Murtiin dhimma yakkaa maal fa'a hammachuu akka qabuu fi haala kamiin barreeffamuu akka qabu seeraan wanti ibsame hin jiru. Haata'u malee SDFY kwt 149 fi muuxannoo manneen murtii keenya yoo ilaallu qabiyyee murtii fi haala ittiin barreeffamuu irratti wantootni hubatamuu qaban ni jiru. Haaluma kanaan manni murtii murtii yakkaa yoo kenu wantootni xiinxalmuu qaban: tarree himanna abbaa alangaa, himannaan himatamaaf dursa qaqqabee jiraachuu, dhaddacha irrattis dubbifameefi akka isaaf galu taasifamuu isaa, himatamaan ykn abukaatoon isaa mormii sadarkaa duraa kaasuuf dhiisuu (yoo mormiin ka'ee jiraate qabiyyee mormii sanaa fi jala-murtii manni murtii kenne), jecha amantaaf waakkii himatamaan kenne, murtiin bu'ura jecha amantaa isaatin

⁹² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 169(3)

⁹³ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw 170(3)

⁹⁴ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 170(3)

kan kennname yoo ta'e ijoo dubbii himannichaa hunda guutumatti amanuu isaa, kan waakkate yoo ta'e maal jechuun akka waakkate, jecha waakkii irratti hundaa'uun himannaas isaa mirkaneessuuf ragaalee namaas fi sanadaa abbaa alangaatin dhiyaatanii fi jecha kennname akkasumas manni murtii ragaa kana qoratee himatamaan akka ofirraa ittisu ajajuu isaa akkasumas jecha ragaa ittisaa manni martii murtii keessatti barreessuu qaba.

Kana booda manni murtii ragaan abbaa alangaa haala himannaasisaatmirkaneesseera moo hin mirkaneessine? kan jedhu akka ijoo dubbiitti qabatee ragaa madaala. Himatamaan akka ofirraa ittisu kan ajajamee fi eega ragaan ittisaa dhagahamee booda murtiin kan kennname yoo ta'e himatamaan himannaas ragaan seera itti mirkaneesse ofirraa ittiseera moo miti? ijoo jedhu qabatee madaallii ragaa itti fufa.

Manni murtii ragaalee bitaaf mirgaa yoo xiinxalu sababa ragicha fudhateef ykn kufaa godheef murticha irra kaa'uu qaba. Kanuma ilaachisee manni murtii federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen manni murtii dhimma yakkaa sadarkaa jalqabaatinis ta'ee sadarkaa ol'iyyannootin ilaalu dhimmicharratti yeroo murtii kennu ragaa ilaachisee ibsa gabaabaa, sababa ragaa fudhatee fi fudhachuu dhabeef murticharratti ibsuu akka qabu murteesseera. Kunis wanti SDFY kwt 149(1) jalatti ibsame mana murtii ol'iyyata dhagahu irrattis raawwatiinsa akka qabaatu murtii kanarrraa ni hubatama.⁹⁵ Manni murtii kun murtii dirqisiisaa galmee bira irratti kenneen murtiin qajeeltowwan bu'uraa madaallii ragaa hordofee hin kennamne dogongora seeraa isa bu'uraa kan qabu akka ta'e ibseera.⁹⁶ Kanaafuu, yeroon murtiin kennamu ragaan bitaaf mirgaa sirriitti xiinxalamuu qaba jechuu dha. Guduunfaan xiinxala isaa himatamaa bilisaa kan gaggeessu yoo ta'e kanuma ibsuun bu'uura SDFY kw. 149(2) murtii kenna.

Guduunfaa xiinxalaa himatamaa balleessaa kan taassisu yoo ta'e keewwata balleessummaa jalatti kennname ibsuun murtii balleessummaa bu'uura SDFY kw. 149(3) tin kenna. Kanaan alatti, mana murtii waliigalaa federaalaatti dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenneen dhimma yakkaa irratti seerri himatamaan balleessaa ittiin jedhame murtii keessatti ibsamuu akka qabu SDFY kwt 149 jalatti kan tumame yoo ta'u, kunis jechuunis keewwanni murtiin balleessummaa ittiin kennname firii dubbii yakkichaa raawwatamuun isaa mirkanaa'e waliin of eeggannodhaan

⁹⁵ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaala, Abbaa Alangaa Naannoo Hararii fi obbo Hilliinaa Hayilee fa'a namoota 3, galmeek lakk. 113143 gaafa 30/07/2008 murtaa'e, Jiildii 20ffaa fuula 346.

⁹⁶ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaala, Abbaa Alangaa federaala fi obbo Saamu'eel Fiqaaduu, galmeek lakk. 89676 gaafa 4/05/2007 murtaa'e, Jiildii 17ffaa fuula 162.

xiinxalamuu (madaalamuu) akka qabu murtaa'eera.⁹⁷ Kanaafuu keewwaanni murtiin balleessummaa ittiin kenname murtii keessaatti ibsamuu akka qabuu fi firiin dubbii yakkichaa keewwata himatamaan balleessaa ittin jedhame waliin sirriitti madaalamuu qaba. Wanti keewwatichi jedhuu fi murtiin nuti kenninu wal simuu qaba jechuu dha.

Murtiin balleessummaa erga kennameen boodatti kan itti fufu yaada adabbii fuudhuu yoo ta'u abbaan alangaa yaada adabbii akka dhiyeessuuf dursa carraan kan kennamuuf ta'u SDFY kw. 149(3) ifaan tumameera. Qabiyyeen yaada adabbii gama abbaa alangaatiin dhiyaatu adabbii kan cimsu ykn kan salphisu ta'uu danda'a. Abbaan alangaa waa'ee amala himatamaa hubachiisuuf ragoota dhiyeessuu ni danda'a.

Yaadni adabbii gama abbaa alangaatiin kennamee erga xumurameen boodatti himatamaan itti aansuudhaan kan yaada kennu ta'a. Waa'ee amala isaa hubachiisuudhaafis ragaa dhiyeeffachuu danda'a. Dabalataanis, dursa himanna biraatin murtiin balleessummaa kan irratti hin darbine tahuu ibsuun yaada gama abbaa alangaatin ka'e kan morme yoo ta'e firi dubbii kana hubachiisuuf abbaan alangaa ragaa dhiyeessuuf dirqama qaba.⁹⁸ Manni murtiis yaada adabbii bitaa mirgaan dhiyaate xiinxaluudhaan adabbii yakka raawwatameef malu kan kennu ta'a. (Kenniinsi adabbii yakkaa moojulii biraatiin kan ilaalamee jiru tahuu isaatin barruu kana keessatti otuu hin kaafamiin hafeera)

2.8. Jijiirraa Dhaddachaa fi Dhaddacha Irraa Ka'uu Abbaa Seeraa

2.8.1. Jijiirraa Dhaddachaa (Change of venue)

Sadarkaa qajeeltootti dhagahaan dhimmaa kan gaggeeffamu yakka dalagame ilaachisee mana murtii aangoo tooraa qabu birattii dha. Manni murtii kunis mana murtii bakka yakki dalagame sanatti argamu ta'a. Haa ta'u malee, iyyata gama abbaa alangaatin ykn himatamaatiin dhiyaatuun dhagahaa dhimma yakka Mana Murtii Aanaa tokko irraa Mana Murtii Aanaa isa biraatti ykn gara Mana Murtii Olaanaatti ykn Mana Murtii Olaanaa tokko irraa Mana Murtii Olaanaa isa biraatti ykn gara Mana Murtii Waliigalaatti gaggeeffamuu danda'a.

⁹⁷ Murtii Dhaddacha ijibbaataa mana murtii Waliigalaa federaalaa, Walduu G/Abizgi fa'a namoota 6 fi Abbaa Alangaa Naannoo Tigray, galmeek lakk. 94070 gaafa 22/08/2006 murtaa'e, Jiildii 16ffaa fuula 232.

⁹⁸ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 149(4)

Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen murtii Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin iyyatni jijiirraa dhaddachaa Mana Murtii Aanaa irraa gara Mana Murtii Aanaa biraatti ykn gara Mana Murtii Olaanaatti akka taassifamuuf gaafatu Mana murtii Olaanaatti yoo dhiyaatu, kan Mana Murtii Olaanaa tokko irraa isa kan biraatti ykn gara Mana Murtii Waliigalaatti akka taassifamuuf gaafatu Mana Murtii Waliigalaatti dhiyaata.⁹⁹ Iyyatni kun dhiyaachuu kan danda'u garuu otuu dhagahaan dhimmaa hin jalqabiin ta'uu qaba.¹⁰⁰

Iyyatni jijiirraa dhaddachaa kan dhiyaatu sababoota seerri kaa'e qofa irratti hundaa'ee ta'uu qaba. Kanaan alatti fudhatama qabaachuu hin danda'u. Sababootni kunneenis: Dhagahaan haqa qabeessaa fi gartummaa irraa bilisa ta'e mana murtii sanatti hin gaggeeffamu yoo ta'e, gaaffileen seeraa ciccimoo yeroo biraa hin kaane dhimma kana keessatti kan ka'aan yoo ta'e, jijiirraa dhaddachaatiif ajajni kennamu ragootaa fi abbootii dhimmaatti kan mijatu yoo ta'e, jijiirraan dhaddachaa taassifamu baasii adeemsa haqaatiif buhu kan xiqqeessu yoo ta'e.¹⁰¹

Qaphxii Marii

1. Jijiirraan Mana Murtii Olaanaa tokko irraa gara Mana Murtii Waliigalaatti taassifamu mirga oliyyannoo himatamaa hin dhiphisuu? Irratti mari'adhaa.
2. Sababoota iyyatni jijiirraa dhaddachaa ittiin dhihachuu danda'u keessaa tokko dhagahaan haqa qabeessaa fi gartummaa irraa bilisa ta'e mana murtii sanatti gaggeeffamuu dhiisuu mala yoo jedhame akka ta'e seerichi ni tuma. Haalonni dhagahaan haqa qabeessa fi gartummaa irraa bilisa ta'e mana murtii sanatti hin gaggeeffamu jechisiisuu danda'an maal fa'i?
3. Dhugummaa sababoota SDFY kw. 106 jalatti kaa'aman manni murtii iyyatni itti dhiyaate akkamitti mirkaneessuu danda'aa? Ragaa dhagahuu danda'aa?

2.8.2. Dhaddacha Irraa ka'uu Abbaa Seeraa (withdrawal of judges)

Bu'uura Labsii aangoo, gurmaa'insaa fi hojii manneen murtii Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 216/2011 kw. 37 tin abbaan Seeraa kamiyyuu sababoota armaan gadii keessaa tokko yookiin tokkoo ol yoo mudate dhaddacha irraa ka'uu qaba:

⁹⁹ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011 kw. 30(5), kw. 25(2)d

¹⁰⁰ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 106(1)

¹⁰¹ Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 106(1)(a-d)

- (a) Gareen walfalmitootaa yookiin abukaatoo waliin akka seerri dhimmi ilaalu ajajutti firooma dhiigaa yookiin gaa'ilaa kan qabu yoo ta'e, yookiin garee walfalmitootaa keessaa haadha manaa yookiin abbaa manaa yookiin haadha(abbaa) manaa inni hiike, yookiin guddiftuu, yookiin dhimma bakka bu'aa seeraa yookiin dubbii fixaa, yookiin abukaatoo seeraa ta'e irratti falmiin kan ka'e yoo ta'e;
- (b) Dhimma falmiin irratti ka'e isaan dura beellama yerootiin, gaaffii mirga wabii, gaaffii hayyamsiisaa, jijiiraa dhaddachaa yookiin dhimmoota walfakkaatan biroo osoo hin dabalatin, Abbaa Seeraa yookiin jaarsa yookiin araarsaa ta'ee kan ilaale yoo ta'e, yookiin dhimma sana keessatti haala kamiinuu dantaa dhuunfaa yookiin dantaa maatii qabaachuu isaatiin murtii haqa qabeessa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
- (c) Garee wal falmitootaa keessaa tokko waliin falmii yoo qabaate yookiin lola yoo qabaate;
- (d) Sababoota armaan oliitti Keewwata 1(a) hanga (c) tti jalatti tarreeffamaniin alatti illee Abbaan Seerichaa murtii haqaa kennuu kan isa daangessu yookiin loogummaan yookiin gartummaan ala ta'ee murteessuuf kan isa rakkisu sababiin biroo yoo jiraate.

Abbaan Seeraa kamyuu sababootni armaan ol ibsame jiraachuu akkuma beekeen sababa dhaddacha irraa ka'een galmeessuun battalumatti dhaddacha irraa ka'uu qaba.¹⁰² Abbaan Seerichaa dhaddacharraa ka'uu yoo dhabe, garee falmitootaa keessaa namni komii qabu abbaan seerichaa dhaddacha irraa akka ka'uuf iyyata dhiyeffachuu ni danda'a.¹⁰³ Iyyatichi dhiyaatu falmiin osoo hin jalqabin yookiin iyyataan sababni iyyata dhiyessisu jiraachuu akka beekeen battalumatti ta'uu qaba.¹⁰⁴ Iyyanni kan dhiyaatu walitti qabaa dhaddachaatiif ta'ee, abbootii seeraa Abbaa Seeraa iyyatichi irratti dhiyaateen ala jiraniin kan ilaalamee murtaa'u ta'a.¹⁰⁵ Murtiin akkaataa kanaan kennamus kan dhuma ta'a.¹⁰⁶ Haa ta'u malee, sababootni armaan oliitti ibsaman otuu jiranuu dhimmichi ariifachiisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e ilaalamee murtii argachuu kan qabu yoo ta'e, dhaddacha irraa ka'uun Abbaa Seerichaa hin barbaachisu.¹⁰⁷

¹⁰² Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(2)

¹⁰³ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(3)

¹⁰⁴ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(4)

¹⁰⁵ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(5)

¹⁰⁶ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(5)

¹⁰⁷ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(6)

Iyyatni dhaddacha irraa ka'uu abbaa seeraatiif dhiyaatuu fi murtiin kennamu galmee irratti galmaa'uu qaba.¹⁰⁸

Qaphxii Marii

1. Bu'uura labsii 216/2011 kw. 33 tin dhimma yakka adabbii baaxii waggaa 10 gadi ta'e adabsiisu abbootii seeraa sadii gadi ta'uun ilaaluu akka dandaa'aan ni kaa'a. Yakka adabbiin isaa baaxii waggaa 10 gadi ta'ee fi bakka abbaa seeraa tokko qofaan ilaalamutti iyyatni abbaan seeraa naaf haa ka'u jedhu eenyuutti dhiyaata?
2. Abbootiin seeraa lamaa ykn isaa ol si'a tokko naaf haa ka'aan jechuun iyyatamuu danda'aa?

¹⁰⁸ Labsii Gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen Murtii Oromiyaa murteessuuf bahe, lakk. 216/2011, kw.32(7)

Boqonnaa sadii

Sirna Dhagaha Oliyyannoo Murtee Yakkaa

[Seensa](#)

Dhagahamni dhimma yakkaa himannaabbaan alangaa akkaataa SDFY Kwt 109tiin saaquin jalqabamee murtee manni murtii bu'uura tumaalee SDFY Kwt 149tiin kenuun guduunfama. Mirgi haqa argachuu lammilee kun sadarkaa mana murtii dhimmi dhiyaatee itti ilaallamee qofaatti daangeffamee kan hafuu miti. Manni murtii dhimmicha irratti walfalmisiisaa ture murtee dhumaan kenuudhaan erga falmii yakkaa guduunfee boodas mirga itti fufuu danda'uudha. Manni murtii aangoo sadarkaa jalqabaatiin himannaayakkaa falmisiisaa ture murtee kenne irratti falmattoota keessaa qaamni tokko ykn lameenuu itti quufinsa dhabuu ni danda'u. Kana jechuun qaamni ajaja ykn murtee sadarkaa mana murtii garjalaatiin kennametti hin quufin tokko garagalcha murtee kennamee irratti qabxiilee komii isaa ta'an tarreessuudhaan gara mana murtii aangoo qabuutti akka irra deebi'amee ilaallamuuf dhiyeefachuuuf mirga qaba.

Heeri mootummaa RDFI sadarkaa Federaalaattis ta'ee Bulchiinsa Mootummoota Naannooleetti caaseffamni Manneen murtii sadarkaa sadiitti gurmeesseera. Isaanis: mana murtii aanaa (Sadarkaa jalqabaa), Mana Murtii Olaanaa fi Mana Murtii Waliigalaa jedhamuun kan maqeeffaman yoo ta'u Manni Murtii Waliigalaa kan Mootummaa Federaalaas ta'e kan naannolee dhaddacha idileetin alatti dhimma dogoggora seeraa kan bu'uura akka ilaaluuf dhaddacha ijibbaataa hammachuudhaan gurmaa'aniiru.

Caasseffamni mana murtii jalaa olee (vertical) kun qoodiinsa aangoo hundee dubbii qofaaf otuu hin taane sirna oliyyannoonttu itti keessummaa'u kan diriirseera dha. Murtiin mana murtii jalaatiin kennname abbaa alangaatiin ykn himatamaadhaan oliyyatamuu kan danda'u yoo ta'u. Bu'uura Heera Mootummaa RDFI kw. 20(6) tin murtii yakkaa kennname tokko irratti oliyyannoo fudhachuun mirga himatamaa gochuun yoo tumu labsiin MHAAWO immoo murtii mana murtii tokkoon kennname irratti komii yoo qabaate abbaan alangaa oliyyannoo fudhachuun aangoofi itti gaafatamummaa abbaa alangaa gochuun tumeera.¹⁰⁹ Himatamaan mirgasaa murtee dogongoraatiin dhiibamee ture sirreessisuuf oliyyata yoo gaafatu, abbaan alangaa immoo dantaa ummataa kabachiisuuf oliyyata kan gaafatu ta'a.

¹⁰⁹ Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 214/2011, kw. 7(27)

Boqonnaa kana jalatti dhimma oliyyannoo murtii yakkaatiin wal qabatee dhimmoota oliyyannoona irratti hin gaafatamne, qaphxiilee komiin oliyyannoo hammachuu qabu, haala dhagahaan falmii oliyyannoo dhimma yakkaa gaggeeffamu, waa'ee darbiinsa yeroo fi murtiilee mana murtii oliyyannoo dhagahuun kennamuu danda'aan kan ilaallu ta'a. Waa'een aangoo manneen murtii barruu jalqabaa keessatti ilaalamee kan jiru waan ta'eef boqonnaa kana jalatti kaasuun otuu hin barbaachisiin sirna oliyyannoo qofa irratti xiyyeffatameera.

Xumura leenjii boqonnaa kanaa irratti leenjifamtootni:

- Qabiyyee komii oliyyannoo irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu
- Darbiinsa yeroo mirga oliyyannoo irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Haala falmiin oliyyannoo taassifamu irratti hubannoo fi dandeetti isaanii ni gabbifatu
- Qabiyyee fi haala keenniinsa murtii mana murtii oliyyannoo dhagahuun kennamu ilaalchisee hubannoo fi dandeettii isaanii ni gabbifatu.
- Falmii oliyyannoo dhimma yakkaa keessatti bu'aa hafiinsa wal falmiitootaa irratti hubannoo dabalataa ni argatu.

3.1. Qabiyyewwan Komii Oliyyannoo

Komiin gara mana murtii oliyyata dhagahuutti qaama murtee kennametti hin quufiniin dhiyaatu tokko garagalcha murtee komatamu, qabxiilee sababoota komii ta'anii fi furmaata qaamni komii dhiyeeffate barbaadu kan guuttate ta'uu qaba.¹¹⁰ Oliyyannoona kan qophaa'u barreeffamaan ta'ee lakkofsa galmees murteen isaa komatamuu, maqaa fi teessoo mana murtii oliyyata dhagahuu, nama oliyyata gaafatee fi deebii kennaa waamamuu kan ibsu ta'uu qaba. Komiin dhiyaatus yaada gabaabbatee cuunfameen ijoo falmii mana murtii dakaatti geggeeffamee, murteen kenname maal akka ta'ee fi komiin oliyyataan qabu tokko tokkoon tarreeffamee ibsamuu qaba. Xumura irratti nama oliyyata gaafateen mallatteeffamuu, chaappaa mana murtii dakatti dhimmicha murteesseetiin mirkanaa'u fi xalaa geggeessituu isaaniitiin bahii ta'uu qaba.

Himatamaan murtii balleessummaa fi hanga adabbii irratti oliyyachuu yoo danda'u murtii balleessummaa jecha amantaa himatamaa irratti hundaa'uun bu'uura SDFY kw. 134(1) kenname irratti garuu, yoo hangaa fi seerummaa adabbii qofa ta'een, alatti oliyyachuu hin danda'u.¹¹¹

¹¹⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 189(1)

¹¹¹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 185(1)

Abbaan alangaas murtee bilisaan geggeeffamuu ykn yeroof gadi lakkifamuu himatamaa ykn gahaa tahuu dhabuu hanga adabbii irratti oliyyannoo fudhachuu akka danda'u SDFY kw. 185(2) kaa'eera.

SDFY sirna oliyyannoo diriirsun alatti otuu murtiin dhuma hin kennamiin dura ajajoota muraasa irratti oliyyannoo fudhachuun akka hin danda'ame kaa'eera. Ajajootni ykn jala murtiileen kunis: jijiirraa beellamaa kennuu fi dhiisuu, mormii sadarkaa duraa fi fudhatamummaa ragaa faana kan walqabatanii dha.¹¹² Ajajoota kana murtiin dhuma kennamuun dura oliyyatni kan irratti hin gaafatamne haa ta'u malee erga murtiin dhuma kennameen boodatti murtii balleessummaa ykn murtii bilisaa ilaachisee oliyyannoo fudhatamu keessatti qaphxii komii oliyyannoo ta'ee dhiyaachuu ni danda'a.

Waliitti qabuudhaaf, himatamaan bilisa yoo bahe ykn yoo gadi lakkifame, Keewwata gadaanaa jalatti balleessaa yoo taasifame, adabbiin murtaa'e yoo gar-malee xiqlaate, bu'uura seeraa malee adabbiin kennamee yoo daangeffame fi hanqinoonni biroo yoo mul'atan abbaan alangaa oliyyata gaafachuu ni danda'a. Himatamaanis gama isaatiin, murtee balleessummaa ykn murtee adabbii kennamee ykn lameenuu irratti oliyyachuuuf mirga qaba.

Qaphxii Marii

1. Sababootni oliyyannoo SDFY kw. 185 jala kaa'aman duguugamanii kaa'aman (exhaustively) jechuu dandeenyaa? Moo kanneenn biroo hafan caqasuun danda'ama?

3.2. Darbiinsa Yeroo Oliyyannoo

Darbiinsi yeroo haallan mirga oliyyatanii falmachuu daangessuu danda'an keessaa isa tokko. Namni murtee yakkaa kennamee irraa komii qabu tokko yoom irraa jalqabee hanga yoomiitti oliyyata isaa dhiyeeffachuu akka danda'u tumaaleen SDFY ifatti daangessanii jiru. Daangaan yeroo keessummeessa oliyyannoo inni duraa gaafa murteen xumuraa kennamee kaasee laakka'ama. Kan ittaanu gaafa garagalchi falmataa quuqama qabu harka seene irraa laakka'amuu jalqaba. Inni 3^{ffaa} immoo guyyaa komiin qophaa'e ofisara seeraa dhaqqabe irraa laakka'ama. Murtee Dhaddacha yakkaatiin kenname tokko irratti qaamni komii qabu kamiyyuu oliyyata kan gaafatu ta'uu mana murtii dhimmicha murteesseef ibsuudhaan guyyoota 15 keessatti garagalcha

¹¹² Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 184(C)

murtee komatamu sanaa gaafachuu qaba.¹¹³ Manni murtii garagalcha gaafatames osoo hin tursiisin guyyaa qaama gaafateef kenne irratti barreessuudhaan oliyyataa dhaqqabsuu qaba. Garagalchi kennamee nama komii qabu harka ykn abukaatoo isaa dhaqqabee ykn mana sirreessaa komataan keessa jiru bira gahee guyyaa 30 keessatti komiin itti qophaa'ee mana murtii jalqaba dhimmicha murteesetti deebi'uu qaba.¹¹⁴ Ofisarri seeraa mana murtii iyyata garagalchi ittiin gaafatame, komii qophaa'e, murtee balaaleffatamee fi ragaa barbaachisu faana walqabsiisuudhaan gaafa harkasaa seenee jalqabee guyyaa 15 keessatti mana murtii oliyyata dhagahutti dhaqqabsuu qaba.¹¹⁵

Daangaa yeroo mirga oliyyannootti fayyadamuuf seerri murteesse keessatti qaamni komii qabu oliyyata isaa osoo hin gaafatin ykn komii isaa qopheessee osoo hin dhiyeeffatin yoo yeroon irra darbe hayyamsiisa gaafachuu qaba.¹¹⁶ Manni murtii oliyyata dhagahus yeroon oliyyata gaafachuu kan irra darbe dogongora nama komii qabuutiin yoo hin taane fi sababa gaha qaamni hayyamsiisa gaafatu dhiyeeffate madaaluudhaan oliyyanni guyyaa murtaa'e keessatti akka dhiyeeffatu hayyamuu ni danda'a. Sababni hayyamsiisaa gaafachuuf gahaadha kan jedhamu harkifannaan darbiinsa yeroo kan uumame badii qaama komii qabuutiin osoo hin taane rakkoo inni too'achuu hin dandeenye irraa sababa madde yoo ta'eedha.

Seerota daangaa yeroo oliyyataa murteessan kanneen akkaataan abbootiin seeraa itti hiikan fi hojiirra itti oolchan iftoominaa fi walfakkeenyaa hin qabu. Seerichi garuu yeroo mirga oliyyanno bakka saditti adda quodee ramadee jira. Yeroowwan sadeenuu kophaa kophaa waan dhaabbataniif, of danda'anii hiikkamuu qabu. Isaanis:-

1. Namni komii qabu gaafa murteen kennamee irraa eegalee guyyaa 15 keessatti fedhii oliyyata gaafachuu akka qabu iyyata barreessee ykn uunkaa manni murtii qopheesee guutee garagalcha murtee gaafachuu qaba. Torbee lama keessatti qaamni komii qabu iyyata garagalcha murtee ittiin gaafatu hin dhiyeeffatu taanaan guyyaa kana booda mirgasaa gaafachuu hin danda'u. SDFY Kwt 187(1)
2. Qaamni oliyyata fudhachuu barbaadu garagalchi murtee inni komatee guyyaa harka isaa seenee jalqabee bultii 30 keessatti komii isaa qopheessuudhan gara mana murtii dhimmicha

¹¹³Seera Deemmii Falmii Yakkaa Keewwata 187(1)

¹¹⁴Seera Deemmii Falmii Yakkaa Keewwata 187(2)

¹¹⁵Seera Deemmii Falmii Yakkaa Keewwata 190(1)

¹¹⁶Seera Deemmii Falmii Yakkaa Keewwata 191(1)

ilaalee murteesseetti ykn bakka garagalcha irraa fudhateetti deebisuu qaba. SDFY Kwt 187(2)

3. Manni murtii dhimmicha aangoo sadarkaa jalqabaatiin ilaalee murtee kenne guyyaa komiin qophaa'ee isa dhaqqabee eegalee bultii 15 keessatti mana murtii oliyyata dhagahu bira geessuu qaba. SDFY Keewwata 190(1)

Gabaabinatti, darbiinsi yeroo lameen duraa qaama oliyyata gaafatuun kan walqabatan ta'ee sababni yeroon irra darbeef rakkoo humnaa olii too'annoo abbaa dhimmaatiin ala ta'e tilmaama keessa galchuu gaafatu. Inni 3^{ffaa}n oliyyanni mana murtii oliyyata dhagahu osoo hin dhaqqabin kan hafe dogongora hojjettoota mana murtii dhimmicha ilaala turaniin raawwatamu tilmaama keessa kan galchuudha. Sababa too'annoo abbaa dhimmaatii ol ta'ee fi badii mana murtii dakaa faana walqabatu bakka jirutti hayyamsiisa osoo hin gaafatin yeroo Seerri Deemmii Falmii Yakkaa daangesseen alatti mirgi oliyyannootti fayyadamuun hin danda'amu.

3.3. Sirna dhagahaa oliyyanno fi Bu'aa Hafiinsa Wal falmitootaa

Bu'uura SDFY kw. 192 tin manni murtii oliyyannoontiit itti fudhatame akkuma komii abbaa dhimmaa simateen dhagaha dhimma oliyyannoootiif beellama kenna jechuun tumeera. Guyyaa dhagahaa kanatti bitaa mirgi kan argaman yoo ta'u manni murtii kun guyyaa beellamaa kanatti galmee qoratee galmee keessa seenanii ilaaluuf sababa gahaa hin arganne yoo ta'e oliyyanno dhiyaate kufaa akka taassisu SDFY kw. 195(1) irraa ni hubatama. Bu'uura tumaa keewwattoota kanaatiin otuu deebii kennaa hin waamiin dura galmeen oliyyanno qoratamee keessa seenuun kan hin barbaachifne yoo ta'e cufuun kan danda'amu miti. Haa ta'u malee, hanga galmee keessa seenanii ilaaluuf sababni gahaa jiraachuun otuu hin qulqulleessiin deebii kennaa waamuun barbaachisummaa waan hin qabneef tumaan seeraa kun hojimaataan fooyya'ee manneen murtii kessatti oliyyanno erga dhiyaate booda deebii kennan kan waamamu erga galmee keessa seenanii ilaaluuf sababni jiraachuun erga mirkanaa'eeyyi. Sababni galmee keessa seenanii ilaaluuf dandeessisu manni murtii hin arganne taanaan otuma deebii kennaa hin waamiin bu'uura SDFY kw. 195(1) oliyyanno dhiyaate kufaa gochuuto jira.

Galmeek keessa seenanii falmii dhagahuuf sababni oggaa jiruutti manni murtii waraqaa waamichaa fi garagaralcha komii oliyyanno deebii kennaa qaqqabsiisuun guyyaa dhagahaatti ni beellama. Guyyaa kanattis falmiin afaanii kan gaggeeffamu yoo ta'u oliyyataan komii isaa

afaaniin dhiyeessee, itti fufuun deebii kennaan deebii isaa afaanii kennee dhuma irratti oliyyataan yaada guduunfaa isaa afaanii dhiyeessa.¹¹⁷

Guyyaa dhagahaa kanatti, waamichi isa dhaqqabee osoo quba qabuu beellama irraa kan hafe deebii kennaa yoo ta'e, gosti yakkaa irratti falmamaa turee fi adabbii yakkichi hordofsiisu tilmaama keessa galchuun osoo hin barbaachisin bakka inni hin jirretti dhimmichi ilaallamee murtee argata.¹¹⁸ Oliyyataan guyyaa dhagaha dhimma oliyyannootiif qabame osoo beekuu dhimma ofiif komatee dhiyeeffate irraa yoo hafe, oliyyanni isaa ni haqama. Oliyyataan ykn abukaatoon isaa hafiinsaan walqabatee oliyyanni isaa jalaa haqame sababa humnaa ol ta'een beellama irraa hafuu yoo mirkaneesse galmeen cufamee ture dhaddacha irratti deebi'ee socho'uu ni danda'a.¹¹⁹ Haaluma kanaan falmiinis kan itti fufu ta'a.

Qaphxii marii

1. Ol-iyyataan sababa quubsaan falmii irraa hafee galmeen isaa cufame yeroo hammamii keessatti galmeen isaa akka socho'uuf gaafachuu danda'a?
2. Deebii kennaan himatamaa mana murtii jalaa ta'ee oggaa jiruutti guyyaa dhagahaa waraqaan waamichaa isa qaqqabee kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka inni hin jirreetti dhagahaa itti fufuun murtii kennamuu akka danda'u SDFY tumee jira. Adeemsi kun deemsa dhagahaa mana murtii jalaa irraa adda tahuun maaliif barbaachise?

3.4. Aangoo Mana Murtii Oliyyata Dhagahuu

Manni murtii dhagahaa falmii oliyyannoo erga gaggeesseen booda murtiilee garagaraa kennuu danda'a. Kan oliyyatame gadi lakkifamuu ykn bilisaan gaggeeffamuu himatamaa irratti yoo ta'e manni murtii oliyyannoo dhagahu dhagahaan dhimma yakkaa mana murtii aangoo qabuutii akka gaggeefamuuf ajaja kennuu ykn himatamaa bilisaan gaggeeffame irratti murtii balleessummaa kennuuudhaan adabbii kennuu danda'a.¹²⁰ Kan oliyyatame murtii balleessummaa fi adabbii kennameerratti oggaa ta'e manni murtii oliyyata dhagahaa jiru murtii balleessummaa fi adabbii haqee himatamaa bilisaan gaggeessuuf ykn murtii balleessummaa jijjiiruudhaan ykn otuu hin

¹¹⁷ Seera Deemsa falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 192

¹¹⁸ Seera Deemmi Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 193 (2)

¹¹⁹ Seera Deemmi Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 193(1)

¹²⁰ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 195(2)(a)

jijiiriin hanga adabbii cimsuu ykn hir'isuuf ykn dabaluuf aangoo qaba.¹²¹ Kan oliyyatni fudhatame murtii balleessummaa qofa irratti oggaa tahee murtii balleessummaa diiguun himatamaa bilisaan gaggeessuu kan danda'u yoo ta'u oliyyatni fudhatame garuu hanga adabbii qofa irratti yoo ta'e hanga adabbii cimsuuf, dabaluuf ykn hir'suuf aangoo qaba.¹²² Oliyyannoonaan kan fudhatame hanga adabbi otuu hin dabalatiin murtii balleessummaa qofa irratti oggaa ta'eetti manni murtii murtii balleessummaa erga cimseen boodatti adabbii ilaachisee hir'isuu ykn dabaluu danda'a kan jedhu falmii hojimaata keessatti mul'ataa ture yoo ta'ees murtii MMWF Dh/Ijibbaataa galmee lakk. 48617 irratti kenneen manni murtii oliyyannoo dhagahe murtii adabbii hir'isuus tahe dabaluu akka hin dandeenye kaa'eera.¹²³

Dhimmi biraahaa dhagahaan oliyyannoootin wal qabatee ka'u dhimma ragaa dabalataa dhagahuuti. Bu'uura SDFY kw. 194 tin manni murtii oliyyannoo dhagahaan jiru ragaa dabalataa dhagahuun barbaachisaa ta'ee oggaa itti mul'ateetti sababa barbaachiseef ibsuun ragaa dabalataa dhagahuu akka danda'u ni kaa'a. Ragaan fudhatame kunis akka waan mana murtii jalaatti fudhatameetti ilaalamta. Hojimaata kanaan dura tureen manni murtii oliyyannoo dhagahu ragaa dabalataa ofii kan dhagahu akka danda'u ifatti kaa'amuus mana murtii jalaa murtii jalqabaa kenneen ragaa dabalataa akka dhagahu ajajuu danda'aa moo miti kan jedhu falmii yoo kaasu ni mul'ata. Yoo danda'a ta'e ragoota dhagahaamuu qaban ofif adda baasee kaa'a moo barbaachisummaa ragaa dabalataa dhagahuu qofa kaa'uun ragoota waamamuu qaban garuu mana murtii jalaatiif dhiisaa kan jedhu qaphxii falmii ogeessota biratti ka'uu dha. Leenjifamtootni yaada kana irratti mari'adhaa.

Tumaa SDFY kw. 194 irraa hubatamuu kan danda'u inni jalqabaa ragaan dhagahaamuu ragaa dabalataati malee ragaa duraan dhagahame akka hin taanee dha. Firiin dubbii dabalataan qulqulla'u jira taanaan garuu manni murtii oliyyannoo dhagahu ijoo dubbii kana irratti ragootni duraanii deebi'anii jecha ragaa akka kennaniif ajajuu danda'a kan jedhu ifatti tumamee hin jiru. Ajaja bifaa kanaan kennamu irratti yaadni keessan maal ta'a? Mari'adhaa.

Qaphxii marii

1. Murtiin dhimma yakkaa marsaa meeqaaf oliyyatamuu danda'aa?

¹²¹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 195(2)(b)

¹²² Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa kw. 195(2)(c-d)

¹²³ Tasfaayee Adalaa Vs AA Federaalaa, lakk. galmeek 48617, jildii 10, gaafa 02/10/2002 murtaa'e

Dhimma 9: dhimmi kun MMWF Dh/ijibbattaa galmee lakk. 127484¹²⁴ kan kenname yoo ta'u AA federaalaa SY kw. 32(1)a fi kw. 676(1) caqasuun oliyyataan ammaa bara 2004-2005 ALI tti Mana Amantaa Ortoodokisii Itiyoophiyaa Lidataa Mariyaamitti hojjataa herreegaa tahuun oggaa hojjataniitti himatamaa 1^{ffa}a mana murtii jalaa waliin tahuun qarshii 689,688.34 (kuma dhibba jahaa fi saddeetamii sagalii fi dhibba jahaa fi saddeetamii saddeetii fi saantima soddomii afur) hir'isanii jiru jechuun yakka amantaa hir'isuu cimaatiin himateera. Manni murtii jalqabatti falmii dhagahe Mana murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa yoo ta'u ragaa abbaa alangaa erga dhagaheen boodatti keewwata himanni itti dhiyaate jijiiruun SY kw. 675(1) ragaa ittisaa erga dhagaheen boodatti murtii balleessummaa oliyyataa ammaa fi himatamamaa 1^{ffa}a hidhaa salphaa waggaa tokkoo fi ji'a saddeetii adabeera.

Oliyyataan odiitii kan gaggeeffame otuun ani raawwachiiftuu filannoo biyyoolleessaa tahee tajaajilaa tureetti bakka ani hin jirreetti waan taheef fudhatama hin qabaatu jechuun mana murtii jalaatti falmaa kan ture yoo ta'u firii dubbii kana kaasuudhaan mana murtii olaanaa federaalaatti oliyyateera. Manni murtii oliyyannoo dhagahees oggaa hojiin odiitii gaggeeffamutti oliyyataan ammaa hojii filannoo biyyoolleessaa waliin wal qabatuutti ramadamee hojjataa kan turee fi odiitiin taassifamees bakka inni hin jirreetti tahuu mirkaneesseera. Itti aansuudhaanis himannaan abbaa alangaas ta'e murtiin mana murtii jalaa caalmaatti bu'aa odiitii kanaa irratti kan hundaa'ee tahee otuu jiruu bu'aa odiitii bakka himatamaan hin jirreetti taassifame irratti hundaa'uun murtii kennname sirrii miti jechuun murtii kana erga haqeen booda bakka oliyyataan ammaa jiruutti odiitiin qaama gartummaa irraa bilisa taheen erga taassifameen boodatti bu'aa sana irratti hundaa'uun manni murtii jalaa murtii itti fakkaate haa kenu jechuudhaan falmicha gara mana murtii jalqabaatti deebiseera.

Oliyyataan ammaa murtiin mana mana murtii olaanaatin kenname aangoo mana murtii oliyyata dhagahuu jechuun tumaa SDFY kw. 195(2)(b) jalatti kaa'ame kan faalleessuu dha jechuun iyyata isaa MMWF Dh/ijibbaataatti dhiyeesseera. Falmii isaa yoo cimsuus bu'uura SDFY kw. 195(2)(b) tin manni murtii oliyyata dhagahu yeroo murtii balleessummaa haqeetti itti fufuun raawwachuu kan qabu oliyyataa bilisaan gageessuu dha jedha. Seerri kun haala ifa taheen oliyyataan bilisaan gaggeeffamuu akka qabu kaahee otuu jiruu murtii balleessummaa

¹²⁴ Tasfaayee Baqqala Vs AAF, MMWF Dh/Ij, , Jildii 22, lakk. Galmee, 127484: gaafa 23/01/2010

haquudhaan ragaan akka dhagahamuuf falmicha mana murtii jalaatti deebisuun dogoggora seeraa bu'uuraa mana murtii olaanaatiin raawwatamee dha jechuun falmii isaa cimseera.

Gaaffii marii

1. Murtii MMO fi falmii oliyyataa ammaa qixa tumaa SDFY kw. 195(2)(b), kw. 194 fi 143 tin akkamitti ilaaltu? Irratti mari'adhaa.
2. Manni murtii olaanaa murtii kenname diiguudhaan ragaan odiitii irra deebiin bakka oliyataan jiruutti gaggeeffamee bu'aan akka dhiyaatu gochuun murtii itti fakkaate kennuf deemsi dhorku jiraa? Otuuakkana taassise mirga oliyyannoo oliyyataa ni dhiphisa jechuu dandeenyaa?

3.5. Gaaffii Mirga Wabii Keessummeessuu fi Ajaja dhoorkii kennuu

Wabii waamanii too'anno jalaa gadi lakkifamuun mirga bu'uuraa namoota shakkamanii fi himatamanii qofaa miti. Sadarkaa mana murtii oliyyata dhagahuuttis, namni gocha yakkaatiif adabamee komii oliyyannoo dhiyeeffate tokko fayyadamaa mirga wabii ta'uu ni danda'a. Kanaafuu, namni gocha yakkaa raawwachuun himatamee adabame tokko oliyyata gaafatee hanga dhimmi isaa ilaallamee murtaa'utti mirgi wabii akka isaaf hayyamamu iyyachuu mirga qaba.¹²⁵ Manni murtii oliyyata dhagahus oliyyataaf mirga wabii kan eegu yoo ta'e, raawwiin adabbii yakkaa kan turu ta'a.¹²⁶ Oliyyataan dhimma yakkaatiif adabame tokko mirga wabiitiin bahuu fi alaa deddeebi'aa dhimma falmachuuf mirga qaba. Mirgi wabii akkaataa kanaan hayyamamu faayidaa hedduu qaba. Bilisummaa oliyyataa mirkaneessuu olitti nama dogongoraan mana murtii jalaatti adabamee ture fi mana murtii oliyyata dhagahuun carraa bilisa bahuu qabu sababa hidhamuu isaatiif miidhaa gahuu danda'u hambisa.

Bu'uura SDFY kw. 188 tin namni mirga wabii tumame kanatti fayyadamaa ta'uu danda'u: nama murtee balleessummaa argatee, murtee kennamee balaaleffatee oliyyata gaafatee fi hanga dhimmi isaa ilaallamee murtaa'utti iyyata mirga wabii fi tursiisa raawwii adabbii nama gaafate tahuu qaba.

¹²⁵Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 188(2)

¹²⁶Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa Kw. 188(5)

Qaphxii marii

1. Manni murtii iyyata dhorkaa fi mirga wabii dhiyaate irratti murtee kennuuf maal irratti hundaa'uu danda'aa?

3.6. Iyyata Ijibbaataa

Murteen dhumaa tokko Dhaddacha Ijibbaataatiin keessa deebi'amee kan ilaallamu hiikkoo seeraa irratti dogongora bu'uuraa yoo qabaateedha. Dogongorri hiikkoo seeraa xixiqaan sababa iyyata ijibbaataa ta'uu hin danda'u.

Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojii manneen murtii Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin kw. 27 tin murtiin dhumaa tokko '*dogoggora bu'uuraa seeraa*'qaba kan jedhamu, murtichi: Dogoggora hiikaa seera yookiin duudhaa seeraa yoo qabaate, yookiin seera ifatti tumame cabsee yoo argamee fi dhiibbaa hin malle mirga namaa yookiin sirna seeraa irratti kan hordofsiise yoo ta'e; yookiin seeraan ala bilisummaa fi mirga namoomaa bu'uuraa kan dhabsiise yookiin kan dhiphise yoo ta'e; yookiin gar-malee haqa kan jallise yookiin dhabamsiise yoo ta'e jechuun kaa'eera.

Dabalataanis, dhimmoonni dhaddacha Ijibbaataatti dhiyaachuu hin dandeenye jechuun labsiin kaa'ee jira. Dhimootni kunneenis: dhimmoota bu'uura Heeraa Federaalaa fi seera birootiin addatti Manneen Murtii Federaalaatiif kennaman; yookiin dhimmoota Naannoo murtii dhumaa hin arganne; yookiin murtii yakka dambii darbuun walqabate yookin murtii dogoggora firii dubbii kamiyyuu, yookiin dogoggora yookiin hir'ina ragaa fuudhuu yookiin madaaluu irratti raawwatame.¹²⁷ Kanaan alatti, ulaagaa dhimmoonni ijibbaataaf dhiyaatan guutuu qaban Dhaddacha Ijibbaataa, Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa dabalatee kan abbootiin seeraa Mana Murtii Waliigalaa yoo xiqaate torba itti moggaafaman, itti dabaluu ni danda'a jechuun labsiichi tumeera.¹²⁸

Iyyanni Dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaatu murtiin dhumaa dogoggora bu'uura seeraa qaba jedhame dogoggorichi maal akka ta'e yookiin murtichi maaliif dogoggora seera bu'uura qaba akka jedhame ifaatti barreessee waraabbi murtii dhumaa fi waraabbi murtii jalaa waliin

¹²⁷ Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojii MM Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin kw. 26(3)

¹²⁸ Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojii MM Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin kw. 26(4)

dhiyaachuu qaba.¹²⁹ Iyyanni tokko Dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'u murtiin dhumaan guyyaa kenname irraa eegalee guyyoota walitti aanan **60**(jaahatama) keessatti yoo dhiyaate qofaa dha.¹³⁰

Qaphxii marii

1. Murtii yakkaa dambii darbuu dhaddacha ijibbaataatti akka hin dhiyaanne dhorkamuu isaa qixa mirga himatamaan Heera Mootummaa RDFI kw. 20(6) jalatti qabuun akkamitti ilaaltan?
2. Hiikkoon dhadhacha ijibbaataa MMWGO kenu dirqiiisaa kan ta'u murtii Pirezidantii fi I/A/Pirezidantiin Mana murtichaa keeessatti hirmaatan qofa akka ta'e labsichi ni kaa'a. Barbaachisummaa ulaagaa kanaa fi sirrummaa isaa akkamitti ilaaltu?
3. Tumaawan Yakkaa Sadarkaa Naannootti aangoo naanno jalatti bahaan ilaalchisee murtiin dhaddacha ijibbaataa MMWO kenu irratti oliyyanni MMWF Dh/Ijibbaataaf dhiyaachuu danda'aa? Heera Mootummaa RDFI kw. 80(3) fi labsii aangoo MM Oromiyaa murteessuf bahe lakk. 216/2011 kw. 25(1) waliin ilaala.

Dhimma 10: Dhimmi kun MMWO dh/Ijibbaataatti¹³¹ kan ilaalamo yoo ta'u seenaan falmiicha abbaan Alangaa Aanaa Aqaqii himatamtoota Asmaarawu Inniyewu faa namoota lama irratti himata dhiyeesseen, himatamtootni SY bara 1996 bahe kwt 32(1a) fi Labsii Bosona Mootummaa Naanno Oromiyaa Lakk 72/1995 kwt 15(1) irra darbuun cilee baay'inni isaa kuntaala 159 ta'e fe'anii Magaalaa Dukam keessa osoo socho'aa jiranii harkaa fi harkatti waan qabamaniif yakka cilee seeraan ala geejjibsiiusu raawwataniiru jechuun himateera. Abbaan alangaa himata hundeesse kana ragaa dhiyeessuun kan mirkanesse yoo ta'u, himatamtootni ragaa faccisaa hin qabnu waan jedhaniif manni murtii himatamtoota gocha bu'aa bosonaa seeraa ala naannessuu raawwataniiru jechuun bu'uura Labsii Bosona Mootummaa Naanno Oromiyaa Lakk 72/1995 kwt 15(1) tokkoon tokkoo isaanii hidhaa cimaa wagga shaniitiin adabeera.

Himatamtootni murtii Manni Murtii Aanaa murteesse komachuudhaan Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti ol'iyyannoo dhiyeeffataniiru. Manni Murtii Godinaa sunis ol'iyyannoo sana dhiyeessisuun falmii erga gaggessee booda murtiin

¹²⁹ Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojji MM Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin kw. 27(1)

¹³⁰ Bu'uura Labsii gurmaa'insa, aangoo fi hojji MM Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 216/201tin kw. 27(2)

¹³¹ Abbaa Alangaa Waliigalaa vs. Asmarawu Inniyewu fi Indaalee Yaaqub, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmeed lakk 303547, gaafa 11/02/2012 murtaa'e

balleessummaa kennname dogoggora hin qabu jechuun cimseera; adabbii kennname garuu fooyyessuun waamamaa 1^{ffa}a hidhaa cimaa waggaa sadii fi baatii torbaan, akkasumas himatamaa 2^{ffa}a ammoo hidhaa cimaa waggaa afuriitiin adabeera. Murtiiwan Mana Murtii Aanaa fi Godinaatiin kennaman dogoggora qabu jechuun, ol'iyyattootni Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa Giddugaleessaatti komii ol'iyyannoo isaanii dhiyeeffataniiru. Manni Murtii Waliigalaa kun ol'iyyaata dhiyaate ni dhiyeessisa jechuun komii fi falmii bitaa-mirgaa dhagahuun gochi ol'iyyattootni raawwatan Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk 72/1995 jalatti osoo hin taane Labsii Misooma, Eegumsaa fi Itti-fayyadama Bosona Mootummaa Federaalaa lakk 1065/2010 kwt 26(1) jalatti kan adabsiisuudha jechuun murtiiwan manneen murtii gadiitiin kennaman fooyyessuun tokkoon tokkoo ol'iyyattootaa hidhaa cimaa waggaa tokkoo fi adabbii maallaqaa qarshii 2000 (kuma lamaan) adabeera.

Abbaan Alangaa Waliigalaa Oromiyaa murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa Giddugaleessaan kennname kun dogoggora seeraa bu'uraa kan qabudha jechuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatti ol'iyyannoo dhiyesseera. Dhaddachi Ijibbaataa dhimmichi dhaddacha sanaaf akka dhiyatut gochuun wal-falmitootni dhiyaatanii akka wal-falman erga taasisee booda ijoo falmii, ‘Dhimma yakkaa waamamtootni itti himatamanii fi balleessaa yakkaa qabu itti jedhaman irratti tumaan seeraa raawwatiinsa qabu tumaa Labsii Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 72/1995 kwt 15(1) moo tumaa Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa lakk 1065/2010 kwt 26(1)?’ jedhu qabachuun tumaalee heeraa fi seera biyya keenyaa bu'uura godhachuun dhimmicha xiinxaleera.

Haaluma sanaan, Dhaddachi Ijibbaataa xiinxala taasiseen aango seera yakkaa tumuu kan qabu Mootummaa Federaalaa ta'uu fi dhimmoota yakkaa haguuggii seeraa hin arganne irratti ammoo Mootummaan Naannoo seera yakkaa tumuu akka danda'u Heerri Mootummaa RDFI tumee akka jiru ibseera. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt 49(3a) Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa seera Mootummaan Federaalaa tumuu wajjiin seera wal hin faallessine qofa baasuu akka qabu tumee akka jiru akeekeera. Dhimmi yakkaa falmii kaase kun Labsii Bosona Mootummaa Federaalaa lakk 1065/2010 kwt 26(1) tiin haguuggii guutuu dhimma argate ta'ee osoo jiruu Labsiin Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 72/1995 kwt 15(1) raawwatiinsa hin qabaatu jechuudhaan murteesseera. Murtii balleessummaa fi adabbii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa Giddugaleessaa dhimma harkaa qabnu kana irratti murteesse sagalee guutuudhaan cimseera. Itti-fufuun, hiikoo seeraa dhimma kana irratti

kennname bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Lakk 216/2011 kwt 29(1)tiin manneen murtii Naannoo Oromiyaa hundi hubatanii akka ittiin hojjetaniif akka beeksifamu Dhaddachi Ijibbaataa kun ajaja dabarseera.

Gaaffii marii

1. Murtii MMWO Dh/ijibbaataa keessatti ijoo seeraa ‘Labsii Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 72/1995 kwt 15(1) moo tumaa Labsii Bosonaa Mootummaa Federaalaa lakk 1065/2010 kwt 26(1)?’ jedhu ogeessoonti tokko tokko hiika Heeraa kan barbaadu ta’uu ibsuun gaaffii hiikoo heeraa Mana Maree Federeeshiniif dhiyaachuu qaba ture yoo jedhan ogeessoonti biroo manni murtii hiikoon kenne hiikoo seeraati. Seera hiikuun immoo aangoo uumamaa mana murtii waan ta’eef xiinxalli gaggeeffame, murtii fi ajajni kennname sirrii akka ta’e ibsu. Isin kana irratti maal jettu? Mari’adhaa.